INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QO'ANNOO SEERAA OROMIYAA

Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Seeraa Oromiyaa: Barbaachisummaa fi Raawwii Isaa

Qopheessaan:- Tafarii Baqqalaa Ayyaanaa

Ebla 2002

ILQSO

Adaamaa

B a a f a t a

Mata Dure **Fuula**

Boqonnaa Tokko

Seensa

1.1. .....

Durduuba 1

1.2. .....Y

aada Ka'umsaa 3

1.3. .....K

aayyoo 5

1.4. .....M

ala 6

1.5. .....G

aaffilee Qo'annoo 7

1.6. .....F

aayidaa 7

1.7. .....D

aangaa 8

1.8. .....H

ir'ina 8

1.9. .....G

urmaa'ina 8

Boqonnaa Lama

Madaallii Raawwii Hojii: Waliigala

2.1. .....

Maalummaa fi Seenaa Guddinaa 10

2.1.1. .....M

aalummaa 10

2.1.2. .....S
eenaa Guddinaa 11
2.2. .....
Faayidaa Inni Qabu 14
2.3. .....
Rakkoowwan Mul'atan 16
2.4. .....
Eenyu, Yoomii fi Ulaagaa Maaliin Akka Geggeeffamu 18
2.4.1. .....E
enyuun Akka Geggeeffamu 19
2.4.2. .....Y
oom Akka Geggeeffamu 23
2.4.3. .....U
laagaa Maaliin Akka Geggeeffamu 24
2.5. .....T
ooftaa Itti Geggeeffamu 25
2.5.1. .....T
ooftaalee Madaallii Raawwii Hojii Durii 25
a) .....T
ooftaa Madaallii Diriiraa 26
b) .....T
ooftaa Sadarkeessuu 29
c) .....T
ooftaa Cheeklistii 31
d) .....T
ooftaa Barreeffama Ibsaa 36
e) .....T
ooftaa Akka Tasa Madaaluu 37
2.5.2. .....T
ooftaalee Madaallii Raawwii Hojii Amayyaa 38
a) .....T
ooftaa Bu'aa Hojii Irratti Hundaa'e 38

b) ....T
ooftaa BARS.... 41
2.6. ....A
maloota Sirna Madaallii Raawwii Hojii Bu'a Qabeessa.... 43
a)....R
ogummaa fi Dhugummaa 44
b) ....H
ojii Madaalamuun Walitti Hidhamuu.... 44
c)....Q
abatamaan Hojiirra Ooluu Danda'uu.... 44
d) ....S
eera Jiruun Walsimuu.... 44
e)....N
amoota Leenjii Qabaniin Geggeeffamuu.... 44
f) ....B
u'aa Madaallii Hojjetaaf Ifa Gochuu Danda'uu 45
g) ....W
alqunnamtii Ifa Ta'e Gochuu Danda'uu 45
h) ....A
deemsi Komiin Itti Dhagahamu Jiraachuu 45

Boqonnaa Sadii

Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Seeraa Oromiyaa

Kutaa I

Naamusa Ogummaa, Bilisummaa fi Itii Gaaftamummaa Abbootii Seeraa, fi Madaallii Raawwii Hojii fi Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaa Abbootii Seeraa

3.1.1. ....N
aamusa Ogummaa Abbootii Seeraa.... 47
3.1.1.1. ....B
ilisummaa.... 49
3.1.1.2. ....A
lloogummaa.... 50

3.1.1.3. .....A
mala Mudaa Hin Qabne 53
3.1.1.4. .....F
ayyaalummaa 54
3.1.1.5. .....W
alqixxummaa 57
3.1.1.6. .....G
ahumsa..... 59
3.1.1.7. .....M
iira Tajaajiltummaa fi Kaka'umsa Hojii Qabaachuu 59
3.1.2. .....B
ilisummaa fi Itti Gafatamummaa Abbootii Seeraa 60
3.1.3. .....M
adaallii Raawwii Hojii fi Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaa Abbootii Seeraa 69

Kutaa II

Ulaagaalee fi Mala Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Seeraa

3.2.1. ..... U
laagaalee Madaallii.....75
3.2.1.1. ..... U
laagaalee Madaallii: Waliigala 75
3.2.1.2. ..... U
laagaalee Madaallii: Muuxannoo Mootummaalee
Naannoo Biyya Ameerikaa Tokko Tokko. 80
a) ..... K
oloraadoo.....80
b) ..... T
enesee.....81
c)..... U
taa 83
3.2.1.3. ..... U
laagaalee Madaallii: Akka Gaayidlaayenii Waldaa Ogeessota

Seeraa Ameerikaatiin Qophaa'e Keessatti Ibsametti. 85
a) ..... U
laagaalee Madaallii Galmee Ilaaluun Walqabatan.....85
b) ..... U
laagaalee Madaallii Itti Gaafatamummaa
Bulchiinsaan Walqabatan 88
c)..... U
laagaalee Madaallii Itti Gaafatamummaa Ogummaa
Adda Addaan Walqabatan 89
3.2.2. ..... M
ala Madaallii.....91
3.2.2.1. ..... M
adda Odeeffannoo.....92
3.2.2.2. ..... M
ala Odeeffannoon Itti Guuramu 96
3.2.2.3. ..... Q
aama Abbummaa Fudhatu.....100
3.2.3. I
tti Fayyadama Bu'aa Madaallii.....105

Boqonnaa Afur

Yaada Gudunfaa fi Furmaataa

Wabii

Miiltoo 1 : Gaaffiiwwan Afaanii

Miiltoo 2: Gaaffiiwwan Marii Garee

Miiltoo 3: Wixinee Sirna Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Seeraa Oromiyaa

Boqonnaa Tokko

Seensa

1.1. Durduuba

"Hojiin hundee guddinaati!" kan jedhu, dhaadannoo qofa osoo hin taane, qabatama lafa irratti ija keenyaan arginu dha. Kanaaf ammo, eenyuti hojii hangam hojjete jedhanii madaalaa deemuun daran barbaachisaa dha. [1] Kanaaf fakkaata seenaan adeemsa madaallii raawwii hojii durumaan qabee kan turee fi utuu caasaan madaallii hojiisirnaawaa ta'e bifa ammayyaan hin diriiriin durallee itti hojjetamaa kan ture. [2] Kanaaf ammoo ka'umsa kan ta'e, uumamumaan dhalli namaa waa'ee hojii mataa isaa, nama biraa, nama isa wajjiin hojjetuu ykn jiraatuu haasa'uu fedha. [3] Haata'u malee, adeemsa bulchiinsa hammayyaa keessatti madaalliin hojii dhimma of danda'e tokko ta'ee mul'achuu kan jalqabe Waraana Addunyaa Lammeffaa booda. [4]

Gaaffii ijoon madaallii raawwii hojii waliin walqabatee ka'u hojiin hojjetaa tokkoo maaliif madaalama, ykn kaayyoon madaallii raawwii hojii maali? kan jedhu dha. Gaaffiin kun deebii tokkoo fi tokko ta'e hin qabu. Kuun hanga faayidaa fi sadarkaa hojii hojjetaa tokkoo murteessuuf yommuu jedhan, kuun ammoo hanqinoota hojii keessatti mul'atan seecca'anii bira gahuun karaa hir'inootni kun itti salphatan mala dhahuun adeemsa hojii bu'a qabeessa taasisuu dha jedhu. [5] Akka yaada lammeffaa kanatti miindaa fi sadarkaa hojii hojjetaa tokkoo murteessuun kaayyoo duraa utuu hin taane, kaayyoo sadarkaa lammeffaa irratti dhufu ta'uu kan danda'u dha. [6] yaadni kun

---

[1] Introduction to Performance Appraisal, http://www.performance - appraisal.com /intro.htm. F.3, Onkoloolessa 16,2009 ALA kan ilaalame.

[2] Akkuma 1ffaa. 1, F 1"

[3] Akkuma 2ffaa

[4] Akkuma 3ffaa

[5] Fakkeenyaaf, akkuma 4ffaa Benefits of Appraisal, http://www.performance appraisal.com/ benefits-htm F.1; Performance Appraisal, Basic purposes, http://www.performance appraisal.com/ basic. htm F.1 ilaaluun ni danda'ama.

[6]. Akkuma yaadannnoo Lak. 5

yaada madaallii kaasuu fi beektota bulchiinsaa birattis fudhatama argatee bal'inaan itti hojjetamaa kan jiru dha.

Madaalliin hojii abbaa seerummaas amala hojii isaa bifa giddu galeessa godhateen kan ilaalamu yoo ta'ellee, yaadawwan bu'uuraa madaallii hojii humna namaa olitti ka'an kanaan kan walfakkaatu dha. [7] Madaalliin hojii abbaa seerummaa kunis waan lama kan of keessatti hammate dha. Inni tokko, madaallii hojii manneen murtii yammuu ta'u, inni lammeffaan ammoo madaallii hojii abbootii seeraati. Qo'annoon kun madaallii raawwii hojii abbootii seeraa kan ilaallatu dha. Haaluma kanaan, madaallii hojii raawwii abbaa seeraa jechuun mala bifa walfakkaataa ta'een adeemsa hojii abbootii seeraa itti sakatta'an ta'ee, kaayyoowwan adda addaa kan akka ofiin of fooyyeessuu abbaa seeraa, kenna leenjii, tarkaanfii adda addaa fudhachuu fi kkf of keessaa kan qabu dha. [8]

Kana bira darbuun madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa mirkaneessuu keessatti gahee guddaa qaba[9]. Haata'u malee, sirni kun manneen murtii naannoo keenyaa keessa waan hin jireef, kun hangam dhugaa akka ta'e ibsuun nama rakkisuu danda'a. Madaalliin raawwii hojii abbootii seera maaliif barbaachisa kan jedhus dhimmoota qo'annoon kun ilaalu keessaa isa tokko dha. Faayidaa qaba yoo jedhames, biyyootni hedduun sirna kana diriirsanii ittiin hojjetaa jiru jechuun hin danda'amu. Kanaafis akka sababa guddaatti kan ka'u adeemsichi bal'aa fi walxaxaa waan ta'eef, [10] akka salphaatti hojiirra oolchuun ulfaachuu waan danda'uufidha. Kana jechuun garuu, sirna madaallii kana diriirsuun hin danda'amu jechuu miti. Of eeggannoo fi saayinsaawaa bifa ta'een yoo diriire, haala

---

7. Judge Not, That Ye Be not Judged: Evaluating the Performance of Judges, F,7, http://www.allacademic.com// meta/p-m/a-apa-esearch-citation 2/0/9/6/1/ pages 209619-1 php. Onkoloolessa 12, 2009 kan ilaalame.

8. Akkuma 7ffaa, F.2

9. Yaadannoo lakk. 8, F. 6; Judicial performance Evaluation overview, http://www.ncesconline.org/wc/cour Topics/overview.asp? topic = Judper F.1, Onkoloolessa 21, 2009 ALI kan ilaalame.

10. Olitti Yaadannoo Lakk. 8, FF. 7-8

salphaa ta'een hojiirra ooluu kan danda'u dha. Waan kana ta'eef, biyyootni adda addaa ulaagaa fi akkaataa abbootiin seeraa itti madaalaman qopheessuudhaan hojiirra oolchaa jiru. Fakkeenyaaf, biyyaa Ameerikaatti ulaagaan abbaan seeraa tokko itti madaalamu naannoo [11] irraa naannootti adda addummaa kan qabu yoo ta'ellee, kanneen akka dandeetti seera hiikuu, galmee to'achuu fi haala bu'a qabeessa ta'een hojjettoota mana murtii waliin hojjechuun ulaagaalee bakka hundatti mul'atani dha. [12]

Walumaagalatti, sirna madaallii raawwii hojii abbootii seeraa qabaachuun fooyyaa'insa hojii abbaa seerummaaf gumaacha maalii akka qabuu fi haala akkamiin hojiirra oolchuun akka danda'amu ilaaluun barbaachisaa dha.

1.2. Yaada Ka'umsaa

Manneen murtii Oromiyaa labsiin hundaa'anii hojii eerga eegalanii kunoo waggooti 16 ol lakkoofsisaniiru. Manneen murtii kana keessa abbootiin seeraa baay'inaan kumaa ol ta'an hojii abbaa seerummaa raawwachaa jiru. Haata'u malee, sirni hojiin isaanii itti madaalamu hanga yoonaatti diriiree hin jiru. Jechuunis, abbaan seeraa tokko ulaagaa maaliin akka madaalamu, eenyuun akka madaalamuu fi yoom madaalamuu akka qabu waanti ifatti taa'e hin jiru.

Karaa biraatiin, seerota rogummaa qabanii fi danbiiwwan naamusa abbootii seeraa tumamanii jiran yoo ilaalle, sababa hir'ina dandeettiitiin abbaan seeraa tokko hojiirraa geggeeffamuu akka danda'u ifatti ta'ee jira.[13] Kun qabatamaanis hojiirra oolaa kan jiru dha. Haata'u malee, hir'inni dandeetti abbaa seeraa tokkoo maaliin madaalama? gaaffiin jedhu ammayyuu ifa miti. Danbicha keessatti dandeettii fi cimina hojii dhabuun seerri ykn hojimaati dhimma tokko ilaalu ifa ta'ee otoo jiruu haala of fooyyeessuu hin danda'amneen dandeettii fi cimina dhabuun seera irraa maquun

---

[11] Jechi " naannoo" jedhu kan agarsiisu qaamolee bulchiinsaa sirna mootummaa federaalaa biyya Ameerikaa uumanidha (Federating Units)

[12] Olitti yaadannoo lakk. 12.

[13] Fakkeenyaaf, keewwata 79(4)(a), Heera Mootummaa RDFI; keewwata 63(4)(a), Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa fooyyaa'ee bahe, labsii lakk. 46/1994; keewwata 56 fi 58 Danbii Naamusa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Gumii Naannoo Oromiyaa lakk. 2/2001 ilaaluun ni danada'ama.

tajaajilli haqaa hin kennamiin hafuu ykn akka hin kennamne gufuu ta'uu dha.[14] Kunis kan madaalamu sadarkaa mana murtii abbaan seeraa sun hojjetu, sadarkaa barnoota isaa, muuxannoo qabuu fi leenjii isaaf kenname tilmaama keessa bifa galcheen ta'a.[15] Kun kan agarsiissu ulaagaaleen madaallii kunniin bal'inaan hubannoo dhuunfaa (subjectivity) irratti kan rarra'an ta'uu isaaniti. Kun immoo fooyyaa'insa hojii abbaa seerummaatiif tattaaffii godhamu bu'a qabeessa akka hin taane dhiibbaa badaa fiduu danda'a. Fakkeenyaaf, leenjiin kennamu fedhii leenjii jiruun kan wal hin simne ta'uu danda'a.

Itti dabalees, ulaagaalee dorgommii guddina sadarkaa keessaa tokko bu'aa madaallii raawwii hojii yommuu ta'u, Ulaagaa kanaaf qaphxiin kennames %60.[16] Haaluma kanaan, abbaan seeraa tokko gara pirezidaantii Mana Murtii Aanaaatti, gara Mana Murtii Ol'aanaatti, gara pirezidaantii Mana Murtii ol'aanaatti guddachuuf ulaagaalee taa'an keessaa tokko bu'aa madaalii raawwii hojii quubsaa ykn sanaa ol ta'uu argachuu dha[17]. Mana murtii waliigalaatti guddachuuf ammo bu'aan madaalii raawwii hojii quubsaa fi sanaa ol ta'uu barbaada[18] Haata'u malee, sirni madaallii raawwii hojii abbootii seeraa itti geggeefamu waan hin jirreef kana qabatama godhanii itti hojjechuun hin danda'amu. Kunis qaawwa biraa dhibinsa sirna madaallii raawwii hojii abbootii seeraan uumameedha.

Gabaabumatti, rakkoon guddaan qo'annoon kun itti xiyyeeffatu sababa dhibinsa sirna madaallii raawwii hojii abbootii seeraatiin fooyyaa'insa hojii abbaa seerummaaf tarkaanfiiwwan adda addaa manni murtii fudhatu irratti dhiibbaan badaa jiraachuu danda'uu irratti dha.

1.3. Kaayyoo Qo'annoo

[14] Keewwata 53(1) Danbii Naamuusa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Gumii Naannoo Oromiyaa

[15] Keewwata 53(2), Danbii Naamusa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Gumii Naannoo Oromiyaa

[16]. Kwt 17 (1) fi 18 (1), Qajeelfama Raawwii Guddina Sadarkaa Abbaa Seeraa fi Muudamaa Gumii Mana Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Lak. 2/2001

[17] . Akkuma 16 ffaa, kwt. 7(1), 8 (1) fi 9 (1)

[18] . Akkuma 17 ffaa, kwt. 10 (1)

Kaayyoon gooroo qo'annoo kanaa faayidaa fi barbaachisummaa madaallii hojii abbaa seeraa agarsiisuudhaan ***sirna isaa qopheessuun hojiirra akka oolu taasisuu dha.*** Itti dabalees, qo'annichi kaayyoowwan gooree armaan gaditti caqafaman ni qabata.

- Faayidaa madaalliin raawwii hojii abbaa seeraa gama bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa mirkaneessuu keessatti qabu agarsiisuu,
- Ulaagaalee madaallii raawwii hojii abbaa seeraa ijoo fi ulaagalee xixiqqoo warra ijoo kana jala jiran maalfaa akka ta'an tokko tokkoon adda baasuun hojiirra oolchuu keessatti waantota danqaa ta'uu danda'an addaa baasuudhaan mala furmaataa kaa'uu,
- Abbaan seeraa tokko eenyuunii fi yeroo attamii madaalamuu akka qabu murteessuu,
- Hojii abbaa seeraa madaaluuf malawwan odeeffannoon itti guuramuu danda'an adda baasuu,
- Madaallii raawwii hojii abbootii seeraa geggeessuu keessatti qaamni abbummaa fudhachuu qabu eenyu akka ta'e adda baasuu
- Bu'aa madaallii raawwii hojii abbootii seeraatti attamiin itti fayyadamuu akka qabnu agarsiisuu

1.4. Mala Qo'annoo

Asiin olitti akkuma ilaalle, sirni madaallii hojii abbootii seeraa Oromiyaa diriiree hin jiru. Kanaaf, sirna kana qopheessuuf, dura muuxannoon biyyoota biroo maal fakkaata kan jedhu ilaaluun barbaachisaa ta'a. Kanaaf ammoo barreeffamoota adda addaa dhimmicha waliin rogummaa qaban sakatta'uun barbaachisaa dha. Kanaafuu, mallii jalqabaa qo'annoon kun itti geggeeffamu muuxannoo biyyoota alaa barreeffamoota agarsiisan ilaaluu ta'a. Kanaafis, muuxannoon biyya Ameerikaa akka fakkeenya guddaatti fudhatamee haala qabatamaa naannoo keenyaa wajjiin bifa walsimuun kan xiinxalamu ta'a.

Itti dabalees, gaaffiin afaanii fi mariin garee malawwan biroo qo'annoon kun itti geggeeffamu dha. Haaluma kanaan, miseensota gumii abbootii seeraa, abbootii seeraa,

fi garee inispekshinii waliin gaaffiin afaanii kan geggeeffamu yommuu ta'u, mariin garee ammoo abbootii seeraa mana murtii ol'aanaa waliin kan geggeefamu ta'a. Akkaataa fi baay'inni gaaffii adeemsifamu kunis akka armaan gadiitti ibsameera.

La kk.	*Qaama Gaafatamu*	*Baay'ina Gaafatamu ykn Mari'atamu*	*Ibsa*
1.	Miseensota gumii abbootii seeraa		▪ Sadarkaalee lamaanittuu walitti qabaan gumii gaafatamuun dirqama ▪ Miseensotni sadarkaa godinaatti gaafataman kunniin Gumii Abbootii Seeraa Godinaalee afur keessa jiran: Wallagga Bahaa, Shawaa Lixaa, Shawaa Bahaa fi Arsii Asallaa ta'u.
	i. Sadarkaa MMWO	3	
	ii. Sadarkaa Godinaa	12	
2.	Pirezidaantota manneen Murtii Aanaa	8	Pirezidantonni kun pirezidaantota aanaalee godinaalee afran jala jiran yommuu ta'an, godina tokko jala Pirezidaantonni Aanlee lamaan gaaffii kan deebisani dha.
3.	Abbootii seeraa		Mana murtii ol'aanaa tokko irraa abbaa seeraa tokkoti gaafatama.
	i. Sadarkaa Godinaa	4	
	ii. Sadarkaa Aanaa	16	Mana murtii aanaa tokko irraa abbaa seeraa lamati gaafatama.
4.	Garee Inispekshinii	3	
	Ida'ama	**48**	
5.	Marii Garee	4	Mariin kun sadarkaa mana murtii ol'aanaa godinoota deemaman afran keessatti abbootii seeraa waliin kan adeemsifamudha.

Gabaabumatti, malli qo'annichi itti geggeeffamu adda durummaan mala barreeffamoota adda addaa sakatta'uun muuxannoowwan biyyoota biraa ilaaluun yommuu ta'u, gaaffii afaanii muraasa adeemsisuunis mala dabalataati.

1.5. Gaaffiiwwan Qo'annoo

Qo'annoon kun gaaffiiwwaa armaan gadii kan deebisu ta'a.

1. Faayidaan sirna madaallii hojii abbootii seeraa maal?

2. Ulaagaaleen madaallii hojii abbootii seeraa maalfaadha?
3. Ulaagaalee madaallii kunniin hojiirra oolchuuf malawwan faayyadamuu qaban maalfaa ta'uu qabu?
4. Madaalliin hojii abbootii seeraa bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa waliin akkamitti ilaalama?
5. Qaamotni abbootii seeraa madaaluu keessatti qooda fudhatan eenyufaa ta'uu qabu?

1.6. Faayidaa Qo'annoo

Qo'annichi sirna madaallii raawwii hojii abbootii seeraa qopheessuuf kan gargaaru dha. Kun jiraate jechuun ammoo hir'inoota gama hojii abbaa seerummaatiin mul'achuu danda'an kan akka fedhii leenjii adda baasuuf gargaara. Kun immoo abbaa seeraa isa kamti dhaddacha kamitti ramadamee yoo hojjete bu'a qabeessa ta'uu danda'a dhimma jedhu bira gahuuf waan gargaaruuf, mana murtiif gumaacha guddaa buusa.

Itti dabalees, madaalliin yommuu geggeeffamu abbaan seeraa tokko maal akka fakkaatu kan itti of ilaalu dha. Haaluma kanaan, sadarkaa gaarii irratti kan of arge yoo ta'e cimee akka itti fufu; sadarkaa gaarii irratti kan of hin argine yoo ta'e ammoo akka of fooyyeessuuf kan gargaaru dha. Kun immoo bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa mirkaneessuuf gahee guddaa kan qabu ta'uu isaarrayyuu, hamilee dorgommii hojii abbootii seera jidduutti waan uumuuf, dhimma murteessaa ta'a. Kun ta'e jechuun ammoo tajaajilli kenninsa haqaa akka fooyyaa'u waan godhuuf, uummata bal'aaf faayidaa guddaa kan argamsiisuu dha.

1.7. Daangaa Qo'annoo

Madaallii hojii abbaa seerummaa yommuu jennu waan lama jechuunis, madaallii hojii mana murtii fi madaallii hojii abbootii seeraa of keessatti kan hammatu dha. Madaalliiwwan hojii kun lameenuu fooyyaa'insa tajaajila haqaaf barbaachisoo yoo ta'an illee, qo'annoo tokko keessatti walfaana adeemsisuuf yeroo fi humna jiruun walbira qabnee yoo ilaalluu ni bal'ata. kanaaf, qo'annoon kun kan xiyyeeffatu madaallii hojii abbootii seeraa qofa irratti.

1.8. Hir'ina Qo'annoo

Barreeffamoonni madaallii raawwii hojii irratti bifa waliigala ta'een barreeffaman baay'inaan ni argamu. Haata'u malee, barreeffamootni madaallii raawwii hojii abbootii seeraa irratti barreeffaman baay'ee miti kun kan agarsiisu hir'inni odeeffannoo jiraachuu isaati. Kanaafuu, odeeffannoon qo'annichaaf barbaachiisu baay'inaa fi qulqul'ina barbaadameen argamuu dhiisuu waan danda'uuf, akka hir'inaatti kan ilaalamu dha.

1.9. Gurmaa'ina

Kaayyoo barbaadame qixa sirriin qaqqabsiisuuf akka tolutti, qo'annoon kun boqonnaa adda addaa afur of keessaa kan qabu dha. Boqonnaan duraa, adeemsa qo'annichi itti geggeeffame kan ibsu dha. Haaluma kanaan, qo'annichi maaliif akka geggeefame, mala attamiin akka geggeeffame, faayidaa maalii akka argamsiisu, daangaan isaa eessa akka gahuu fi hir'ina maalii akka qabu boqonnaa kana keessatti ibsame.

Boqonnaan lammeeffaa, madaalliin raawwii hojii akka waliigalaatti maal akka fakkaatu ibsuu irratti xiyyeeffata. As keessatti, maalummaa fi seenaan guddina madaallii raawwii hojii, faayidaan inni qabu, rakkoowwan mudachuu danda'an, eenyu, yoom, ulaagaa fi tooftaa maaliin akka geggeeffamuu, fi amalootni madaalii raawwii hojii bu'a qabeessaa maalfaa akka ta'an qaphxiiwwan ka'anidha.

Boqonnaan sadeffaa madaallii raawwii hojii abbootii seeraa Oromiyaa xiinxala. Boqonnoota biroon walbira qabamee yoo ilaalamu bal'aa waan ta'eef, kutaa lamatti qoodameera. Kutaan duraa, hojii abbaa seerummaa keessatti dhimmoota bu'uura ta'an kan akka naamusa ogummaa, bilisummaa, fi itti gaafatamummaan abbootii seeraa maal akka ta'an bifa waliigala ta'een ibsa. Kun kan barbaachiseef, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa kallatiinis ta'e alkallattiin dhimmoota kanaan walqabachuun isaa waan hin oolleef. Haaluma walfakkaatuun, barbaachisummaa madaallii raawwii hojii abbootii seeraa agarsiisuuf yaadamee, madaalliin raawwii hojii kun gama bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraan attamitti akka ilaalamu kutuma kana keessatti ibsamee jira. Kutaan lammeeffaa boqonnaa kanaa ulaagaaleen madaallii raawwii hojii abbootii seeraa maal akka ta'an muuxannoo biyya alaa fi yaada beektotaa tokko tokko ka'umsa godhachuudhaan xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Haaluma wal fakkaatuun, mallii madaallii raawwii hojii jechuunis, maddi odeeffannoo, malli odeeffannoon itti

guuramu, madaallii raawwii hojii kana geggeessuuf eenyu abbummaa akka fudhatu kutaa kana keessatti xiinxalamee jira. Bu'aa madallii raawwii hojii tokkoottis haala kamiin akka itti fayyadamnu kutuma kana keessatti ibsameera.

Boqonnaan afraffaa bu'aa waliigalaa qo'annoo irratti hundaa'uun yaada gudunfaa fi furmaataa kaa'a. Dhumarratti, qo'annoo geggeeffame kana bu'uura godhachuun wixineen sirna madaallii raawwii hojii abbootii seeraa Oromiyaa qophaa'e miiltoo ta'ee qo'annoo kanaan walqabatee jira.

Boqonnaa Lama

Madaallii Raawwii Hojii: Waliigala

Madaalliiwwan raawwii hojii adda addaa amaloota walfakkaataa ta'an waliin ni qooddatu. Kanaafis sababa kan ta'u, hundi isaaniiyyuu gaaffiiwwan bu'uuraa kan akka faayidaan madaallii raawwii hojii maal madaalliin raawwii hojii ulaagaalee maaliin geggeeffama madaallii raawwii hojii geggeessuu keessatti rakkoowwan mudachuu danda'an maalfaadha madaallii raawwii hojii geggeessuuf tooftaaleen jiran maalfaadha? Kan jedhan deebisuun isaan irraa waan eegamuufidha.[19] Kun kan agarsiisu, madaallii raawwii hojii abbootii seeraa fi madaallii raawwii hojii oggeessota biroo jidduu walitti dhufeenyi kan jiru ta'uu isaati. Waan kana ta'eef, madaallii raawwii hojii abbootii seeraa ilaaluun dura madaallii raawwii hojii akka waliigalaatti ilaaluun barbaachisaa ta'a. Boqonnaan kunis kan xiyyeeffatu, maalummaa fi guddina madaallii raawwii hojii, faayidaa inni qabu, rakkoowwan adeemsa isaa keessatti mudatan, ulaagaalee fi tooftaalee itti geggeessanii, fi amalootni madaallii raawwii hojii gaarii maalfaa akka ta'an irratt dha. Mee tokko tokkoon haa ilaallu.

2.1. Maalummaa fi Seenaa Guddinaa

2.1.1. Maalummaa

Hayyootni bulchiinsaa madaallii raawwii hojiif hiikkaa adda addaa yommuu kennan ni mul'ata. Fakkeenyaaf, hayyootni subbaa Raa'oo fi VSP Raa'oo jedhaman madaallii raawwii hojii akka armaan gadiitti hiikaniiru.

> *Performance appraisal is a method of evaluating the behavior of employees in the workspot, normally including both the quantitative and qualitative aspects of job performance.* [20]

Kana jechuun, madaallii raawwii hojii jechuun, mala amala hojjettoonni hojii irratti qaban bifa baay'ina hojii hojjetamee fi qulqul'ina hojii hojjetame of keessatti haamachuu

---

[19]. Peter Loren zi, Managing for Performance, University of Kansas-Lawrence (1953), F. 203

[20]. P. Subba Rao & VSP Rao, personnel (Human) Resource Management Text, Cases and Games, Konark Publishers PVT Ltd (2000) F. 218.

danda'uun itti madaalan jechuu dha. Ibsa biraatiin: hojjetaan tokko hojjedhu jedhamee hojii kennameef bifa safaramuu danda'uun hangam tokko raawwateera jedhanii malli ittiin madaallii madaalan raawwii hojii jedhama.[21] Hikkoon madaallii raawwii hojii kana qofa miti. Hayyootni biroo, Sekisten Addaamii fi Adelaayid Giriiffin jedhamanis madaallii raawwii hojii,

Performance appraisal is a method for management to make fair and impartial analysis of the value of employees to the arganization. [22] *jechuun hiikanii jiru.*

Akka hiikka kanaatti, madaallii raawwii hojii jechuun mala faayidaa hojjetaan tokko mana hojii tokkoof qabu bifa sirrii fi alloogii ta'een bulchiinsi mana hojii sanaa Xiinxaluu itti danda'u jechuudha.

Hiikkaawwan madaallii raawwii hojii lameenuu haala adda addaan kan ibsamanidha. Haata'u malee, hubannoon yoo xiinxalaman lamaanuu ergaa tokko dabarsu. Innis, madaalliin raawwii hojii mala ta'uu isaa fi malli kunis hojiin hojjetaan tokko hojjete hangam akka ta'e bifa sirrii ta'een kan ittiin agarsiisan ta'uu isaati.

Gabaabumatti, madaallii raawwii hojii jechuun hojjetaan tokko hojiin tokko hojii isaa ta'uu eerga beekee booda, baay'inaa fi qulqul'ina barbaadamuun hangam tokko yeroo kenname keessatti raawwateera jedhanii mala itti madaalan jechuu dha.

2.1.2. Seenaa Guddinaa

Akkaataan madaallii raawwii hojii itti geggeeffamu yeroo irraa yerootti garaagarummaa kan qabu yoo ta'ellee, raawwii hojii nama dhuunfaa ta'e garee tokkoo madaaluun durumaan kan barsiifame dha.[23] Madaalliin raawwii hojii kun bakka tokko tokkotti caaseffamaaa fi idilaa'aa yommuu ta'u, bakka tokko tokkotti immoo kan hin

---

[21]. Akkuma 2[ffaa]

[22] . Sexton Adams & Adelaide Griffin, Modern Personnel Management (A Self-Instruction Program: Cases and Applications) (1987) F.57

[23]. Introduction to Performance Appraisal, http://www. Performance. appraisal.com/intro.htm. F. 1, Onkoloolessa 16, 2009 kan ilaalame.

caaseffamnee fi hin idiloofne ta'uudhaan guyyaa guyyaan kan itti hojjetamudha.[24] Fakkeenyaaf, barsiisaan barataa isaa, maatiin ijoollee isaa, baankiin maamila isaa, namni dhuunfaa hojii dhuunfaa isaa itti yaaduunis ta'e, utuu itti hin yaadiin madaalaa oola. [25]

Madaalliin raawwii hojii hammayyaa ta'e garuu, bifa sirnaawaa, caaseffamaa, idilaa'aa fi karoorfamaa ta'een kan geggeeffamu yommuu ta'u, kan eegales Waraana Addunyaa Lammeffaa keessaa fi isaa booda dha.[26] Yeroo kana keessa sirni madaallii raawwii hojii hammayyaa kan diriire raawwii hojii ajajoota waraanaa (military officers) madaauuf jedhameeti.[27] Madaalliin raawwii hojii kun baroota kudha sagal digdamootaa fi kudhasagal afurtamoota keessas hojjettoota industirii keessa hojjechuudhaan kaffaltiin isaanii sa'atii irratti hundaa'uun kaffalamuuf madaaluuf fayyadeera.[28] Madaalliin yeroo kana keessa tures *meeriitii* qofa irratti kan hundaa'e ture. Booda keessa garuu, keessumaa kudhasagal shantamoota irraa eegaluun guddinni sirna bulchiinsaa fooyyaa'aa waan deemeef, madaalliin raawwii hojii *meeriitii* qofa osoo hin taane ulaagaalee biroo kan akka teekinikaa, dandeettii, ogummaa fi kanniin biroo of keessatti hammachuu akka qabu ta'aa dhufe.[29] Kanaaf, madaallii raawwii hojii irratti hubannoon dura turee fi amma jiru garaagarummaa kan qabu dha. Garaagarummaa kana akka armaan gadiitti gabateen agarsiisuun ni danda'ama..

Gabatee Lak. 1: Gabatee Garaagarummaa Hubannoo Madaallii Raawwii Hojii Irratti Dura Turee fi Amma Jiru Agarsiisu.

Qabxii dorgommii	*Xiyyeeffannoo dura ture*	*Xiyyeeffannoo amma jiru*

[24]. Olitti yaadannoo 2, F.217

[25]. Akkuma 6[ffaa.]

[26].Akkuma 7[ffaa]; olitti yaadannoo Lak. 5.

[27]. Akkuma 8[ffaa.]

[28]. Akkuma 9[ffaa.]

[29]. Akkuma 10[ffaa]; olitti yaadannoo Lak. 4.

Fayyadama jechaa (terminology)	Meeriitii madaaluu (merit rating)	Hojjetaa madaaluu ykn raawwii hojii madaaluu
Kaayyoo	Hanga kaffaltii murteessuuf, hojetaa guddisuuf, jijjiiruuf, hojjiirraa geggeessuuf	Fooyyaa'insa barbaadamu hojiirratti argamsiisuuf [30]
Daangaa raawwii	Hojjettoota guyyaa (kan dhaabbataa hintaane) sa'atiin kaffalamuuf	Hojjettoota teekinikaa, ogummaa fi bulchiinsaa
Xiyyeeffannoo kennamu	Amala dhuunfaa hojjetaa irratti	Bu'aa fi raawwii hojii hojjetaa irratti
Mala	Daataawwan istaatistikaa walbira qabanii ilaaluudhaan firii baasuu	Madaallii bulchiinsa kaayyoo irratti hundaa'e (MBO), madaallii walii waliin, madaallii akka tasaa geggeessuudhaan firii adda baasuu
Madaalliin booda hojii hoogganaa mana hojii	firicha hojjetaaf ifa gochuudhaan hojjetaan sun akka firicha fudhatuuf dhiibbaa godha.	firicha hojjetaatti ibsuudhaan akka hojjetaan sun firicha xiinxaluuf haala mijeessa. hojjetaaeessuuf gorsaa fi gargaaraadha.

Madda: kitaaba PSubba Raofi VSP Rao, personnel (human) Resource Management, Text, Cases and Games, 2000 jedhu F. 248

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amutti hubannoon madaallii raawwii hojii irratti yeroo duraa turee fi yeroo ammaa jiru garaagarummaa kan qabu dha. Jijjiiramni kun kan mul'atu itti fayyadama jechaan, kaayyoo itti geggeeffamuu, daangaa raawwii, mala itti geggeessanii fi kanneen biroon ibsamuu kan danda'u dha. Gabaabumatti, seenaan guddina madaallii raawwii hojii seenaa guddina dhala namaa waliin kallattiin walitti kan hidhamedha jechuun ni danda'ama. Akkuma seenaan

[30] . Kana jechuun garuu, yeroo amma kana madaalliin rawwii hojii hanga kaffaltii murteessuuf, hojjetaa guddisuuf jijjiiruuf, hojiirraa geggeessuuf hin fayyadu jechuu miti. Kaayyoo hangafaati akkas jechuudha malee.

guddina dhala namaa yeroo irraa yerootti fooyyaa'aa deeme, hubannoon madaallii raawwii hojii irratti jirus akkasuma fooyyaa'aa deemee jira.

2.2. Faayidaa Inni Qabu

Madaalliin raawwii hojii haala bu'a qabeessa ta'een geggeeffame tokko faayidaa adda addaa qaba.[31] Isaanis;

1. Raawwii hojii quubsaa ta'e tokko argamsiisuuf,
2. Dandeettii hojjetaa tokkoo bifa leenjiin, ofiin of fooyyeessuutiin ykn karaa biraan cimsuu,
3. Hooggantootni waa'ee hojjettoota isaan jala jiranii hubannoo sirrii akka qabaatan gochuu,
4. Jijjiirama hojii yeroo waliin mul'atu haala salphaan hojjechuuf daandii saaquu,
5. Hojii hojjetamu tokkoof kaffaltii barbaachisu bifa sirrii ta'een kaffaluuf haala mijeessuu,
6. Hojjettoota mana hojii tokko keessaa jiran bakka sirrii ta'etti filatanii ramaduuf haala mijeessuu,
7. Murtiiwwan adda addaa kan akka hojjetaa hojiirraa geggeessuu ykn sirreeffama barbaachisaa ta'e fudhachuuf haala mijeessuu,
8. Hojjetaan tokko raawwii hojii isaa fooyyeessuun, ykn immoo amala hojiin sun barbaadu horachiisuun hojii mana tokkoo bu'a qabeessa taasisuu dha.

Faayidaawwan kunniin kallattii garagaraan fakkeenyaaf, kallattii hojjetaan, hojjechiisaan, mana hojiin ilaalamuu kan danda'an yoo ta'ellee, bakka gurguddaa lamatti jechuunis, faayidaa gama murtii kennuutiin mul'atu (judgemental purpose) fi faayidaa gama misoomsuutiin mul'atu (developmental purpose) jedhamanii cuunfamuu ni danda'u. [32]

Faayidaan gama murtii kennuutiin mul'atu kan ibsamu hojiiwwan kanaan dura hojjetaman akkaataa istaandardii hojichaatiin hojjetamuuf hojjetamuu dhiisuu isaanii

[31] . Olitti yaadannoo lak. 2, FF. 219-220

[32] Olitti yaadannoo Lak. 1; performance Appraisal-Basic purposes, http:/www.persformance-appraisal.com /basic.htm F.1, Onkoloolessa 16, 2009 kan ilaalame.

keessa deebi'anii sakatta'uudhaan dhimmoota adda addaa hojjetaa ilaalan kan akka hanga miindaa, guddina sadarkaa fi jijjiirraa irratti murtii adda addaa dabarsuu dha. Faayidaan kun irra jireessaan faayidaa dhuunfaa hojjetaa kan ilaaluhdha. Faayidaan gama misoomsuutiin mul'atu ammo irra caalaa fooyyaa'insa hojii irratti kan xiyyeeffatu dha. Hojiiwwan hojjetaman akkaataa istaandardii manni hojii sun baasetti akka hin hojjetamneef waantonni gufuu ta'an maalfaa akka ta'an adda baasuudhaan mala furmaataa sirrii ta'an kaa'uudhaan hojiin tokko akkaataa barbaadameen akka hojjetamu gochuudha. [33] kun kan ta'u bu'aa madaallii raawwii hojii geggeeffame irratti hundaauudhaan hojjetaan tokko bakka dadhabina qabu ofuma isaa beekee akka irraa baratu gochuudhaan (self-learning) ykn immoo hojii dandeettii cimsu kan akka leenjii isaaf kennuun ta'a. [34] Faayidaan gama misoomsuutiin mul'atu kana qofa miti. Hojii bulchiinsa mana hojii tokkoo fooyyeessuu, humna namaa mana hojii tokkoo karoorsuu fi barsiisuu, hojiiwwan qo'annoo fi qorannoo geggeessuu, fi aadaa alloogummaan hojjechuu dagaagsuun kanuma keessatti hammatamu. [35]

Barreeffamootni tokko tokko ammoo faayidaalee madaallii raawwii hojii kallatti lamaan: kallattii hojjetaa fi kallattii mana hojii ilaaludhaan bakka lamatti qoodu.[36] Kallattii hojjietaan yoo ilaalamu, madaalliin raawwii hojii faayidaalee adda addaa afur kan qabudha. Isaanis:

1. Waan hojjechiisaan (manni hojii tokko) hojjetaa tokko irraa barbaadu hojjetaa sanaaf ifa gochuu,
2. Hojjetaan tokko hangam hojii gaarii mana hojii sanaaf akka hojjete agarsiisuu,
3. Akkaataa hojjetaan tokko raawwii hojii isaa itti fooyyeessu gargaarsa gochuu fi
4. Hojii gaarii hojjetaan tokko hojjeteef beekamtii fi badhaasa argamsiisuu dha.[37]

---

[33] .Olitti yaadannoo Lak. 1,

[34]. Akkuma 15[ffaa.]

[35]. Akkuma 16[ffaa.]

[36]. Olitti yaadannoo lak. 5.

[37]. Akkuma 18[ffaa]

Kallattii mana hojiitiin yoo ilaalamu immoo faayidaan guddaa sirni madaallii raawwii hojii argamsiisuu miira itti gaafatamummaa hojjettoota keessatti horuu fi dagaagsuu dha.[38] Kun immoo milkaa'ina hojii tokkoof murteessaa waan ta'eef, daran barbaachisaa dha. Faayidaaleen madaallii raawwii hojii kallatti hojjetaan ibsamus ta'e kallattii mana hojiin ibsamu naanna'ee naanna'ee faayidaawwan madaallii raawwii hojii gurguddoo armaan olitti ibsaman, jechuunis, faayidaa gama murtii kennuutiin ibsamuu fi faayidaa gama misoomsuutiin ibsamu keessatti kan hammatamu ta'a. kun kan agarsiisu madaalliin raawwii hojii hojjetaafis ta'e mana hojii tokkoof faayidaa guddaa kan argamsiisu ta'uu isaati. Kun immoo mul'ata, ergamaa fi kaayyoo waliigalaa manni hojii tokko hundeeffameef fiixaan baasuu keessatti shoora ol'aanaa kan qabu dha.

2.3. Rakkoowwan Mul'atan

Asiin olitti akkuma ilaaluuf yaalle, madaalliin raawwii hojii faayidaa adda addaa kan qabu dha. Haata'u malee, madaallii raawwii hojii tokko geggeessuu keessatti rakkoowwan adda addaa waan mudataniif hojiirra oolchuun ulfataa dha.[39] Barreessitoonni Psubba Rao fi VSP Rao jedhaman rakkoowwan adda addaa tarreessan keessaa muraasni:

1. Namni ykn qaamni madaalu namoota madaalaman walqixxeessee ilaaluu dhabuu. Kun sababa adda addaa irraa madduu danda'a. Fakkeenyaaf, jibba dhuunfaa, hojii hojjetaa tokkoo isa gaarii ykn isa badaa ta'e tokkoo fudhachuudhaan kaanis bifuma sanaan ilaaluu, hojii hojjetaa tokko isa yeroo dhihoo qofa fudhachuudhaan hojiiwwan kanaan dura hojjetamanis bifuma sanaan ilaaluu fi kkf dha. Kun firiin madaallii raawii hojii tokkoo hojjetaa sana akka sirritti bakka hin buune godha.
2. Madaallii raawwii hojii geggeessuuf ykn madaallii raawwii hojii geggeeffame tokko hojjettoota biraan gahuuf hooggantoonni fedhii dhabuu. Kun immoo adeemsi madaallii raawwii hojii haala bu'a qabeessa ta'een akka hin

---

[38] . Akkuma 19ffaa

[39]. Judge Not That Ye Be Not Judged: Evaluating the Performance of Judges F.7, http://www.allacademic.com//metap-m/a-apa-research- citation 20/9/611

geggeeffamneef gufuu waan ta'uuf, kaayyoon madaallii raawwii hojii tokkoo akka galma hin geenye godha.

3. Madaalliin raawwii hojii irra jireessaan kan geggeeffamu hubannoo nama dhuunfaa tokkoo (subjectivity) irratti kan hundaa'e ta'uu dhiisuu.
4. Tooftaaleen madaallii raawwii hojii itti geggeessan tokkoo fi tokko waan hin taaneef, mala isa kamiin yoo adeemsifame madaalliin raawwii hojii bu'a qabeessa ta'a jedhanii filachuun hojii salphaa ta'uu dhiisuu.
5. Firiin madaallii raawwii hojii hojjetaa tokkoo gadi bu'aa yoo ta'e, bulchiinsi mana hojii sanaa maaliif akka gadi bu'e xiinxaluudhaan fooyyeessuuf hojjechuu irra hojjetaa firiin gadi bu'e sana irratti tarkaanfii fudhachuu barbaaduu.
6. Firiin madaallii raawwii hojii gadi bu'aa yoo ta'e walitti dhufeenya dhuunfaa hojjettootaa fi walitti dhufeenya hojjettoota mana hojii tokkoo boora'uu ni danda'a.
7. Madaalliin raawwii hojii kaayyoo adda addaaf geggeeffamuu waan danda'uuf, itti fayyadama bu'aa madaallichaa irratti hooggantoota rakkoon mudachuu danda'a.
8. Adeemsi isaa dheeraa waan ta'eef, hojjettootaa hundaaf durduubeen yommuu kennamu hojii idilee irratti dhiibbaa badaa qaqqabsiisuu ni danda'a.[40]

Rakkoowwan armaan olii kana irraa ka'uudhaan qorannoowwan beektota bulchiinsaatiin barreeffaman tokko tokko dhugummaa fi rogummaa (validity and reliability) firii madaallii raawwii hojii irratti shakkii qabaachuu isaanii ni ibsu.[41] Gariin isaanii ammo adeemsi madaaalliin raawwii hojii itti geggeeffamu uumamumaan jallaa waan ta'eef, tasuma sirreessuun hin danda'amu jedhanii amanu.[42]

Qorattoonni faallaa kanaa tarkaanfachiisanis ni jiru. Akka isaaniitti ammo madaalliin raawwii hojii milkaa'ina hojii mana hojii tokkoof akka lubbuutti kan gargaaruu waan

---

[40]. Olitti yaadannoo lak. 2, FF 247-248; Rakkoowwan kunniin olitti yaadannoo lak. 21 keessattis tarreeffamanii argamu.

[41] . Olitti Yaadannoo Lak. 5, F.3

[42]. Akkuma 23[ffaa]

ta'eef, baay'ee barbaachisaa dha .[43] Yaadni kun yeroo ammaa kana deggertoota hedduu waan horateef, madaalliin raawwii hojii waajjiroota hedduu keessatti geggeeffamaa kan jirudha. Waan kana ta'eef, madaalliin raawwii hojii rakkoowwan tokko tokkoo qabaachuun isaa beekamaa yoo ta'ellee, mala adda addaatti fayyadamuun rakkoowwan kana salphisuun waan danda'amuuf,[44] Barbaachisummaa isaa irratti yeroo ammaa mormiin hin jiru.

2.4. Eenyuun Yoomii fi Ulaagaa Maaliin Akka Geggeeffamu

Bulchiinsa sirna madaallii raawwii hojii keessatti dhimmootni akka eenyuti eenyuun madaala, ulaagaaleen madaallii maal ta'u, madaalliin tokko yoom geggeeffamuu qaba jedhamaan gaaffiiwwan murteessoo ta'anidha. [45] Mee isaan kana tokko tokkoon haa ilaallu.

2.4.1. Eenyuun Akka Geggeeffamu

Eenyuun akka geggeefamu yommuu jennu, adeemsi madaallii rawwii hojii eenyuun akka bulchamu jechuu keenya utuu hintaane eenyu ulaagaa taa'e irratti hundaa'uun qaphxii kenna jechuu keenya. Kana ilaalchisuun barreessitoonni tokko akkas jedhanii barreessaniiru:

> *The appraiser may be any person who has thorough knowledge about the job content, contents to be appraised, standards of contents, and who observes the employee while performing a job. The appraiser should be capable of determining what is more important and what is relatively less important.* [46]

Waraabbiin kun namni madaallii raawwii hojii geggeessuu danda'u eenyu akka ta'e sirriitti ibsa. Haaluma kanaan namni kun qabiyyee hojii madaalamuu, sun maalummaa fi istaandardii ulaagaalee madaallii gadifageenyaan beekuu fi nama yommuu hojjetaan tokko hojjetu hordoffii barbaachisaa ta'e godhu ta'uuti irraa eegama

---

[43]. Akkuma 24[ffaa]

[44] . Olitti Yaadannoo Lak. 21. F.9

[45]. Olitti Yaadannoo Lak. 1

[46]. Olitti yaadannoo Lak. 2, F.221

Itti dabalees, namni madaalu tokko dhimma isa kamti isa kam irra baay'ee ykn xinnoo akka barbaachisu addaan baasee beekuu danda'uu qaba.

Gaaffiin itti aanee ka'uu malu namootni ulaagaalee armaan olitti taa'an kana guutuu danda'an eenyufaa dha kan jedhu dha. Hooggantoonni, miseensotni garee (peers), raawwattootni sadarkaa sadarkaan jiran (subordinates) hojjettoonni mataan isaanii tajaajilamtootnii (users of service) fi gorsitoonnii (consultants) adda durummaan mamoota madaaluu danda'an akka ta'e barreeffamootni adda addaa wabii bahu. [47]

a) **Hooggantoota:** hooggantoota yommuu jennu hoogganaa itti dhihoo ykn hoogganaa isaa ol jiruu fi waa'ee amala hojichaa sirriitti nama beeku kan akka dursaa muummee ta'uu danda'a. Adeemsi bal'inaan baratamee jiru garuu, madaalliin raawwii hojii hoogganaa dhihootiin kan geggeeffamu ta'ee, hoogganaa oliitiin immoo irra deebi'amee kan ilaalamu ta'uu isaati.[48] Sababni isaa hooggantoonni dhihoo hojjettoola isaan jala jiran bifa itti fufiinsa qabuun bulchuu, hordofuu, qajeelchuu fi to'achuuf carraa bal'aa qabu.[49]

b) **Miseensa garee (peers):** kun hojjettoota yeroo dheeraaf amala hojii tokko irratti waliin hojjetanii fi hojichis akka hojjettootni waliin hojjetan kan hirmaachisu yoo ta'e bu'a qabeessa kan ta'u dha.[50] Miseensotni garee sirriitti waan walbeekaniif madaalliin bifa kanaan geggeeffamus dhugummaa fi rogummaa ni qabaata jedhamee yaadama. Haata'u malee walmiidhuuf jecha ta'e secha, odeeffannoo sirriitti beekan kana akka ta'utti ibsuu irratti rakkinni mudachuu danda'a.[51] kanaaf, hiriina mataa isaatii qabaachuu danda'a.

c) **Raawwattoota sadarkaa sadarkaan jiran (subordinates)** kun hoogganaa tokkoo ittiin madaaluuf mala itti gargaaramnu yommuu ta'u, yeroo ammaa kana bal'inaan itti hojjetamaa kan jiru dha.[52] Fakkeenyaaf, barattoonni barsiisaa isaanii

---

[47]. Fakkeenyaaf, olitti yaadannoo Lak. 1; Lak 21, F.9, fi Lak. 28 ilaaluun ni danda'ama.

[48] .R.wayne Mondy and Robert M.Noe, Personnel Mangagement (1987), F.372.

[49] Olitti yaadannoo Lak. 2, F.221

[50] Olitti yaadannoo Lak. 31, F.222

[51] Akkuma 32ffaa

[52] Akkuma 33ffaa

madaaluu, raawwattoonni garee hojii tokko jala jiran dursaa garee ykn abbaa adeemsaa madaaluu fi, kkf madaallii raawwattootaan kenname jechuun ni danda'ama.

d) **Ofiin of madaaluu**: Hojjetaan tokko kaayyoo hojii hojjetuu fi istaandardii hojiin sun barbaadu sirriitti yoo beeke, raawwii hojii isaa ofuma isaa madaaluuf nama sirrii ta'a.[53]

e) **Tajaajilamtoota:** Isaan kun maamiltoota ykn dhimmamtoota hojjetaa tokkoo waan ta'aniif, waa'ee hojjetaa sanaa fakkeenyaaf, amala, ariitii fi kkf [54] ni beeku waan ta'eef, madaaluu ni danda'u.

f) **Gorsitoota:** Yeroo tokko tokko hojjettoonni madaallii hoogganaan geggeessu irratti amantaa dhabuu dandu'u. yookaan ammoo bulchiinsi mana hojii tokkoo akka hojjettoonni ofiin of madaalan ykn miseensonni garee ykn raawwattoonni madaallii geggeessan irratti amantaa dhabuu danda'u. Yeroo akkasii kana gorsitoonni leenji'uudhaan yeroo murtaa'eef hojjettoota akka hordofan gochuudhaan madaallii akka geggeessan gochuun ni danda'ama.[55]

Walumaagalatti, namootni armaan olitti caqafaman kunnniin qabiyyee, maalummaa fi istaandardii hojii sanaa beeku jedhamanii waan yaadamaniif, madaallii raawii hojii tokkoo geeggeessuuf, namoota sirriidha jedhamanii yaadamu.

Sirni madaallii raawwii hojii akka waliigalaatti, madaalliin raawwii hojii qaama tokko qofatti hirratti hirkatee geggeeffamu ammoo akka addaatti karaa tokkoonis ta'e karaa biraan rakkina akka qabu beekamaa dha.[56] Rakkuna kana dhiphisuuf yeroo ammaa sirni madaallii haaraa qaamota adda addaa of keessatti hirmaachisu biyyoota baay'een hojiirra oolee jira. Sirni madaallii kun madaallii digirii 360 (360-degree evaluation) jedhamu.[57] Maalummaa sirna madaallii kanaa mee akka armaan gadiitti haa ilaallu.

---

[53] Akkuma 34ffaa

[54] Akkuma 43ffaa

[55]. Olitti yadannoo Lak. 2, F.224

[56] . Akkuma 26ffaa; olitti yaadannoo Lak. 21, F.9

[57] . Olitti yaadannoo Lak. 21

g) Sirna Madaallii Digirii 360

Sirni madaallii digirii 360, madaallii madda danuu (multi-source rating) jedhamuun kan beekamu dha.[58]madaallii madda danuu kan jedhameef, madaallii raawwii hojii geggeessuuf maddi odeeffannoo kallatti adda addaan mana hojii keessaa fi mana hojii alaan kan guuramu waan ta'eef. Maddeewwan odeeffannoo keessaa warrii jedhaman hooggantoota, miseensota garee, raawwattoota sadarkaa sadarkaan jiran, hojjettoota mataa isaanii fi gabaasa keessaa yommuu ta'an, maamiltoonnii fi dhimmamtoonni adda addaa ammo maaddeewwan odeeffannnoo alaati. [59]sirni madaallii kun hunda-hammataa fi duguugaa (holistic and exhaustive) waan ta'eef, raawwiin hojjetaa tokkoo maal akka ta'ee fi bu'aa inni mana hojichaaf buuse sirriittii agarsiisuu kan danda'udha.[60] Kanaaf, sirna madaallii raawwii hojii akka asii keessatti, maddi odeeffannoo hoogganaa ykn qaama biraa tokko qofa miti. As irratti waanti hubatamuu qabu garuu ammayyuu taanaan gaheen hoogganaa ol'aanaa ta'uu isaati. Odeeffannoo laachuufis ta'e, odeeffannoon akka laatamuuf haala mijeessuu keessatti gaheen hoogganaan taphatu bakka bu'insa kan hin qabnedha.[61] Akka waliigalaatti, sirni madaallii digirii 360, madaalawaa, sirrii fi faayida qabeessa waan ta'eef, tooftaa fooyyaa'insa waliigalaa argamsiisuudha (developmental nature) jedhamee jajama.[62]

Kana jechuun garuu, sirni madaallii akkasii hir'ina tokkoyyuu hin qabu jechuu miti. Sirna kana saxaxuun hojiirra oolchuun humnaa fi yeroo hojjetaa fi mana hojii tokkoo akka malee kan barbaadu waan ta'eef, kan ulfaatu ta'uu isaarrayyuu, maddawwan odeeffannoo namoota ta'an ilaalchisuun icitii eeguu irratti rakkinni ni mudata.[63]

---

[58] 360 Degree Feedback-multi-source Feedback, http://www.buzzle.com/articles/360-degree-feedback.htm, Amajjii 28,2020 kan ilaalame.

[59]. Akkuma 40[ffaa]

[60]. Olitti yaadannoo Lak. 21

[61] .The Concepts, Process and Methods of Performance Appraisal, St. Mary's University College F.91 (Kan Hin maxxanfamiin)

[62]. Olitti Yaadannoo Lak. 21, F.9.

[63] .Akkuma 44[ffaa]

Walumatti, ciminaa fi hir'ina sirna madaallii digirii 360 akka armaan gadiitti gabateen ibsuun ni danda'ama.

Gabatee 1.8; Gabatee Ciminaa fi Hir'ina Sirna Madaallii Digirii 360 Agarsiisu.

Cimna (Faayidaa)	Hir'ina (Dadhabina)
• Ogummaa, dandeettii, beekumsaa fi amala hojiif barbaachisu ol guddisa. • Itti gaafatamummaa hojjettoonni maamila isaaniif qaban ni dabala. • Kaka'umsa gareen hojjechuu ni deggera. • Hojjetaan akka hojii keessa seenuuf humna hojii ni uuma. • Gulantaalee (hierarchies) adda addaa uumaman ni xiqqeessa. • Waantota milkaa'inaaf danqaa ta'an ni agarsiisa. • Fedhiiwwan fooyyaa'insaaf barbaachisan ni sakatta'a. • Raawwii hojii hojjetaa hunda hammataa ta'e diriirsuun loogummaa dhabamsiisa. • Hojjetaan ofumaan akka of foyyeessuuf haala mijeessa. • Amanamummaa adeemsa madaallii raawwii hojii ol dabala.	• Sodaa namootatti fiduu danda'a. • Yaadawwan walfaallessan ykn walitti bu'an uumamuu danda'u, • Hojjetaan madaallichi bakka na bu'a jedhee fudhachuu dhiisuu danda'a. • Icitii madaallii eeguu dhiisuu danda'a. • Yeroo baay'ee kan fudhatuu fi bulchiinsaan xaxamaa ta'uu danda'a. • Bu'aa madaallichaa hojiitti jijjiiruuf, eksipertii addaa barbaaduu danda'a. • Sirnicha bu'a qabeessa gochuuf namoota madaallicha bulchaniif, leenjii addaa kennuun barbaachisaa ta'uu danda'a.

Akkuma gabaticharraa hubachuun danda'amutti, sirni madaallii digirii 360 ciminaa fi hiriina mataa isaatii qaba. Madaalliiwwan biroo namoota armaan oliin (a-f) geggeeffamanis hir'inoota mataa isaanii akka qaban ilaalleerra. Isaaniin walbira qabnee yoo ilaallee garuu, faayidaan sirni madaallii digirii 360n geggeeffamu hir'ina isaa irra kan caalu fakkaata. Yeroo ammaa kana manneen hojii baay'een sirna madaallii kana fudhatanii hojiirra olchaa kan jiranis kanumaaf ta'uu hin oolu.

2.4.2. Yoom Akka Geggeeffamu

Madaalliin raawwii hojii sirnaawaa ta'e yeroo akkasii keessa geggeeffamuu qaba jedhamee jala muramee waanti taa'e hin jiru.[64] Kana irraa ka'uudhaan manneen hojii adda addaa keessatti yeroo adda addaa keessatti fakkeenyaaf, ji'a jaha jahatti, ykn waggaa waggaatti geggeeffama. Waggaa afuritti al tokko kan geggeessanis ni jiru. Fakkeenyaaf, biyyoota Jarmanii fi Faransaayitti, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa waggaa afuritti al tokko geggeeffama.[65] Kun kan agarsiisu yeroon madaallii raawwii hojii sirnaawaa ta'e itti geggeeffamu waajjira irraa waajjiratti garaagarummaa kan qabu ta'uu isaati. Haa ta'u malee, yeroon isaa murtaa'aa fi idilaa'aa ta'uun isaa kan wal nama gaafachiisuu miti

2.4.3. Ulaagaa Maaliin Akka Geggeeffamu.

Madaalliin raawwii hojii adeemsa dha.[66] Adeemsa kana keessatti ulaagaalee madaallii raawwii murteessuun sadarkaa duraa irratti argama.[67] Ulaagaalee madaallii jechuun ammo qabatamaan hojiin hojjetame sadarkaan isaa hangam akka ta'e kan itti safarru dha.[68] Akka waliigalaatti, ulaagaan madaallii raawwii hojii tokko hojjetaa sanaan kan walsimu, gaarii fi yaraa kan adda baasuu, fi hojiirra ooluu kan danda'u ta'uuti irraa eegama.[69] Kun immoo karaa adda addaa ilaalamuu kan danda'u yoo ta'ellee, naanna'ee, naanna'ee fiixaan ba'insa kaayyoo mana hoji tokkoon kan walqabatu ta'a. kaayyoon mana hojii tokko immoo galma ga'uu kan danda'u hojiin sun haala bu'a qabeessaa fi si'ata ta'een yoo hojjetame dha. Kana irraa ka'uudhaan, ***madaallii raawwii hojii =bu'a qabeessummaa + si'ayina*** jennee ibsuu dandeenya.

Kun immoo deebi'ee karaa adda addaa ibsamuu danda'a. Fakkeenyaaf, faayidaa manni hojii tokko argatu kan akka oomisha oomishamee, baasii qusatamee fi kkf yookaan

---

[64]. Olitti yaadannoo Lak. 2, F. 224

[65]. Gebru Zenebe, Judicial Independence in Ethiopia: Retrospects ets and prospects (1997) F. 42.

[66] Olitti yaadannoo lak. 2, F. 224

[67] Akkuma 48ffaa; olitti yaadannoo Lak. 1

[68] Olitti yaadannoo lak. 2, F 225

[69] Akkuma 50ffaa, F. 220

ammoo ulaagaalee kallattiin hojichaan walqabatanii fi amala dhuunfaa hojjetaan hojiirratti agarsiisuun ibsamuu danda'a.[70]

Ulaagaaleen madaallii raawwii hojii kaayyoo madaallii, gosaa fi sadarkaa hojjetaa irratti hundaa'uun garaagarummaa kan qabu dha.[71] Fakkeenyaaf, ulaagaaleen madaallii raawwii hojii abbootii seeraa, ulaagaalee madaallii raawwii hojii ogeeyyii fayyaa mana yaalaan tokko hin ta'u. sababni isaa, manneen hojii lameenuu (mana murtii fi mana yaala) kaayyoo fi mul'ata adda addaa qabu waan ta'eef. Waanti hubatamuu qabu garuu, ulaagaan madaallii raawwii hojii gosa kamiyyuu ifaa, kaayyoo qabeessa, hunda-hammataa (in corporate all the factors) fi haala salphaa ta'een hojiirra kan oolun ta'uu qaba.[72] Kana ta'uu baannaan, kaayyoon madaallii raawwii hojii galma gahuu hin danda'u.[73]

2.5. Tooftaa Itti Geggeeffamu

Madaallii raawwii hojii geggeessuun hojii bal'aadha. Hojii bal'aa kana haala bu'a qabeessa ta'een geggeessuun ammoo tooftaa barbaada. Tooftaa madaallii raawwii yommuu jennu ulaagaalee madaallii raawwii adda bahanii jiran ilaalchisuun odeeffannoon mala attamiin guuramanii mala akkamiin yoo xiinxalaman madaallichi bu'a qabeessa ta'uu danda'a gaaffii jedhu kan agarsiisu dha.

Asiin olitti ilaaluuf akkuma yaalle, guddinni madaallii raawwii hojii akkuma guddina dhala namaa yeroo irraa yerootti fooyyaa'aa kan deeme dha. Kana irraa ka'uudhaan tooftaalee madaalliin raawwii hojii itti geeggeeffaman kana bakka gurguddaa lamatti qoodanii ilaaluun ni danda'ama. Isaanis, tooftaalee madaallii raawwii hojii durii (Traditional performance evaluation methods) fi tooftaalee madaallii raawwii hojii duri

---

[70] Akkuma 51ffaa

[71] Akkuma 52ffaa

[72] Akkuma 53ffaa, F. 224

[73] Mulu Sendek, Appointment & Evaluation of Judges in Ethiopia: with Special Reference to Federal Judges in Addis Ababa (1997), Kolleejjii Siivil Sarvisii Itoophiyaa F 42 (kan hin maxxanfamiin)

kan hin taane (Non-traditional performance evaluation methods) jedhamu.[74] Isaan kana mee tokko tokkoon haa ilaallu.

2.5.1. Tooftaalee Madaallii Raawwii Hojii Durii

Tooftaaleen madaallii raawwii hojii as keessatti hammataman baay'eetu jiru. Isaan gurguddoon:

a) Tooftaa madaallii diriiraa (graphic rating scales) ykn (linear rating scales)
b) Tooftaa sadarkeessuu (rankings)
c) Tooftaa cheeklistii (checklist Methods)
d) Tooftaa barreeffama ibsaa (deseriptive essay methods)
e) Tooftaa akkatasaa madaaluu (critical incident methods)

a) Tooftaa Madaallii Diriiraa

Tooftaan madaallii diriiraa tooftaalee madaallii biroo dura hojiirra kan oolee fi bal'inaanis kan itti hojjetame dha.[75] Tooftaan kun hojii hojjetaan tokko qabatamaan hojjete ulaagaalee madaallii adda ba'an irra kaa'ee ilaaluudhaan sadarkaa (qaphxii) itti laataa kan adeemu dha.[76] Ulaagaaleen kunniin ilaalcha, beekumsa hojii, nama waliin waliigaluu, dandeettii teekinikaa, kaka'umsa hojii, gargaarsa gochuu fi kkf ta'uu danda'u.[77] Tooftaan madaallii diriiraa ulaagaalee madaalliitti kallattiin qaphxii ifaa laachuun ykn icitiin waan biraa fayyadamuun adeemsifamuu danda'a. Ulaagaalee madaalliitti kallattiin qaphxii ifaa itti laachuun (fkn 1, 2, 3, 4,….) kan geggeeffamu yoo ta'e, madaallii diriiraa walitti fufaa (continuous rating) yoo jedhamu; bifa icitiin waan biraa fayyadamuun kan geggeeffamu yoo ta'e (fkn. ol'aanaa gaarii…) ammoo addaan

[74] Olitti yaadannoo Lak. 1. F. 204

[75] Olitti yaadannoo Lak. 4, F. 66

[76] Akkuma 57ffaa

[77] Olitti yaadannoo Lak. 2, F. 226.

ciccitaa (non continuous rating) jedhama.[78] Yommuu bifa icitiin geggeeffamu namni madaallicha geggeessu durse qaphxii, jechoota ykn gaalewwan fayyadamanii murteessuu qaba.[79] Fkn, daran ol'aanaa= 4, ol'aanaa = 3, gahaa =2 gadaanaa =1, daran gad-aanaa = 0 kkf jechuu danda'a.

Qaphxiiwwan tokkoo tokkoo ulaagaalee madaalliitiif kennaman walitti ida'amuu dhaan ida'amichi bu'aa madaallii raawwii ta'a jechuu dha.[80] Akkaata tooftaan madaallii diriiraa itti hojjetu mee fakkeenyaan haailaallu.

Gabatee 3: Gabatee Mala Madaallii Diriiraa Walitti Fufaa ta'e Agarsiisu.

Maqaa Hojjetaa(ttuu)_____ **Adeemsa Hojii** _____ **Gahee Hojii** _____						
Lak.	***Ulaagaa Madaallii***	***Qaphxii***				
		5	4	3	2	1
1	Ilaalcha					
2	Beekumsa Hojii					
3	Nama waliin waliigaluu					
4	Dandeettii teekinikaa					
5	Kaka'umsa hojii					

Gabatee 4: Gabatee Mala Madaallii Diriiraa Addaan Ciccitaa Agarsiisuu.

Maqaa Hojjetaa(ttuu)_____ **Adeemsa Hojii** _____ **Gahee Hojii** _____						
Lak.	***Ulaagaa Madaallii***	***Qaphxii***				
		Daran Ol'aanaa	Ol'aanaa	Gahaa	Gad-Aanaa	Daran Gad-Aanaa
1	Ilaalcha					
2	Beekumsa Hojii					

[78] Akkuma 59ffaa

[79] Akkuma 60ffaa, F. 227

[80] Akkuma 61ffaa

3	Nama waliin waliigaluu					
4	Dandeettii teekinikaa					
5	Kaka'umsa hojii					

Akkuma gabatee kan irraa hubachuun danda'amutti, ulaagaalee madaalliitiif qaphxiin kenname kallattiin lakkoofsa miti. Bakka isaa jechootaa fi gaalewwan daran ol'aanaa, ol'aanaa, gahaa, gad-aanaa fi daran gad-aanaa jedhamantuu fayyadame. Yeroo akkanaa kana namni ykn qaamni firii madaallii kana bulchu daran ol'aanaaf, ol'aanaaf, gahaaf… kkf, qaphxii barbaachisaa ta'e fakkeenyaaf, 5,4,3,… kkf jedhee walduraa duubaan kennuufii danda'a. Gamlachuunuu yoo deemame jechuunis, walitti fufaas ta'e addaan ciccitaa firiin madaallichaa tokko waan ta'eef, garaagarummaa hin qabu. Fakkeenyaaf, hojjetaan madaalamu tokko ilaalcha =5, beekumsa hojii =3, nama waliin waliigaluu =4, dandeettii teekinikaa =3, fi kaka'umsa hojii =4 yoo argate, hojjetichi harka 25 keessaa =5+3+4+3+4 = 19 argate jechuudha. Firii kana barbaachisaa yoo ta'e, 25 keessaa 19 yoo argate, 100 keessaa meeqa argata jennee gara 100tti jijjiiruunis ni danda'ama. Akkaatuma kanaan,

25 = 19

100 = ?

$$= \frac{100x19}{25} = \frac{1900}{25} = \mathbf{76}$$

Tooftaan madaallii diriiraa bal'inaan kan itti hojjetamu akka ta'e gararraatti ilaalleera. Kanaafis sababa kan ta'e tooftichi baasii salphaa ta'een saxaxamuu kan danda'uu fi haala salphaa ta'een hojiirra oolee yeroo gabaabaa keessatti hojiiettoota hedduu madaaluuf kan nama dandeessisu ta'uu isaati.[81] Kun kan agarsiisu, bulchiinsi tooftaa madaallii kanaa salphaa ta'uu isaati. Kana jechuun garuu, malli madaallii diriiraa hir'ina tokkoyyuu hin qabu jechuu miti. Tooftichi bal'inaan hubannoo dhuunfaa (sub

[81] Akkuma 62ffaa; Appraisal Methods, Rating scales, http://www.performance-appraisal.com/ ratings. htm F . 1, Onkoloolessa 16, 2009 kan ilaalame.

jectivity) nama madaalu sanaa irratti kan rarra'uu ta'uun isaa hir'ina guddaa inni qabu dha. [82]

Jechootni ykn gaalewwan akka ulaagaaleen madaalliin ittin ibsamanis hiikkaa adda addaaf kan saaxilaman waan ta'eef, madaallichi hubannoo dhuunfaa nama madaalu sana irratti akka rarra'uuf karaa bana.[83] Kun immoo amanamummaan bu'aa madaallii akka xiqqaatu waan godhuuf rakkoo dha.[84]

Walumaagalatti tooftaan madaallii diriiraa faayidaa guddaa kan qabuu fi bal'inaan kan itti hojjetamu yoo ta'ellee, hir'ina mataa isaatii, kan qabu akka ta'e hubachuun nama hin dhibu.

b) Tooftaa Sadarkeessuu (Ranking Methods)

Tooftaan madaallii biroo tooftaa madaallii durii keessatti ramadamu tooftaa sadarkeessuuti. Akkuma maqaa isaa irraa hubachuun danda'amu tooftaa kanaan hojjettoota waldorgomsiisuun akkaataa cimina hojii isaaniitiin "baay'ee gaarii dhaa" hanga "baayee yaraatti" (from best to worest) sadarkaa'anii taa'u.[85] kana ibsuuf fakkeenyana haa ilaallu.

Mana hojii tokko keessa hojjettoota 20ti jira haajennu. Firii madaallii isaanii irratti hundaa'uudhaan, hojjettoonni 10 tarree baay'ee gaarii jalatti yommuu ramadaman, hojjettoonni 10 ammoo tarree baayee yaraa jalatti ramadaman haa jennu. Isaan tarree baayee gaaarii jalatti ramadamanis akka sadarkaa isaaniitti taa'u; kan tarree baay'ee yaraa jalatti kufanis akkasuma ta'u jechuu dha.

---

[82] Akkuma 63[ffaa]; akkasumas hir'inni tooftichaa http://www.performance-appraisal.com/ratings.htm FF. 2-4 irraatti ibsamee jira.

[83] Olitti yaadannoo Lak. 2, F. 227

[84] Akkuma 65[ffaa]

[85] Akkuma 66[ffaa]

Gabatee 5 Gabatee Tooftaa Madaallii Sadarkeessuu Agarsiisu

Tarree I (Baay'ee Gaarii)	*Tarree II (Baay'ee Yaraa)*
1. _____ (Baay'ee Gaarii)	11. _____
2. _____	12. _____
3. _____	13. _____
4. _____	14. _____
5. _____	15. _____
6. _____	16. _____
7. _____	17. _____
8. _____	18. _____
9. _____	19. _____
10. _____	20. _____ (Baay'ee yaraa)

Fakkeenyaaf, hojjetaan Obbo Tolaa Caalaa jedhamu firiin madaallii isaa hojjettoota hunda kan caalu yoo ta'e maqaan isaa tarree I, lak koofsa 1 irratti galmaa'a. Isaan gaarii keessa isa baay'ee gaarii ta'a. Akkaatuma firii isaaniitiin hanga 10tti itti fufu. Hojjetaan Namoo Barraaqaa jedhamu immoo qaphxii isaa gad-aanaa kan argate yoo ta'e, maqaan isaa tarree II, Lak. 20 irratti galmaa'a jechuu dha. Kan isaan kaaniis akkaatuma tartiiba firii isaaniitiin hanga 11tti galmaa'a. Inni lak. 20 irratti galmaa'u kun yaraa keessaa isa baayee yaraa ta'a jechuu dha.

Tooftaan sadarkeessuu haala salphaa fi baasii xiqqaan geggeeffamuu kan danda'u yoo ta'ellee, akkuma tooftaa madaallii hir'ina mataa isaa kan qabu dha.[86] Sababni isaa tooftaa kana keessatti namni madaalu loogii hojjechuuf carraan jiru bal'aadha.[87] Itti dabalees, tooftaan sadarkeessuu kun hojjettoota sadarkaan kaa'uu malee garaagarummaan hojjettoota sadarkaan taa'an jidduu jiru hangam akka ta'e

[86] Akkuma 67ffaa, F.228

[87] Akkuma 68ffaa

Kan agarsiisu miti.[88] Fakkeenyaaf, garaagarummaa hojjetaa sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa jidduu jiru xiqqoo ta'uu yoo danda'u, garaagarummaan hojjetaa sadarkaa 3ffaa fi 4ffaa jidduu jiru immoo bal'aa ta'uu danda'a. Tooftichi garaagarummaa kana hin kaa'u. kunis hir'ina biraa toofticha keessatti mul'atu dha. Haaluma walfakkaatuun, tooftaa kana hojjettoota baay'ina qaban irratti raawwachiisuun ulfaataa dha. Tooftichi namoota gareen hojjetanii fi yeroo dheeraaf waliin hojjetan irratti bu'a qabeessa ta'a.[89] kunis akka hir'ina tokkootti ilaalamuu kan danda'u dha. Sababa hir'inoota akkasii kana calaqqisiisuuf tooftichi bal'inaan kan itti hojjetamudha jechuun hin danda'amu.

c) Tooftaa Cheeklistii (Checklist Methods)

Maalummaa tooftaa kanaa barreessitoonni p.Subba Rao fi VSP Rao jedhaman akkas jechuun ibsaniiru:

> *The checklist is a simple rating technique in which the supervisor is given a list of statements or words and asked to check statements representing the characteristics and performance of each employee.*[90]

Kana jechuun tooftaan cheeklistii tooftaa barreeffamni waa'ee hojjetaa tokkoo ibsu barreeffamee hoogganaadhaaf kennamuudhaan barreeffamichi hojjetaa sana bakka bu'uu fi dhiisuu isaa haala hoogganaan sun itti mirkaneessu dha akka jechuuti. Tooftaan cheeklistii tooftaa cheeklistii salphaa, (simple checklist method), tooftaa cheeklistii madaalamaa (weighted checklist), fi filannoo dirqamaa (forced choice) jedhamee bakka adda addaa sadiitti qoodamuu danda'a. [91]

i) Tooftaa Cheeklistii Salphaa (Simple Checklist Method)

[88] Akkuma 69ffaa, F 227

[89] Olitti yaadannoo lak. 43, F. 50

[90] Olitti yaadannoo lak. 2, F. 230

[91] Akkuma 72ffaa

Tooftaan kun waa'ee hojjetaa madaalamuu kan ibsan himoota dhedheeroo of keessatti kan hammatu yommuu ta'u, hoogganaan eyyee ykn waa'ee jechuun mirkaneessaa kan deemu dha.[92] Kana mee fakkeenyaan haa ilaallu.

Maqaa mana hojii _____

Unka madaallii raawwii hojii

Maqaa hojjetaa/ttuu _____ Adeemsa Hojii _____

Gahee Hojii _____

Gabatee 6 :Gabatee Tooftaa Cheeklistii Salphaa Agarsiisu

Lak.	Odeeffannoo Hojjetaa	Amala
1.	Hojjetaan kun yeroo ni kabajaa?	Eeyyee/Waa'uu
2.	Hojjetaan kun hooggantoota waliin walitti dhufeenya gaarii ni qaba?	Eeyyee/Waa'uu
3.	Hojjetaan kun maamila sirriitti keessummeessaa?	Eeyyee/Waa'uu
4.	Hojjetaan kun hojiisaaf jaalalaa fi kabaja barbaachisu ni kennaa?	Eeyyee/Waa'uu
5.	Walitti dhufeenyi hojjetichi mana hojiin alatti hawaasa waliin qabu gaariidha?	Eeyyee/Waa'uu

Madda: Psubba Rao Fi VSP Rao, Personnel (Human) Resource Management, Text, Cases and Games, 2000 F.230

Tooftaa kanaan hogganaan "eyyee" ykn "Waa'uu" jechuudhaan waa'ee hojjetaa sanaa hima jechuu dha. Firiin qabamus baay'ina "waa'uu" of duubatti dhiisuun baay'ina "eyyee" qofa tilmaama keessa kan galchu ta'a.[93] Rakkoon tooftaa madaallii akkasiin wal qabatee mul'atu, himootni waa'ee hojjetaa sanaa ibsan dhedheeroo fi hundi isaanii yaada tokko kan ibsan fakkaachuu ykn immoo hooggantoota adda addaaf hiikkoo adda addaa qabaachuu danda'u.[94]

ii) Tooftaa Cheeklistii Madaalamaa (Weighted Checklist Method)

[92] Akkuma 73ffaa

[93] Akkuma 74ffaa

[94] Akkuma 75ffaa

> The weighted cheeklist metiod involuves weighting different items in the checklist, having a series of statements about an individual, to indicate that some are more important than others.[95]

Tooftaan kun akkuma tooftaa cheeklistii salphaa hoogganaan ulaagaalee madaallii adda addaa irratti hundaa'ee kan guutudha. Garaagarummaan mul'atu tooftaan cheeklistii madaalamaa keessatti tokkoon tokkoon ulaagaa madaallii qaphxii murtaa'ee of irratti baatee jira. Fakkeenyaa, yeroo kabajuu, beekumsa hojii, maamila keessummeessuu, amanamummaa fi hojjettootaan waliigaluun ulaagaalee madaallti yoo jenne, akkaataa madaalliin raawwii hojii tooftaa cheeklistii madaalamaa itti geggeeffamu itti geggeeffamu akka armaan gadiitti agarsiisuun ni danda'ama.

Gabatee 7: Gabatee Tooftaa Cheeklistii Madaalamaa Agarsiisu

1 Ulaagaalee madaallii (Checklist of qualities)	**2** Hanga tokkoon tokkoon madaallii baatu (Weights assigned to each)	**3** Qaphxiilee (Performance rating)					**4** Qaphxii Kenname (Obtained score)	**5** Qaphxii madaalame (Weighted score (2x3)
		5	**4**	**3**	**2**	**1**		
1. Yeroo kabajuu	0.5							
2. Beekumsa hojii	1.5							
3. Maamila keessummeessuu	1.0							
4. Amanamummaa	1.5							
5. Hojjetaan waliigaluu	1.0							

Madda: Psubba Rao Fi VSP Rao, Personnel (Human) Resource Management, Text, Cases And Games, 2000 F. 291 iraa fakkeenya kennuuf akka tolutti kan fudhatame.

Tarree lakkoofsa 4 jalatti qaphxiin guutamu qaphxii 5-1tti tarree 3 jalatti caqafaman keessa kan hoogganaan kennu dha. Fakkeenyaaf, yeroo kabajuu irratti hoogganaan qaphxii 4 yoo kenne, ulaagaa kana ilaalchisuun hojjetaan kun qaphxii 0.5x4 = 2 argate jedhama. Kan ulaagaalee biroos haaluma kanaan itti fufa. Firii madaallii waliigalaa kan

[95] Akkuma 76ffaa

ta'us ida'ama tokkoo tokkoo tarree 5 jalatti argameeti.[96] Kana mee fakkeenyaan haa ibsinu. Hoogganaan yeroo kabajuuf =4, beekumsa hojii =3, maamila keessummeessuu =2, amanamummaa =3, fi hojjetaan waliigaluu =5 hojjetaa madaalamuuf yoo kenne, firiin madaallii waliigalaa akka armaan gadii ta'a.

1. Yeroo kabajuu =…….… 0.5x4 = 2
2. Beekumsa hojii = ……..1.5x3 = 4.5
3. Maamila keessummeessuu =…… 1x2 = 2
4. Amanamummaa =……. 1.5x3 = 4.5
5. Hojjetaan waliigaluu =…….…… 1x5 = 5

18.00

Kannaf, hojjetaan kun 27.5 keessaa 18 argate jechuudha. Kana dhibbatti yoo deebifnu ammoo;

$\frac{18x100x10}{27.5x10} = \frac{18000}{275} =$ **65.45** ta'a jechuudha.

As irratti dhimmi hubatamuu qabu akkaataa tarree 2 jalatti ibsameen tokkoo tokkoo ulaagaalee madaallii irratti qaphxii murtaa'e itti baachisuun maaliif barbaachise kan jedhu dha. Kun kan barbaachiseef ulaagaalee madaallii hundaaf ulfaatinni walqixa ta'e hin kennamu. Sababni isaa ulaagaaleen tokko tokko ulaagaalee biroo irra daran barbaachisoo waan ta'aniif isaaniif qaphxii guddaa kennuun barbaachisaa ta'ee argama.[97] Fakkeenyaaf, fakkenya keenya armaan olii keessatti beekumsa hojii fi amanamummaaf qaphxiin kenname 1.5 waan ta'eef, ulaagaalee biroorraa iddoo ol'aanaati kennameef jechuun ni danda'ama.

Tooftaan kun sirriitti madaaluu kan nama dandeessisuuf bu'aa madaallichaa irratti hundaa'uun tarkaanfii fooyyaa'inaa fudhachuuf kan nama dandeessisu yoo ta'ellee, hir'ina mataa isaatii kan qabu dha. Innis tokkoo tokkoo gosa hojii mana hojii tokko keessa jiruuf cheeklistii adda addaa qopheessuu waan barbaaduuf saxaxuuf yeroo dheeraa fi baasii baay'ee kan gaafatu dha.[98]

iii) Tooftaa Cheeklistii Filannoo Dirqii (Forced Checklist Method)

---

[96] Olitti Yaadannoo Lak. 2, F. 232

[97] Olitti yaadannoo lak. 43, F.45

[98] Akkuma 79[ffaa], olitti yaadannoo lak. 2, F 232.

Tooftaan kunis gosoota tooftaa cheeklistii keessaa isa tokko ta'ee kan geggeeffamu himoota adda addaa waa'ee hojjetaa sanaa ibsan bakka tokkotti barreessuudhaan hoogganaaf dhiheessuun ta'a.[99] Yeroo baay'ee baay'inni himoota garee tokko keessa jiranii afur yommuu ta'an, lama gaarummaa hojjetaa sanaa kan ibsan yommuu ta'u (favourable) lama immoo hojjetaa sana xiqqeessanii kan ibsan (unfavourable) ta'u.[100] Hangi qaphxi himoota kanniinii icitiin qabama waan ta'eef, hooggannaan sun waan beeku hin qabu. Yeroo tokko tokko immoo himootni adda addaa shan garee tokko keessatti hammatamuu danda'u. yeroo akkasii kana immoo himni tokko gaarummaa ykn hojjetaa sanaa yarumaa kana ibsu miti. (neutral)[101]

Hoogganaan himoota lameen gaarummaa hojjetaa sanaa ibsan keessaa isa tokko fila; himoota yarummaa isaa ibsan keessaas akkasuma tokko fila.[102] Kaayyoon tooftaa madaallii akkasii loogii hoogganaan tokko hojjetu baay'inaan xiqqeessuudhaan ykn dhabamsiisuudhaan hojjetaa bu'a-qabeessa ta'e tokko hojjetaa bu'a-qabeessa hin taane irraa adda baasuuf jedhamee kan geggeefamu dha.[103] Dhugumayyuu, rakkina loogii kana dhabamsiisuuf, tooftichi sirriitti kan filatamu dha.

Haata'u malee tooftaan kun hir'inoota adda addaa kan qabu dha. Isaan keessaa muraasni:

1. *Himoota madaallii akkasiif tolan qopheessuun ulfaachuu danda'a, yeroos kan fudhatu dha;*
2. *Hooggantoota muuxannoo fi leenjii addaa hin qabneef, himoota kennaman keessaa adda baasanii filachuun ulfaachuu danda'a;*
3. *Hooggantoonni dhimmoota murtaa'oo ta'an qofaa keessaa waan filataniif, maaliif bilisummaan hojjettoota hin madaalluu jechuun haariin isaan itti dhagahamuu danda'a.*[104]

---

[99] Olitti yaadannoo Lak. 2, F. 232, lak. 4, F. 67

[100] Akkuma 81ffaa.

[101] Akkuma 82ffaa.

[102] Akkuma 83ffaa.

[103] Akkuma 84ffaa.

[104]. Olitti yaadannoo Lak. 2, F. 233; Lak. 4, F. 67.

d) Tooftaa Barreeffama Ibsaa (Descriptive Essay Method)

Akka tooftaa kanaatti hoogganaan hojjetaa isaa kan madaalu barreeffama hojjetaa sana ibsuu danda'u qopheessuudhaan.[105] Barreeffamni kun ciminaa fi laafina hojjetaa sanaa adda baasee agarsiisuudhaan hii'inoota hojjetaan sun qabu maqsuuf maal hojjechuun akka barbaachisu kallatti furmaataas kan agarsiisu dha.[106] Tooftichi kan xiyyeeffatu hojiiwwan xixiqqaa tokko tokkoon hojjetaman utuu hin taane, akka waliigalaatti hojiin hojjetame maal fakkata dhimma jedhu irratti dha.[107] Kun immoo akka hooggantoonni ykn namootni madaalan madaallii hojjetaa sanaa fi yaada rogummaa qabu mara bilisa ta'anii akka ibsaaniif waan gargaaruuf, faayidaa guddaa tooftichaan argamu dha.[108]

Haata'u malee, tooftaan kun hir'ina mataa isaa kan qabu dha. Tokkoo tokkoo hojjetaa barreeffamaan madaaluun yeroo hedduu kan fudhatuu fi hubannoo dhuunfaa hooganaa irratti kan rarra'u dha.[109] Kana biratti, dandeettiin barreeffamaan ibsuu hooggantoota biratti garaagarummaa ni qabaata. Hooggantoonni tokko tokko haala bareedaa, mi'aa, gabaabaa fi hawwataa ta'een ibsuu yoo danda'an; kuun ammoo kana irratti dadhaboo ta'uu danda'u. Kun ammoo firiin madaallii raawwii hojii, hojii irratti utuu hin taane, qulqul'ina barreeffama hoogganaa irratti akka rarra'u waan godhuuf hir'ina dha.[110]

e) Tooftaa Akka - tasaa Madaaluu (Critical Incident Method)

Tooftaan kun ka'umsa kan godhatu madaallii raawwii hojii tibba murtaa'e qofa keessa akka geggeeffamu gochuun hir'ina mata isaatii qaba kan jedhu dha.[111] Sababni isaa tibba madaalliin geggeeffamu sana qofa inni madaalus ta'e inni madaalamu of

---

[105].Appraisal methods, Essay method, http://www.performance-appraisal.com/essay.htm F-1, Onkoloolessa 16, 2009 kan ilaalame.

[106]. Akkuma 87ffaa; olitti yaadannoo lak. 2, F. 234

[107]. Akkuma 88ffaa.

[108]. Akkuma 89ffaa

[109] Akkuma 90.ffaa

[110] Olitti yaadannoo lak. 2, F. 235

[111] Olitti yaadannoo lak. 4, F. 68; Lak. 2, F. 233.

eeggannoo addaa akka fudhatuuf karaa waan saaquuf, bakka bu'ummaa fi dhuga-qabeessummaa firii madaallii raawwii hojiichaa gaaffii keessa galchuu kan danda'u dha.[112] Kanaaf, akka tooftaa kanaatti hoogganaan tokko hojjetaa isaa hhaala walitti fufiinsa qabuun hordoffii godhee bu'aa raawwii isaa (yaraas ta'e, gaarii) yaadannoo dhimma kana qofaaf qophaa'e keessatti galmeessuu qaba kan jedhu yaada akka filannootti dhihaate dha.[113] Firiin madaallii raawwii hojiis kan shallagamu bu'aa waliigalaa yaadannoo irratti yeroo yerootti galmeeffamaa ture gidduu galeessa godhachuun ta'a. Tooftaan kun ragaa qabatamaan yeroo yerootti galmeeffamaa ture irratti hundaa'ee waan geggeeffamuuf, loogii xiqqeessuuf kan gargaaru yoo ta'elle, hir'inoota tokko tokko kan qabu dha. [114]

Tokkoffaa, hoogganaan haala walitti fufiinsa qabuun akka tasaa raawwii hojii hojjetaa yaadannoo qabachaa kan deemu dha. Haa ta'u malee, akka tasaa jechuun maal jechuu akka ta'e irratti yaadni walfakkaataa ta'e hin jiru.[115] Akki tasaa yoom, yoom ta'uu qaba? Guyyaa guyyaattii? Turban, torbanitti? Kun ifa miti. Lammeffaa haala walitti fufiinsa qabuun hooggantoonni kan agochuuf itti ulfaachuu danda'a.[116] Hooggantoonni hojii biraattis ko'eeyyii waan ta'aniif, qabatamaan kana hojiirra oolchuu irratti hanqinni mul'achuu danda'a.

Walumaagalaatti, tooftaaleen madaallii raawwii hojii durii keessatti ramadaman maqaa fi akkaataa raawwii isaaniin adda addummaa kan qabani dha. Tokkoon tokkoon isaaniis ciminaa fi hanqina mataa isaanii kan qabani dha. Kana irraa kan ka'e tooftaalee madaallii raawwii hojii biroo saxaxanii hojiirra oolchuun fedhii bulchiinsa jabanaa ta'aa dhufe. Tooftaaleen madaallii raawwii hojii ammayyaa'oo ta'an kunniin maal maal akka ta'an itti aansuun kutaa armaan gadiitti ilaalla.

2.5.2. Tooftaalee Madaallii Raawwii Hojii Ammayyaa (Non-traditional Performance Evaluation Methods)

[112] Akkuma 93.ffaa

[113] Akkuma 94.ffaa

[114] Akkuma 95.ffaa

[115] Akkuma 96.ffaa

[116] Akkuma 97ffaa

Hubannoon madaallii raawwii hojii irratti dura turee fi amma jiru garaagara akka ta'e boqonnaa kana keessatti gabatee Lak. 1n agarsiisuuf yaalleerra. Garaagarummaa kana qabatama gochuuf ammoo tooftaaleen madaallii raawwii hojii garaagara ta'uun kan oolu miti.

Tooftaaleen madaallii raawwii hojii ammayyaa ta'an beekamoon tooftaa bu'aa hojii fi tooftaa BARS jedhamu.[117] Maalummaa tooftaalee kanniinii itti aansuun ilaalla.

a) Tooftaa Bu'aa Hojii Irratti Hundaa'e

Tooftaan kun "results method ykn management by objectives (MBO)" jedhamuun tooftaa beekamu dha. Tooftaa kana barreessitoonni PSubba Rao fi VSP Rao jedhaman akka armaan gadiitti ibsu.

> *MBO is a process whereby one superior and subordinate managers of organization jointly identify its common goals, define each individual's major areas of responsibility in terms of results expected of him, and use these* measures of guides for operating the unit and assessing the contribution of its members. [118]

Kana jechuun, tooftichi adeemsa hoogganaa fi hojjetaan waliin ta'uudhaan galma mana hojii adda baasan, tokkoo tokkoo hojjetaaf itti gaafatama hojii murteessan, itti gaafatama kana bahachuu fi bahachuu dhiisuu isaa hojiin kan itti madaalanii fi faayidaa hojjetaan tokko mana hojiif argamsiises hojiilee qabatamaan hojjetaman kana bu'uureffachuun haala itti madaalan akka jechuuti. Xiyyeeffannoon tooftaa kanaa haala kamiin hojjetame kan jedhu osoo hin taane, maalti hojjetame kan jedhu dha. Ibsa biraatiin, hojjetaan kan madaalamu hojii qabatamaan hojjeteen malee, hojii hojjechuu danda'uun ykn tilmaama dhuunfaa dandeetti hojjetaa sanaa ibsu irratti hundaa'amee miti.[119] Madaallii raawwii hojii durii keessatti xiyyeeffannoon kan itti kennamu amala dhuunfaa hojjetaatti yommuu ta'u, madaallii raawwii hojii amayyaa ammmoo keessatti hojii qabatamaan hojjetame irratti akka ta'e olitti ilaalleerra.

---

[117] Olitti yaadannoo lak. 1, F. 204.

[118] Olitti yaadannoo lak. 2, F. 240

[119] Appraisal Methods, Results Method (Management By Objective) http://www.performance-appraisal.com/results.htm. F 1, Onkoloolessa 16, 2009 kan ilaalame.

Tooftaan madaallii raawwii hojii bu'aa hojii irratti hundaa'u yaada kana kan cimsu dha. Kana jechuun garuu, tooftaan kun amala dhuunfaa hojjetaa tasuma tilmaama keessa hin galchu jechuu miti. Sababni isaa yaadni bu'uuraa tooftichi hordofu hojii hojjetame tokko qabatamaan safaruu waan dandeenyuuf, amala dhuunfaa hojjetaa sanaa kanumarraa kaanee tilmaamuu dandeenya kan jedhu waan ta'eef.[120] Kana waan ta'eef, akka tooftaa kanaatti madallii raawwii hojii sirrii hojjetaa bakka bu'uu danda'u geggeessuun yoo barbaachise, xiyyeeffannoon guddaa amala dhuunfaaf osoo hintaane, hojii qabatamatti hojjetame jiru ta'uu qaba. Tooftaa kana hojiirra oolchuuf, haala dureewwan adda addaa hojjechuun barbaachisaa dha. Isaanis, hooggantootnii fi hojjettoonni waliin ta'uun,

- *Galma hojii qopheessuu; galma gahumsa isaafis sadarkaa hojii (standard) kaa'u;*
- *Galma taa'ee jiru yeroo yerootti hordofuun jijjiirama barbaachisu gochuu;*
- *Galmi qabamee jiru galma gahuu fi dhiisuu isaa irratti mari'achuu; galma hin geenye yoo ta'e sababa isaa adda baasuu fi,*
- *Hojii hojjetamee jiru irraa ka'uudhaan galma haara kaa'uun yoo barbaachise yeroo hojii itti aanuuf kaa'uu dha.* [121]

Kun kan agarsiisu tooftaan kun durumaan kaasee hojjetaatti kallattii hojii kan agarsiisu ta'uu isaati. Sababni isaa galmi hojii maal akka ta'e hoogganaa fi hojjetaan waliin waan murteesseef. Kana waan ta'eef, tooftichi tooftaa hojjetaa fooyyeessuu fi galma qabame milkeessuu danda'u dha jedhamee jajama.[122] Kana jechuun garuu, tooftaan madaallii raawwii kun hir'ina hin qabu jechuu miti.

Akkuma olitti ibsame tooftichi tooftaa hoogganaa fi hojjettoota walqixa hirmachiisu dha. Haata'u malee, qabatamaatti hooggantoonni tokko tokko aadaa akkasii kana fudhatanii hojiirra oolchuu keessatti rincica agarsiisuu danda'u.[123] Haaluma

[120] Akkuma 101ffaa

[121] Olitti yaadannoo lak. 2, F. 240

[122] Akkuma 103,ffaa F. 241

[123] Akkuma 104ffaa.

walfakkaatuun, galma hojii duraan taa'e haala yeroo waliin jijjiiruun walqabatees hir'inni mul'achuu mala. Sababni isaa jijjirama yeroo irratti hundaa'uun galmi yoo jijjiiramu hojjettoonni dafanii jijjiirama kanaan walbaruu dhiisuu waan danda'aniif, yeroo murtaa'eef burjaajja'uu danda'u.[124] Kunis hir'ina tooftichaa keessaa akka isa tokkootti kan ilaalamu dha. Itti dabalees, madaalliin raawwii hojii kan geggeeffamu bu'aa raawwii hojii waliigalaa irratti hundaa'un isaa hojjettoota biratti fuula duratti tilmaama sirrii hin taane tilmaamuun akka hojii dagataniif qaawwa banuu danda'a. [125]

Walumaagalatti, tooftaan madaallii raawwii kun hir'inoota armaan olitti caqasaman kana haaqabaatu malee, tooftaa hammayyaa fi bal'inaan kan itti hojjetamu dha.

b) Tooftaa BARS

Tooftaan madaallii raawwii hojii hammayyaa ta'e inni biraa ammoo tooftaa BARS yoo jedhamu, innis "Behaviourally anchored Rating scales" kan jedhu bakka bu'a. Tooftaan kun tooftaalee madaallii raawwii hojii durii ta'an adda addaa waliin make hammayyeessee kan dhiheessu yommuu ta'u, hojiirra oolmaa isaaf ammoo namoota amala hojiin wal beekan fayyadamuu barbaada.[126] Tooftaaleen madaallii raawwii hojii durii tooftaan BARS fayyadamu tooftaa akka tasaa (critical incident method), tooftaa madaallii diriiraa (graphic rating scale), fi tooftaa cheeklistii madaalawaa (weighted checklist method) fa'i. [127]

Tooftaalee adda addaa durii kanatti fayyadamuun ulaagaaleen madaallii raawwii hojii calalamanii eerga adda bahanii booda, qaphxiin ifa ta'e itti kennamuudhaan, hoogganaan kana irratti hundaa'ee qaphxii hojjetaa sana bakka bu'a jedhee amanu kan

[124] Olitti yaadannoo lak. 101, F. 2

[125] Akkuma 106ffaa.

[126]. Olitti yaadanno Lak. 2, F. 235

[127]. Akkuma 108ffaa

guutu dha.[128] Tooftaa BARS hojiirra oolchuuf adeemsa adda addaa keessa dabarsuun barbaachisaa ta'a. [129]

Tokkoffaa, amala hojii irratti hundaa'uun tooftaa akka tasaatti (critical incident) fayyadamuun ulaagaalee bu'a qabeeyyii ta'anii fi hin taane (effective and non-effective) adda baasuu. Kun namoota amala hojichaa sirriitti beekanii fi hooggantootaan ta'uu qaba. Lammeffaa, ulaagaalee haala armaan oliin adda bahan kana keessaa kanneen murteessoo ta'an akkaataa walitti dhiheenyaa fi walfakkeenya isaaniitiin cuunfanii bakka tokkotti gurmeessuu; tokkoo tokkoo isaaniitis istaandardii hojii kaa'uu. Sadeffaa, ulaagaaleen adda bahan kunniin akkaataa amala hojichaan walsimuu isaanii irra deebi'anii qulqulleessuu. Afraffaa, tokkoo tokkoo ulaagaalee sanaaf ulaagaalee xixiqqoo baasuun qaphxii kennuu dha. Qaphxiin kun gaarii, baay'ee gaarii fi kkf ykn ammo 1, 2, 3, 4…. Jedhamee ibsamuu danda'a. ulaagaaleen xixiqqoo qaama waagaalee gurgudttoo ta'anii filatamuuf marii ogeeyyii dhimma kana hojjetanii irratti kan hundaa'uu fi yoo xiqqaate sagalee ¾ n mirkanaa'uu kan barbaadu dha. Dhuma irratti, adeemsota kunniin walitti qabuudhaan tooftaa BARS ijaaruu dha.

Akka deggertoota tooftaa kanaatti, tooftichi hooggantootaa fi hojjettoota biroo tooftaa hirmaachisu waan ta'eef, fudhatama kan qabu dha. Itti dabalees, hojii giddu galeessa godhatee kan socho'u waan ta'eef, rogummaa fi dhugummaan isaa guddaa dha jedhu.[130] Haata'umalee, tooftaan kun qeeqama irraa bilisa kan ta'e miti. Qorattoonni toofticha yoo qeeqan, tooftichi kan xiyyeeffatu firii hojii osoo hin taane gocha irratti (activity oriented rather than result oriented) dha. jedhu. Sodaan jara kanaa tarii, hojjetaan tokko gocha guyyaa guyyaatti godhuun cimaa ta'ee, bu'aan inni akka waliigalaatti qabatamaan buuse yoo dhibe faayidaa hin qabu kan jedhu ta'uu danda'a. Haaluma walfakkaatuun, unkaa madaallii akkaataa gahee hojii isaaniitiin tokkoo tokko hojjetaaf qopheessuu kan barbaadu waan ta'eef, toofticha saxaxuuf yeroo fi baasii

---

[128]. Akkuma 109[ffaa]

[129] . Adeemsonni kunniin olitti yaadannoo lak 2, FF 235-236, ykn Behaviorally Anchored Rating Scales Law & Legal Definition http://definitions.uslegal.com/b/ behaviourally-anchored-rating-scales/ Amajji 25, 2010 kan ilaalame keessattis ibsamanii argamu.

[130]. Olitti yaadanoo Lak. 2, F. 236

guddaa kan gaafatu dha. Gabaabumatti, tooftaan kun dogoggoroota tooftaalee madaallii biroo keessatti uumamuu danda'an kan hambisu waan hin taaneef, tooftaalee biroo irra kan filatamu miti jedhamee qeeqameera.[131]

Akkaataa tooftaan madaallii raawwii hojii BARS itti diriirsan, mee ofiisera seeraa mana murtii aanaa tokko fudhannee fakkeenyaan haa ilaallu. Kanneen armaan gadii aangoo fi gahee ofiiseera seeraa mana murtii aanaa keessaa isaan muraasa [132]

1. Galmee banuu,
2. Deebii fuudhuu,
3. Galmee kaa'uu,
4. Beellama kennuu,
5. Ajaja adda addaa barreessuu,
6. Galagalcha ol iyyataa kennuu,
7. Mallaqa abbaa seerummaa walitti qabu,

Hojiiwwan 1,2, fi 3 waan walfakkaataniif, sadanuu garee tokko keessa kaa'uun ni danda'ama. Hojiiwwan 4 fi 5 jala jiranis waan walitti dhihaataniif bakka tokkotti gurmaa'uu danda'u. gareewwan lameen kana ammoo deebisanii mata-duree itti uumuudhaan garee tokko gochuun ni danda'amaa. Fakkeenyaaf, mata-duree Beekumsa hojii jedhu uumuun jala galchuun ni danda'am. Kana booda, beekumsi hojii ofiisera seeraa mana murtii aanaa maal akka ta'e beekuuf, tooftaa diriiraa salphaatti fayyadamnee madaaluu dandeenya. Fakkeenyaaf;

Gabatee 8: Tooftaa BARSn Madaallii Beekumsa Hojii Ofiisera Seeraa Mana Murtii Aannaa Agarsiisu

Iskeelii Taa'ee (Rating Scale)	Qaphxii (Points)	Amala (Behavior)
Daran ol'aanaa	4	Ofiiserrii kun beekumsa hojii sirrii fi amma irraa eegamu caalaa qaba.
Ol'aanaa	3	Ofiiserri kun ammoo beekumsa hojichaaf barbaachisu hunda ni qaba.
Gadaanaa	2	Ofiiserri kun hojii kennameef beekee hin hojjetu
Daran gad-aanaa	1	Ofiiserri kun hojii kennameef beekee hojjechuu haa turuu, hojiiwwan biroonillee akka waldhahaniif sababa ta'aa kan jiru

[131]. Akkuma 112[ffaa]

[132] . Kwt 15, Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebi'anii Hundeessuuf Bahe, Lak 141/2000,

		dha.

Walumaagalatti, sirna bulchiinsa humna namaa keessatti tooftaaleen madaallii raawii hojii lakkoofsaan hedduu yoo ta'an illee, bal'inaan kan itti hojjetaman kannneen armaan olitti ibsamani dha. Tooftaaleen kunniin hir'inaa fi cimina mataa isaanii qabu. Manneen hojiis ciminaa fi hir'ina jiru kana tilmaama keessa galchuun tooftaa amala hojii isaanii waliin deemu fi latanii kan itti hojjetanidha.

2.6. Amaloota Sirna Madaallii Raawwii Hojii Bu'a Qabeessaa. [133]

Bu'aa madaallii raawwii hojii irratti hundaa'uun murtiiwwan adda addaa kallattiinis ta'e al kallattiin hojjetaa dhuunfaas ta'e mana hojii tokko irratti dhiibbaa qabaatan ni darbu. Kana waan ta'eef, sirni madaallii raawwii hojii bu'a qabeessa ta'uuti irraa eegama. Bu'a qabeessummaan sirna madaallii raawwii hojii amaloota adda addaa kan qabu yoo ta'u, kanneen armaan gadii isaan hangafaati.

a) **Rogummaa fi Dhugummaa (Reliability and validity):** odeeffannoowwan madaallii raawwii hojii kara karaa guuraman kan walsimanii fi wal deggeran ta'uun kaayyoo mana hojichaa kan deggeran ta'uuti irraa eegama. Kun fakkeenyaaf, namoonni beekumsaa fi sadarkaan isaanii walfakkaataa ta'e tooftaa madaallii raawwii tokkootti fayyadamanii hojjetaa kan madaalan yoo ta'e, firiin madaallii namoota kanaan geggeeffame walsimuu danda'uu qaba. Kan jedhuun ibsamuu danda'a.

b) **Hojii Madaalamuun Walitti Hidhamuu (Job Relatedness):** odeeffannoon madaallii raawwii hojiin kennamu, waa'ee hojii mana hojii sanaan walitti kan hidhamu ta'uu qaba.

c) **Qabatamaan Hojiirra Ooluu Danda'uu (practical viability):** Tooftaaleen madaallii geggeessuuf filatamanii fi akka waliigalaatti ammoo adeemsi madaallii raawwii hojii tokkoo qabatamaan hojiirra ooluu danda'uu qaba.

[133] Amalootni kunnin PSubba Rao fi VSP Rao olitti caqafame fuulota 245-246 irraa fudhataman.

d) **Seera Jiruun Walsimuu**: Sirni madaallii raawwii hojii seerota bahanii jiran waliin kan walsimu ta'uu qaba. Amalli kun keessumaayyuu, madaallii raawwii hojii abbootii seeraa irratti sirriitti kan raawwatu dha. Sababni isaa, adeemsi madaallii raawwii hojii bifa kamiinuu taanaan bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa heeraa fi seeraan mirkanaa'ee jirutti bu'uun irra hin jiraatu.

e) **Namoota Leenjii Qabaniin Geggeeffamuu**: Adeemsi madaallii raawwii hojii bal'aa waan ta'eef, cimuu danda'a. kanaaf, namoota madaallii geggeessaniif leenjii kennuun barbaachisaa dha. Leenjiin kun keessumaa akkaataa gaaffii afaanii itti adeemsisan, waraqaa madaallii raawwii hojii itti olkaa'an, dogoggoroota madaallii raawwii hojii keessatti uumamuu danda'an itti sakatta'anii fi akkaataa icitiin madaallii raawwii hojii itti eegamuu danda'uuf kkf, irratti kan xiyyeeffatu ta'uu danda'a.

f) **Bu'aa Madaallii Hojjetaaf Ifa Gochuu Danda'u: (Employee Assess to Results**): Hojjettoonnii haala maaliin hojii isaanii geggeessaa akka jiran beekuu barbaadu. Kanaaf, bu'aan madaallii raawwii hojii haala itti fufiinsa qabuun hojjetaaf ibsamuu qaba. Kun hir'innii fi ciminni isaanii eessa akka ta'e bira gahuuf waan gargaaruuf, barbaachisaa dha. Qaamni firii madaallichaa irratti mormii qabus mormii isaa akka dhageessifatuuf karaa saaqa.

g) **Walqunnamtii Ifa Ta'e Gochuu Danda'uu (open communication):** Adeemsi madaallii raawwii hojii ifa ta'uu qaba. Fakkeenyaaf, gaaffiiwwan madaalliif geggeeffaman (appraisal interviews) hojjetaa sanaafis ta'e qaama madaallii geggeessu sanatti qaawwa hojjetaa madaalamuu agarsiisuu danda'uu qaba. Kun gara fuulduraatti firiin madaallii hojjetaa madaalamuu maal ta'uu akka danda'u durumaan hojjetaan akka tilmaamuuf kan gargaaru waan ta'eef, firii madaalliichaa amananii fudhachuu irratti mormii dhabamsiisa ykn xiqqeessa.

h) **Adeemsi komiin Itti Dhagahamu Jiraachuu (due process):** Hojjettoonni tokko tokko firiin madaallii raawwii hojii bakka nuun hin bu'u jechuun mormii ykn komii adda addaa kaasuu danda'u. sirni madaallii raawwii hojii komii akkasii kana keessuummeessuu danda'u diriirsuu qaba.

Walumaagalatti, madaalliin raawwii hojii amaloota armaan olii agarsiisuu bu'a-qabeessa jedhamee kan tilmaamamu dha. Bu'a qabeessa kan jedhames kaayyoo adda duraa madaallii raawwii hojii kan ta'e, jechuunis fooyyaa'insa (developmental purpose) barbaadamu kan argamsiisu waan ta'eefi dha.

Boqonnaa Lama

Madaallii Raawwii Hojii: Waliigala

Madaalliiwwan raawwii hojii adda addaa amaloota walfakkaataa ta'an waliin ni qooddatu. Kanaafis sababa kan ta'u, hundi isaaniiyyuu gaaffiiwwan bu'uuraa kan akka faayidaan madaallii raawwii hojii maal madaalliin raawwii hojii ulaagaalee maaliin geggeeffama madaallii raawwii hojii geggeessuu keessatti rakkoowwan mudachuu danda'an maalfaadha madaallii raawwii hojii geggeessuuf tooftaaleen jiran maalfaadha? Kan jedhan deebisuun isaan irraa waan eegamuufidha.[134] Kun kan agarsiisu, madaallii raawwii hojii abbootii seeraa fi madaallii raawwii hojii oggeessota biroo jidduu walitti dhufeenyi kan jiru ta'uu isaati. Waan kana ta'eef, madaallii raawwii hojii abbootii seeraa ilaaluun dura madaallii raawwii hojii akka waliigalaatti ilaaluun barbaachisaa ta'a. Boqonnaan kunis kan xiyyeeffatu, maalummaa fi guddina madaallii raawwii hojii, faayidaa inni qabu, rakkoowwan adeemsa isaa keessatti mudatan, ulaagaalee fi tooftaalee itti geggeessanii, fi amalootni madaallii raawwii hojii gaarii maalfaa akka ta'an irratt dha. Mee tokko tokkoon haa ilaallu.

2.6. Maalummaa fi Seenaa Guddinaa

2.6.1. Maalummaa

Hayyootni bulchiinsaa madaallii raawwii hojiif hiikkaa adda addaa yommuu kennan ni mul'ata. Fakkeenyaaf, hayyootni subbaa Raa'oo fi VSP Raa'oo jedhaman madaallii raawwii hojii akka armaan gadiitti hiikaniiru.

---

[134]. Peter Loren zi, Managing for Performance, University of Kansas-Lawrence (1953), F. 203

Performance appraisal is a method of evaluating the behavior of employees in the workspot, normally including both the quantitative and qualitative aspects of job performance. [135]

Kana jechuun, madaallii raawwii hojii jechuun, mala amala hojjettoonni hojii irratti qaban bifa baay'ina hojii hojjetamee fi qulqul'ina hojii hojjetame of keessatti haamachuu danda'uun itti madaalan jechuu dha. Ibsa biraatiin: hojjetaan tokko hojjedhu jedhamee hojii kennameef bifa safaramuu danda'uun hangam tokko raawwateera jedhanii malli ittiin madaallii madaalan raawwii hojii jedhama.[136] Hikkoon madaallii raawwii hojii kana qofa miti. Hayyootni biroo, Sekisten Addaamii fi Adelaayid Giriiffin jedhamanis madaallii raawwii hojii,

Performance appraisal is a method for management to make fair and impartial analysis of the value of employees to the arganization. [137] *jechuun hiikanii jiru.*

Akka hiikka kanaatti, madaallii raawwii hojii jechuun mala faayidaa hojjetaan tokko mana hojii tokkoof qabu bifa sirrii fi alloogii ta'een bulchiinsi mana hojii sanaa Xiinxaluu itti danda'u jechuudha.

Hiikkaawwan madaallii raawwii hojii lameenuu haala adda addaan kan ibsamanidha. Haata'u malee, hubannoon yoo xiinxalaman lamaanuu ergaa tokko dabarsu. Innis, madaalliin raawwii hojii mala ta'uu isaa fi malli kunis hojiin hojjetaan tokko hojjete hangam akka ta'e bifa sirrii ta'een kan ittiin agarsiisan ta'uu isaati.

Gabaabumatti, madaallii raawwii hojii jechuun hojjetaan tokko hojiin tokko hojii isaa ta'uu eerga beekee booda, baay'inaa fi qulqul'ina barbaadamuun hangam tokko yeroo kenname keessatti raawwateera jedhanii mala itti madaalan jechuu dha.

2.6.2. Seenaa Guddinaa

---

135. P. Subba Rao & VSP Rao, personnel (Human) Resource Management Text, Cases and Games, Konark Publishers PVT Ltd (2000) F. 218.

136. Akkuma 2ffaa

137 . Sexton Adams & Adelaide Griffin, Modern Personnel Management (A Self-Instruction Program: Cases and Applications) (1987) F.57

Akkaataan madaallii raawwii hojii itti geggeeffamu yeroo irraa yerootti garaagarummaa kan qabu yoo ta'ellee, raawwii hojii nama dhuunfaa ta'e garee tokkoo madaaluun durumaan kan barsiifame dha.[138] Madaalliin raawwii hojii kun bakka tokko tokkotti caaseffamaaa fi idilaa'aa yommuu ta'u, bakka tokko tokkotti immoo kan hin caaseffamnee fi hin idiloofne ta'uudhaan guyyaa guyyaan kan itti hojjetamudha.[139] Fakkeenyaaf, barsiisaan barataa isaa, maatiin ijoollee isaa, baankiin maamila isaa, namni dhuunfaa hojii dhuunfaa isaa itti yaaduunis ta'e, utuu itti hin yaadiin madaalaa oola. [140]

Madaalliin raawwii hojii hammayyaa ta'e garuu, bifa sirnaawaa, caaseffamaa, idilaa'aa fi karoorfamaa ta'een kan geggeeffamu yommuu ta'u, kan eegales Waraana Addunyaa Lammeffaa keessaa fi isaa booda dha.[141] Yeroo kana keessa sirni madaallii raawwii hojii hammayyaa kan diriire raawwii hojii ajajoota waraanaa (military officers) madaauuf jedhameeti.[142] Madaalliin raawwii hojii kun baroota kudha sagal digdamootaa fi kudhasagal afurtamoota keessas hojjettoota industirii keessa hojjechuudhaan kaffaltiin isaanii sa'atii irratti hundaa'uun kaffalamuuf madaaluuf fayyadeera.[143] Madaalliin yeroo kana keessa tures *meeriitii* qofa irratti kan hundaa'e ture. Booda keessa garuu, keessumaa kudhasagal shantamoota irraa eegaluun guddinni sirna bulchiinsaa fooyyaa'aa waan deemeef, madaalliin raawwii hojii *meeriitii* qofa osoo hin taane ulaagaalee biroo kan akka teekinikaa, dandeettii, ogummaa fi kanniin biroo of keessatti hammachuu akka qabu ta'aa dhufe.[144] Kanaaf, madaallii raawwii hojii irratti hubannoon dura turee fi amma jiru garaagarummaa kan qabu dha. Garaagarummaa kana akka armaan gadiitti gabateen agarsiisuun ni danda'ama..

---

[138]. Introduction to Performance Appraisal, http://www. Performance. appraisal.com/intro.htm. F. 1, Onkoloolessa 16, 2009 kan ilaalame.

[139]. Olitti yaadannoo 2, F.217

[140]. Akkuma 6ffaa.

[141].Akkuma 7ffaa; olitti yaadannoo Lak. 5.

[142]. Akkuma 8ffaa.

[143]. Akkuma 9ffaa.

[144]. Akkuma 10ffaa; olitti yaadannoo Lak. 4.

Gabatee Lak. 1: Gabatee Garaagarummaa Hubannoo Madaallii Raawwii Hojii Irratti Dura Turee fi Amma Jiru Agarsiisu.

Qabxii dorgommii	*Xiyyeeffannoo dura ture*	*Xiyyeeffannoo amma jiru*
Fayyadama jechaa (terminology)	Meeriitii madaaluu (merit rating)	Hojjetaa madaaluu ykn raawwii hojii madaaluu
Kaayyoo	Hanga kaffaltii murteessuuf, hojetaa guddisuuf, jijjiiruuf, hojjiirraa geggeessuuf	Fooyyaa'insa barbaadamu hojiirratti argamsiisuuf [145]
Daangaa raawwii	Hojjettoota guyyaa (kan dhaabbataa hintaane) sa'atiin kaffalamuuf	Hojjettoota teekinikaa, ogummaa fi bulchiinsaa
Xiyyeeffannoo kennamu	Amala dhuunfaa hojjetaa irratti	Bu'aa fi raawwii hojii hojjetaa irratti
Mala	Daataawwan istaatistikaa walbira qabanii ilaaluudhaan firii baasuu	Madaallii bulchiinsa kaayyoo irratti hundaa'e (MBO), madaallii walii waliin, madaallii akka tasaa geggeessuudhaan firii adda baasuu
Madaalliin booda hojii hoogganaa mana hojii	firicha hojjetaaf ifa gochuudhaan hojjetaan sun akka firicha fudhatuuf dhiibbaa godha.	firicha hojjetaatti ibsuudhaan akka hojjetaan sun firicha xiinxaluuf haala mijeessa. hojjetaaeessuuf gorsaa fi gargaaraadha.

Madda: kitaaba PSubba Raofi VSP Rao, personnel (human) Resource Management, Text, Cases and Games, 2000 jedhu F. 248

[145] . Kana jechuun garuu, yeroo amma kana madaalliin rawwii hojii hanga kaffaltii murteessuuf, hojjetaa guddisuuf jijjiiruuf, hojiirraa geggeessuuf hin fayyadu jechuu miti. Kaayyoo hangafaati akkas jechuudha malee.

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amutti hubannoon madaallii raawwii hojii irratti yeroo duraa turee fi yeroo ammaa jiru garaagarummaa kan qabu dha. Jijjiiramni kun kan mul'atu itti fayyadama jechaan, kaayyoo itti geggeeffamuu, daangaa raawwii, mala itti geggeessanii fi kanneen biroon ibsamuu kan danda'u dha. Gabaabumatti, seenaan guddina madaallii raawwii hojii seenaa guddina dhala namaa waliin kallattiin walitti kan hidhamedha jechuun ni danda'ama. Akkuma seenaan guddina dhala namaa yeroo irraa yerootti fooyyaa'aa deeme, hubannoon madaallii raawwii hojii irratti jirus akkasuma fooyyaa'aa deemee jira.

2.7. Faayidaa Inni Qabu

Madaalliin raawwii hojii haala bu'a qabeessa ta'een geggeeffame tokko faayidaa adda addaa qaba.[146] Isaanis;

9. Raawwii hojii quubsaa ta'e tokko argamsiisuuf,
10. Dandeettii hojjetaa tokkoo bifa leenjiin, ofiin of fooyyeessuutiin ykn karaa biraan cimsuu,
11. Hooggantootni waa'ee hojjettoota isaan jala jiranii hubannoo sirrii akka qabaatan gochuu,
12. Jijjiirama hojii yeroo waliin mul'atu haala salphaan hojjechuuf daandii saaquu,
13. Hojii hojjetamu tokkoof kaffaltii barbaachisu bifa sirrii ta'een kaffaluuf haala mijeessuu,
14. Hojjettoota mana hojii tokko keessaa jiran bakka sirrii ta'etti filatanii ramaduuf haala mijeessuu,
15. Murtiiwwan adda addaa kan akka hojjetaa hojiirraa geggeessuu ykn sirreeffama barbaachisaa ta'e fudhachuuf haala mijeessuu,
16. Hojjetaan tokko raawwii hojii isaa fooyyeessuun, ykn immoo amala hojiin sun barbaadu horachiisuun hojii mana tokkoo bu'a qabeessa taasisuu dha.

Faayidaawwan kunniin kallattii garagaraan fakkeenyaaf, kallattii hojjetaan, hojjechiisaan, mana hojiin ilaalamuu kan danda'an yoo ta'ellee, bakka gurguddaa

[146] . Olitti yaadannoo lak. 2, FF. 219-220

lamatti jechuunis, faayidaa gama murtii kennuutiin mul'atu (judgemental purpose) fi faayidaa gama misoomsuutiin mul'atu (developmental purpose) jedhamanii cuunfamuu ni danda'u. [147]

Faayidaan gama murtii kennuutiin mul'atu kan ibsamu hojiiwwan kanaan dura hojjetaman akkaataa istaandardii hojichaatiin hojjetamuuf hojjetamuu dhiisuu isaanii keessa deebi'anii sakatta'uudhaan dhimmoota adda addaa hojjetaa ilaalan kan akka hanga miindaa, guddina sadarkaa fi jijjiirraa irratti murtii adda addaa dabarsuu dha. Faayidaan kun irra jireessaan faayidaa dhuunfaa hojjetaa kan ilaaluhdha. Faayidaan gama misoomsuutiin mul'atu ammo irra caalaa fooyyaa'insa hojii irratti kan xiyyeeffatu dha. Hojiiwwan hojjetaman akkaataa istaandardii manni hojii sun baasetti akka hin hojjetamneef waantonni gufuu ta'an maalfaa akka ta'an adda baasuudhaan mala furmaataa sirrii ta'an kaa'uudhaan hojiin tokko akkaataa barbaadameen akka hojjetamu gochuudha. [148] kun kan ta'u bu'aa madaallii raawwii hojii geggeeffame irratti hundaauudhaan hojjetaan tokko bakka dadhabina qabu ofuma isaa beekee akka irraa baratu gochuudhaan (self-learning) ykn immoo hojii dandeettii cimsu kan akka leenjii isaaf kennuun ta'a. [149] Faayidaan gama misoomsuutiin mul'atu kana qofa miti. Hojii bulchiinsa mana hojii tokkoo fooyyeessuu, humna namaa mana hojii tokkoo karoorsuu fi barsiisuu, hojiiwwan qo'annoo fi qorannoo geggeessuu, fi aadaa alloogummaan hojjechuu dagaagsuun kanuma keessatti hammatamu. [150]

Barreeffamootni tokko tokko ammoo faayidaalee madaallii raawwii hojii kallatti lamaan: kallattii hojjetaa fi kallattii mana hojii ilaaludhaan bakka lamatti qoodu.[151] Kallattii hojjietaan yoo ilaalamu, madaalliin raawwii hojii faayidaalee adda addaa afur kan qabudha. Isaanis:

---

147 Olitti yaadannoo Lak. 1; performance Appraisal-Basic purposes, http:/www.persformance-appraisal.com /basic.htm F.1, Onkoloolessa 16, 2009 kan ilaalame.

148 .Olitti yaadannoo Lak. 1,

149. Akkuma 15ffaa.

150. Akkuma 16ffaa.

151. Olitti yaadannoo lak. 5.

5. Waan hojjechiisaan (manni hojii tokko) hojjetaa tokko irraa barbaadu hojjetaa sanaaf ifa gochuu,
6. Hojjetaan tokko hangam hojii gaarii mana hojii sanaaf akka hojjete agarsiisuu,
7. Akkaataa hojjetaan tokko raawwii hojii isaa itti fooyyeessu gargaarsa gochuu fi
8. Hojii gaarii hojjetaan tokko hojjeteef beekamtii fi badhaasa argamsiisuu dha.[152]

Kallattii mana hojiitiin yoo ilaalamu immoo faayidaan guddaa sirni madaallii raawwii hojii argamsiisuu miira itti gaafatamummaa hojjettoota keessatti horuu fi dagaagsuu dha.[153] Kun immoo milkaa'ina hojii tokkoof murteessaa waan ta'eef, daran barbaachisaa dha. Faayidaaleen madaallii raawwii hojii kallatti hojjetaan ibsamus ta'e kallattii mana hojiin ibsamu naanna'ee naanna'ee faayidaawwan madaallii raawwii hojii gurguddoo armaan olitti ibsaman, jechuunis, faayidaa gama murtii kennuutiin ibsamuu fi faayidaa gama misoomsuutiin ibsamu keessatti kan hammatamu ta'a. kun kan agarsiisu madaalliin raawwii hojii hojjetaafis ta'e mana hojii tokkoof faayidaa guddaa kan argamsiisu ta'uu isaati. Kun immoo mul'ata, ergamaa fi kaayyoo waliigalaa manni hojii tokko hundeeffameef fiixaan baasuu keessatti shoora ol'aanaa kan qabu dha.

2.8. Rakkoowwan Mul'atan

Asiin olitti akkuma ilaaluuf yaalle, madaalliin raawwii hojii faayidaa adda addaa kan qabu dha. Haata'u malee, madaallii raawwii hojii tokko geggeessuu keessatti rakkoowwan adda addaa waan mudataniif hojiirra oolchuun ulfataa dha.[154] Barreessitoonni Psubba Rao fi VSP Rao jedhaman rakkoowwan adda addaa tarreessan keessaa muraasni:

9. Namni ykn qaamni madaalu namoota madaalaman walqixxeessee ilaaluu dhabuu. Kun sababa adda addaa irraa madduu danda'a. Fakkeenyaaf, jibba dhuunfaa, hojii hojjetaa tokkoo isa gaarii ykn isa badaa ta'e tokkoo fudhachuudhaan kaanis bifuma sanaan ilaaluu, hojii hojjetaa tokko isa yeroo

---

152. Akkuma 18ffaa

153 . Akkuma 19ffaa

154. Judge Not That Ye Be Not Judged: Evaluating the Performance of Judges F.7, http://www.allacademic.com//metap-m/a-apa-research- citation 20/9/611

dhihoo qofa fudhachuudhaan hojiiwwan kanaan dura hojjetamanis bifuma sanaan ilaaluu fi kkf dha. Kun firiin madaallii raawii hojii tokkoo hojjetaa sana akka sirritti bakka hin buune godha.

10. Madaallii raawwii hojii geggeessuuf ykn madaallii raawwii hojii geggeeffame tokko hojjettoota biraan gahuuf hooggantoonni fedhii dhabuu. Kun immoo adeemsi madaallii raawwii hojii haala bu'a qabeessa ta'een akka hin geggeeffamneef gufuu waan ta'uuf, kaayyoon madaallii raawwii hojii tokkoo akka galma hin geenye godha.
11. Madaalliin raawwii hojii irra jireessaan kan geggeeffamu hubannoo nama dhuunfaa tokkoo (subjectivity) irratti kan hundaa'e ta'uu dhiisuu.
12. Tooftaaleen madaallii raawwii hojii itti geggeessan tokkoo fi tokko waan hin taaneef, mala isa kamiin yoo adeemsifame madaalliin raawwii hojii bu'a qabeessa ta'a jedhanii filachuun hojii salphaa ta'uu dhiisuu.
13. Firiin madaallii raawwii hojii hojjetaa tokkoo gadi bu'aa yoo ta'e, bulchiinsi mana hojii sanaa maaliif akka gadi bu'e xiinxaluudhaan fooyyeessuuf hojjechuu irra hojjetaa firiin gadi bu'e sana irratti tarkaanfii fudhachuu barbaaduu.
14. Firiin madaallii raawwii hojii gadi bu'aa yoo ta'e walitti dhufeenya dhuunfaa hojjettootaa fi walitti dhufeenya hojjettoota mana hojii tokkoo boora'uu ni danda'a.
15. Madaalliin raawwii hojii kaayyoo adda addaaf geggeeffamuu waan danda'uuf, itti fayyadama bu'aa madaallichaa irratti hooggantoota rakkoon mudachuu danda'a.
16. Adeemsi isaa dheeraa waan ta'eef, hojjettootaa hundaaf durduubeen yommuu kennamu hojii idilee irratti dhiibbaa badaa qaqqabsiisuu ni danda'a.[155]

Rakkoowwan armaan olii kana irraa ka'uudhaan qorannoowwan beektota bulchiinsaatiin barreeffaman tokko tokko dhugummaa fi rogummaa (validity and

[155]. Olitti yaadannoo lak. 2, FF 247-248; Rakkoowwan kunniin olitti yaadannoo lak. 21 keessattis tarreeffamanii argamu.

reliability) firii madaallii raawwii hojii irratti shakkii qabaachuu isaanii ni ibsu.[156] Gariin isaanii ammo adeemsi madaaalliin raawwii hojii itti geggeeffamu uumamumaan jallaa waan ta'eef, tasuma sirreessuun hin danda'amu jedhanii amanu.[157]

Qorattoonni faallaa kanaa tarkaanfachiisanis ni jiru. Akka isaaniitti ammo madaalliin raawwii hojii milkaa'ina hojii mana hojii tokkoof akka lubbuutti kan gargaaruu waan ta'eef, baay'ee barbaachisaa dha .[158] Yaadni kun yeroo ammaa kana deggertoota hedduu waan horateef, madaalliin raawwii hojii waajjiroota hedduu keessatti geggeeffamaa kan jirudha. Waan kana ta'eef, madaalliin raawwii hojii rakkoowwan tokko tokkoo qabaachuun isaa beekamaa yoo ta'ellee, mala adda addaatti fayyadamuun rakkoowwan kana salphisuun waan danda'amuuf,[159] Barbaachisummaa isaa irratti yeroo ammaa mormiin hin jiru.

2.9. Eenyuun Yoomii fi Ulaagaa Maaliin Akka Geggeeffamu

Bulchiinsa sirna madaallii raawwii hojii keessatti dhimmootni akka eenyuti eenyuun madaala, ulaagaaleen madaallii maal ta'u, madaalliin tokko yoom geggeeffamuu qaba jedhamaan gaaffiiwwan murteessoo ta'anidha. [160] Mee isaan kana tokko tokkoon haa ilaallu.

2.9.1. Eenyuun Akka Geggeeffamu

Eenyuun akka geggeefamu yommuu jennu, adeemsi madaallii rawwii hojii eenyuun akka bulchamu jechuu keenya utuu hintaane eenyu ulaagaa taa'e irratti hundaa'uun qaphxii kenna jechuu keenya. Kana ilaalchisuun barreessitoonni tokko akkas jedhanii barreessaniiru:

> *The appraiser may be any person who has thorough knowledge about the job content, contents to be appraised, standards of contents, and who observes the*

156 . Olitti Yaadannoo Lak. 5, F.3

157. Akkuma 23ffaa

158. Akkuma 24ffaa

159 . Olitti Yaadannoo Lak. 21. F.9

160. Olitti Yaadannoo Lak. 1

employee while performing a job. The appraiser should be capable of determining what is more important and what is relatively less important. [161]

Waraabbiin kun namni madaallii raawwii hojii geggeessuu danda'u eenyu akka ta'e sirriitti ibsa. Haaluma kanaan namni kun qabiyyee hojii madaalamuu, sun maalummaa fi istaandardii ulaagaalee madaallii gadifageenyaan beekuu fi nama yommuu hojjetaan tokko hojjetu hordoffii barbaachisaa ta'e godhu ta'uuti irraa eegama Itti dabalees, namni madaalu tokko dhimma isa kamti isa kam irra baay'ee ykn xinnoo akka barbaachisu addaan baasee beekuu danda'uu qaba.

Gaaffiin itti aanee ka'uu malu namootni ulaagaalee armaan olitti taa'an kana guutuu danda'an eenyufaa dha kan jedhu dha. Hooggantoonni, miseensotni garee (peers), raawwattootni sadarkaa sadarkaan jiran (subordinates) hojjettoonni mataan isaanii tajaajilamtootnii (users of service) fi gorsitoonnii (consultants) adda durummaan mamoota madaaluu danda'an akka ta'e barreeffamootni adda addaa wabii bahu. [162]

h) **Hooggantoota:** hooggantoota yommuu jennu hoogganaa itti dhihoo ykn hoogganaa isaa ol jiruu fi waa'ee amala hojichaa sirriitti nama beeku kan akka dursaa muummee ta'uu danda'a. Adeemsi bal'inaan baratamee jiru garuu, madaalliin raawwii hojii hoogganaa dhihootiin kan geggeeffamu ta'ee, hoogganaa oliitiin immoo irra deebi'amee kan ilaalamu ta'uu isaati.[163] Sababni isaa hooggantoonni dhihoo hojjettoola isaan jala jiran bifa itti fufiinsa qabuun bulchuu, hordofuu, qajeelchuu fi to'achuuf carraa bal'aa qabu.[164]

i) **Miseensa garee (peers):** kun hojjettoota yeroo dheeraaf amala hojii tokko irratti waliin hojjetanii fi hojichis akka hojjettootni waliin hojjetan kan hirmaachisu yoo ta'e bu'a qabeessa kan ta'u dha.[165] Miseensotni garee sirriitti waan walbeekaniif madaalliin bifa kanaan geggeeffamus dhugummaa fi rogummaa ni qabaata jedhamee yaadama. Haata'u malee walmiidhuuf jecha ta'e secha, odeeffannoo

[161]. Olitti yaadannoo Lak. 2, F.221

[162]. Fakkeenyaaf, olitti yaadannoo Lak. 1; Lak 21, F.9, fi Lak. 28 ilaaluun ni danda'ama.

[163] .R.wayne Mondy and Robert M.Noe, Personnel Mangagement (1987), F.372.

[164] Olitti yaadannoo Lak. 2, F.221

[165] Olitti yaadannoo Lak. 31, F.222

sirriitti beekan kana akka ta'utti ibsuu irratti rakkinni mudachuu danda'a.[166] kanaaf, hiriina mataa isaatii qabaachuu danda'a.

j) **Raawwattoota sadarkaa sadarkaan jiran (subordinates)** kun hoogganaa tokkoo ittiin madaaluuf mala itti gargaaramnu yommuu ta'u, yeroo ammaa kana bal'inaan itti hojjetamaa kan jiru dha.[167] Fakkeenyaaf, barattoonni barsiisaa isaanii madaaluu, raawwattoonni garee hojii tokko jala jiran dursaa garee ykn abbaa adeemsaa madaaluu fi, kkf madaallii raawwattootaan kenname jechuun ni danda'ama.

k) **Ofiin of madaaluu**: Hojjetaan tokko kaayyoo hojii hojjetuu fi istaandardii hojiin sun barbaadu sirriitti yoo beeke, raawwii hojii isaa ofuma isaa madaaluuf nama sirrii ta'a.[168]

l) **Tajaajilamtoota:** Isaan kun maamiltoota ykn dhimmamtoota hojjetaa tokkoo waan ta'aniif, waa'ee hojjetaa sanaa fakkeenyaaf, amala, ariitii fi kkf [169] ni beeku waan ta'eef, madaaluu ni danda'u.

m) **Gorsitoota:** Yeroo tokko tokko hojjettoonni madaallii hoogganaan geggeessu irratti amantaa dhabuu dandu'u. yookaan ammoo bulchiinsi mana hojii tokkoo akka hojjettoonni ofiin of madaalan ykn miseensonni garee ykn raawwattoonni madaallii geggeessan irratti amantaa dhabuu danda'u. Yeroo akkasii kana gorsitoonni leenji'uudhaan yeroo murtaa'eef hojjettoota akka hordofan gochuudhaan madaallii akka geggeessan gochuun ni danda'ama.[170]

Walumaagalatti, namootni armaan olitti caqafaman kunnniin qabiyyee, maalummaa fi istaandardii hojii sanaa beeku jedhamanii waan yaadamaniif, madaallii raawii hojii tokkoo geeggeessuuf, namoota sirriidha jedhamanii yaadamu.

---

[166] Akkuma 32ffaa

[167] Akkuma 33ffaa

[168] Akkuma 34ffaa

[169] Akkuma 43ffaa

[170]. Olitti yadannoo Lak. 2, F.224

Sirni madaallii raawwii hojii akka waliigalaatti, madaalliin raawwii hojii qaama tokko qofatti hirratti hirkatee geggeeffamu ammoo akka addaatti karaa tokkoonis ta'e karaa biraan rakkina akka qabu beekamaa dha.[171] Rakkuna kana dhiphisuuf yeroo ammaa sirni madaallii haaraa qaamota adda addaa of keessatti hirmaachisu biyyoota baay'een hojiirra oolee jira. Sirni madaallii kun madaallii digirii 360 (360-degree evaluation) jedhamu.[172] Maalummaa sirna madaallii kanaa mee akka armaan gadiitti haa ilaallu.

n) Sirna Madaallii Digirii 360

Sirni madaallii digirii 360, madaallii madda danuu (multi-source rating) jedhamuun kan beekamu dha.[173]madaallii madda danuu kan jedhameef, madaallii raawwii hojii geggeessuuf maddi odeeffannoo kallatti adda addaan mana hojii keessaa fi mana hojii alaan kan guuramu waan ta'eef. Maddeewwan odeeffannoo keessaa warrii jedhaman hooggantoota, miseensota garee, raawwattoota sadarkaa sadarkaan jiran, hojjettoota mataa isaanii fi gabaasa keessaa yommuu ta'an, maamiltoonnii fi dhimmamtoonni adda addaa ammo maaddeewwan odeeffannnoo alaati. [174]sirni madaallii kun hunda-hammataa fi duguugaa (holistic and exhaustive) waan ta'eef, raawwiin hojjetaa tokkoo maal akka ta'ee fi bu'aa inni mana hojichaaf buuse sirriittii agarsiisuu kan danda'udha.[175] Kanaaf, sirna madaallii raawwii hojii akka asii keessatti, maddi odeeffannoo hoogganaa ykn qaama biraa tokko qofa miti. As irratti waanti hubatamuu qabu garuu ammayyuu taanaan gaheen hoogganaa ol'aanaa ta'uu isaati. Odeeffannoo laachuufis ta'e, odeeffannoon akka laatamuuf haala mijeessuu keessatti gaheen hoogganaan taphatu bakka bu'insa kan hin qabnedha.[176] Akka waliigalaatti, sirni

---

171 . Akkuma 26ffaa; olitti yaadannoo Lak. 21, F.9

172 . Olitti yaadannoo Lak. 21

173 360 Degree Feedback-multi-source Feedback, http://www.buzzle.com/articles/360-degree-feedback.htm, Amajjii 28,2020 kan ilaalame.

174. Akkuma 40ffaa

175. Olitti yaadannoo Lak. 21

176 .The Concepts, Process and Methods of Performance Appraisal, St. Mary's University College F.91 (Kan Hin maxxanfamiin)

madaallii digirii 360, madaalawaa, sirrii fi faayida qabeessa waan ta'eef, tooftaa fooyyaa'insa waliigalaa argamsiisuudha (developmental nature) jedhamee jajama.[177]

Kana jechuun garuu, sirni madaallii akkasii hir'ina tokkoyyuu hin qabu jechuu miti. Sirna kana saxaxuun hojiirra oolchuun humnaa fi yeroo hojjetaa fi mana hojii tokkoo akka malee kan barbaadu waan ta'eef, kan ulfaatu ta'uu isaarrayyuu, maddawwan odeeffannoo namoota ta'an ilaalchisuun icitii eeguu irratti rakkinni ni mudata.[178] Walumatti, ciminaa fi hir'ina sirna madaallii digirii 360 akka armaan gadiitti gabateen ibsuun ni danda'ama.

Gabatee 1.8; Gabatee Ciminaa fi Hir'ina Sirna Madaallii Digirii 360 Agarsiisu.

Cimna (Faayidaa)	**Hir'ina (Dadhabina)**
• Ogummaa, dandeettii, beekumsaa fi amala hojiif barbaachisu ol guddisa. • Itti gaafatamummaa hojjettoonni maamila isaaniif qaban ni dabala. • Kaka'umsa gareen hojjechuu ni deggera. • Hojjetaan akka hojii keessa seenuuf humna hojii ni uuma. • Gulantaalee (hierarchies) adda addaa uumaman ni xiqqeessa. • Waantota milkaa'inaaf danqaa ta'an ni agarsiisa. • Fedhiiwwan fooyyaa'insaaf barbaachisan ni sakatta'a. • Raawwii hojii hojjetaa hunda hammataa ta'e diriirsuun loogummaa dhabamsiisa. • Hojjetaan ofumaan akka of foyyeessuuf haala mijeessa. • Amanamummaa adeemsa madaallii raawwii hojii ol dabala.	• Sodaa namootatti fiduu danda'a. • Yaadawwan walfaallessan ykn walitti bu'an uumamuu danda'u, • Hojjetaan madaallichi bakka na bu'a jedhee fudhachuu dhiisuu danda'a. • Icitii madaallii eeguu dhiisuu danda'a. • Yeroo baay'ee kan fudhatuu fi bulchiinsaan xaxamaa ta'uu danda'a. • Bu'aa madaallichaa hojiitti jijjiiruuf, eksipertii addaa barbaaduu danda'a. • Sirnicha bu'a qabeessa gochuuf namoota madaallicha bulchaniif, leenjii addaa kennuun barbaachisaa ta'uu danda'a.

[177]. Olitti Yaadannoo Lak. 21, F.9.

[178] .Akkuma 44[ffaa]

Akkuma gabaticharraa hubachuun danda'amutti, sirni madaallii digirii 360 ciminaa fi hiriina mataa isaatii qaba. Madaalliiwwan biroo namoota armaan oliin (a-f) geggeeffamanis hir'inoota mataa isaanii akka qaban ilaalleerra. Isaaniin walbira qabnee yoo ilaallee garuu, faayidaan sirni madaallii digirii 360n geggeeffamu hir'ina isaa irra kan caalu fakkaata. Yeroo ammaa kana manneen hojii baay'een sirna madaallii kana fudhatanii hojiirra olchaa kan jiranis kanumaaf ta'uu hin oolu.

2.9.2. Yoom Akka Geggeeffamu

Madaalliin raawwii hojii sirnaawaa ta'e yeroo akkasii keessa geggeeffamuu qaba jedhamee jala muramee waanti taa'e hin jiru.[179] Kana irraa ka'uudhaan manneen hojii adda addaa keessatti yeroo adda addaa keessatti fakkeenyaaf, ji'a jaha jahatti, ykn waggaa waggaatti geggeeffama. Waggaa afuritti al tokko kan geggeessanis ni jiru. Fakkeenyaaf, biyyoota Jarmanii fi Faransaayitti, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa waggaa afuritti al tokko geggeeffama.[180] Kun kan agarsiisu yeroon madaallii raawwii hojii sirnaawaa ta'e itti geggeeffamu waajjira irraa waajjiratti garaagarummaa kan qabu ta'uu isaati. Haa ta'u malee, yeroon isaa murtaa'aa fi idilaa'aa ta'uun isaa kan wal nama gaafachiisuu miti

2.9.3. Ulaagaa Maaliin Akka Geggeeffamu.

Madaalliin raawwii hojii adeemsa dha.[181] Adeemsa kana keessatti ulaagaalee madaallii raawwii murteessuun sadarkaa duraa irratti argama.[182] Ulaagaalee madaallii jechuun ammo qabatamaan hojiin hojjetame sadarkaan isaa hangam akka ta'e kan itti safarru dha.[183] Akka waliigalaatti, ulaagaan madaallii raawwii hojii tokko hojjetaa sanaan kan walsimu, gaarii fi yaraa kan adda baasuu, fi hojiirra ooluu kan danda'u ta'uuti irraa

---

[179]. Olitti yaadannoo Lak. 2, F. 224

[180]. Gebru Zenebe, Judicial Independence in Ethiopia: Retrospects ets and prospects (1997) F. 42.

[181] Olitti yaadannoo lak. 2, F. 224

[182] Akkuma 48ffaa; olitti yaadannoo Lak. 1

[183] Olitti yaadannoo lak. 2, F 225

eegama.[184] Kun immoo karaa adda addaa ilaalamuu kan danda'u yoo ta'ellee, naanna'ee, naanna'ee fiixaan ba'insa kaayyoo mana hoji tokkoon kan walqabatu ta'a. kaayyoon mana hojii tokko immoo galma ga'uu kan danda'u hojiin sun haala bu'a qabeessaa fi si'ata ta'een yoo hojjetame dha. Kana irraa ka'uudhaan, ***madaallii raawwii hojii =bu'a qabeessummaa + si'ayina*** jennee ibsuu dandeenya.

Kun immoo deebi'ee karaa adda addaa ibsamuu danda'a. Fakkeenyaaf, faayidaa manni hojii tokko argatu kan akka oomisha oomishamee, baasii qusatamee fi kkf yookaan ammoo ulaagaalee kallattiin hojichaan walqabatanii fi amala dhuunfaa hojjetaan hojiirratti agarsiisuun ibsamuu danda'a.[185]

Ulaagaaleen madaallii raawwii hojii kaayyoo madaallii, gosaa fi sadarkaa hojjetaa irratti hundaa'uun garaagarummaa kan qabu dha.[186] Fakkeenyaaf, ulaagaaleen madaallii raawwii hojii abbootii seeraa, ulaagaalee madaallii raawwii hojii ogeeyyii fayyaa mana yaalaan tokko hin ta'u. sababni isaa, manneen hojii lameenuu (mana murtii fi mana yaala) kaayyoo fi mul'ata adda addaa qabu waan ta'eef. Waanti hubatamuu qabu garuu, ulaagaan madaallii raawwii hojii gosa kamiyyuu ifaa, kaayyoo qabeessa, hunda-hammataa (in corporate all the factors) fi haala salphaa ta'een hojiirra kan oolun ta'uu qaba.[187] Kana ta'uu baannaan, kaayyoon madaallii raawwii hojii galma gahuu hin danda'u.[188]

2.10. Tooftaa Itti Geggeeffamu

Madaallii raawwii hojii geggeessuun hojii bal'aadha. Hojii bal'aa kana haala bu'a qabeessa ta'een geggeessuun ammoo tooftaa barbaada. Tooftaa madaallii raawwii yommuu jennu ulaagaalee madaallii raawwii adda bahanii jiran ilaalchisuun odeeffannoon mala attamiin guuramanii mala akkamiin yoo xiinxalaman madaallichi bu'a qabeessa ta'uu danda'a gaaffii jedhu kan agarsiisu dha.

---

[184] Akkuma 50ffaa, F. 220

[185] Akkuma 51ffaa

[186] Akkuma 52ffaa

[187] Akkuma 53ffaa, F. 224

[188] Mulu Sendek, Appointment & Evaluation of Judges in Ethiopia: with Special Reference to Federal Judges in Addis Ababa (1997), Kolleejjii Siivil Sarvisii Itoophiyaa F 42 (kan hin maxxanfamiin)

Asiin olitti ilaaluuf akkuma yaalle, guddinni madaallii raawwii hojii akkuma guddina dhala namaa yeroo irraa yerootti fooyyaa'aa kan deeme dha. Kana irraa ka'uudhaan tooftaalee madaalliin raawwii hojii itti geeggeeffaman kana bakka gurguddaa lamatti qoodanii ilaaluun ni danda'ama. Isaanis, tooftaalee madaallii raawwii hojii durii (Traditional performance evaluation methods) fi tooftaalee madaallii raawwii hojii duri kan hin taane (Non-traditional performance evaluation methods) jedhamu.[189] Isaan kana mee tokko tokkoon haa ilaallu.

2.10.1.Tooftaalee Madaallii Raawwii Hojii Durii

Tooftaaleen madaallii raawwii hojii as keessatti hammataman baay'eetu jiru. Isaan gurguddoon:

f) Tooftaa madaallii diriiraa (graphic rating scales) ykn (linear rating scales)
g) Tooftaa sadarkeessuu (rankings)
h) Tooftaa cheeklistii (checklist Methods)
i) Tooftaa barreeffama ibsaa (deseriptive essay methods)
j) Tooftaa akkatasaa madaaluu (critical incident methods)

f) Tooftaa Madaallii Diriiraa

Tooftaan madaallii diriiraa tooftaalee madaallii biroo dura hojiirra kan oolee fi bal'inaanis kan itti hojjetame dha.[190] Tooftaan kun hojii hojjetaan tokko qabatamaan hojjete ulaagaalee madaallii adda ba'an irra kaa'ee ilaaluudhaan sadarkaa (qaphxii) itti laataa kan adeemu dha.[191] Ulaagaaleen kunniin ilaalcha, beekumsa hojii, nama waliin waliigaluu, dandeettii teekinikaa, kaka'umsa hojii, gargaarsa gochuu fi kkf ta'uu danda'u.[192] Tooftaan madaallii diriiraa ulaagaalee madaalliitti kallattiin qaphxii ifaa

[189] Olitti yaadannoo Lak. 1. F. 204

[190] Olitti yaadannoo Lak. 4, F. 66

[191] Akkuma 57ffaa

[192] Olitti yaadannoo Lak. 2, F. 226.

laachuun ykn icitiin waan biraa fayyadamuun adeemsifamuu danda'a. Ulaagaalee madaalliitti kallattiin qaphxii ifaa itti laachuun (fkn 1, 2, 3, 4,….) kan geggeeffamu yoo ta'e, madaallii diriiraa walitti fufaa (continuous rating) yoo jedhamu; bifa icitiin waan biraa fayyadamuun kan geggeeffamu yoo ta'e (fkn. ol'aanaa gaarii…) ammoo addaan ciccitaa (non continuous rating) jedhama.[193] Yommuu bifa icitiin geggeeffamu namni madaallicha geggeessu durse qaphxii, jechoota ykn gaalewwan fayyadamanii murteessuu qaba.[194] Fkn, daran ol'aanaa= 4, ol'aanaa = 3, gahaa =2 gadaanaa =1, daran gad-aanaa = 0 kkf jechuu danda'a.

Qaphxiiwwan tokkoo tokkoo ulaagaalee madaalliitiif kennaman walitti ida'amuu dhaan ida'amichi bu'aa madaallii raawwii ta'a jechuu dha.[195] Akkaata tooftaan madaallii diriiraa itti hojjetu mee fakkeenyaan haailaallu.

Gabatee 3: Gabatee Mala Madaallii Diriiraa Walitti Fufaa ta'e Agarsiisu.

Maqaa Hojjetaa(ttuu)_____ **Adeemsa Hojii** _____ **Gahee Hojii** _____						
Lak.	***Ulaagaa Madaallii***	***Qaphxii***				
		5	4	3	2	1
1	Ilaalcha					
2	Beekumsa Hojii					
3	Nama waliin waliigaluu					
4	Dandeettii teekinikaa					
5	Kaka'umsa hojii					

Gabatee 4: Gabatee Mala Madaallii Diriiraa Addaan Ciccitaa Agarsiisuu.

Maqaa Hojjetaa(ttuu)_____ **Adeemsa Hojii** _____ **Gahee Hojii** _____

[193] Akkuma 59ffaa

[194] Akkuma 60ffaa, F. 227

[195] Akkuma 61ffaa

Lak.	*Ulaagaa Madaallii*	*Qaphxii*				
		Daran Ol'aanaa	Ol'aanaa	Gahaa	Gad-Aanaa	Daran Gad-Aanaa
1	Ilaalcha					
2	Beekumsa Hojii					
3	Nama waliin waliigaluu					
4	Dandeettii teekinikaa					
5	Kaka'umsa hojii					

Akkuma gabatee kan irraa hubachuun danda'amutti, ulaagaalee madaalliitiif qaphxiin kenname kallattiin lakkoofsa miti. Bakka isaa jechootaa fi gaalewwan daran ol'aanaa, ol'aanaa, gahaa, gad-aanaa fi daran gad-aanaa jedhamantuu fayyadame. Yeroo akkanaa kana namni ykn qaamni firii madaallii kana bulchu daran ol'aanaaf, ol'aanaaf, gahaaf… kkf, qaphxii barbaachisaa ta'e fakkeenyaaf, 5,4,3,… kkf jedhee walduraa duubaan kennuufii danda'a. Gamlachuunuu yoo deemame jechuunis, walitti fufaas ta'e addaan ciccitaa firiin madaallichaa tokko waan ta'eef, garaagarummaa hin qabu. Fakkeenyaaf, hojjetaan madaalamu tokko ilaalcha =5, beekumsa hojii =3, nama waliin waliigaluu =4, dandeettii teekinikaa =3, fi kaka'umsa hojii =4 yoo argate, hojjetichi harka 25 keessaa =5+3+4+3+4 = 19 argate jechuudha. Firii kana barbaachisaa yoo ta'e, 25 keessaa 19 yoo argate, 100 keessaa meeqa argata jennee gara 100tti jijjiiruunis ni danda'ama. Akkaatuma kanaan,

25 = 19

100 = ?

$$= \frac{100x19}{25} = \frac{1900}{25} = \mathbf{76}$$

Tooftaan madaallii diriiraa bal'inaan kan itti hojjetamu akka ta'e gararraatti ilaalleera. Kanaafis sababa kan ta'e tooftichi baasii salphaa ta'een saxaxamuu kan danda'uu fi haala salphaa ta'een hojiirra oolee yeroo gabaabaa keessatti hojiiettoota hedduu madaaluuf kan nama dandeessisu ta'uu isaati.[196] Kun kan agarsiisu, bulchiinsi tooftaa madaallii kanaa salphaa ta'uu isaati. Kana jechuun garuu, malli madaallii diriiraa

[196] Akkuma 62ffaa; Appraisal Methods, Rating scales, http://www.performance-appraisal.com/ ratings. htm F . 1, Onkoloolessa 16, 2009 kan ilaalame.

hir'ina tokkoyyuu hin qabu jechuu miti. Tooftichi bal'inaan hubannoo dhuunfaa (sub jectivity) nama madaalu sanaa irratti kan rarra'uu ta'uun isaa hir'ina guddaa inni qabu dha. [197]

Jechootni ykn gaalewwan akka ulaagaaleen madaalliin ittin ibsamanis hiikkaa adda addaaf kan saaxilaman waan ta'eef, madaallichi hubannoo dhuunfaa nama madaalu sana irratti akka rarra'uuf karaa bana.[198] Kun immoo amanamummaan bu'aa madaallii akka xiqqaatu waan godhuuf rakkoo dha.[199]

Walumaagalatti tooftaan madaallii diriiraa faayidaa guddaa kan qabuu fi bal'inaan kan itti hojjetamu yoo ta'ellee, hir'ina mataa isaatii, kan qabu akka ta'e hubachuun nama hin dhibu.

g) Tooftaa Sadarkeessuu (Ranking Methods)

Tooftaan madaallii biroo tooftaa madaallii durii keessatti ramadamu tooftaa sadarkeessuuti. Akkuma maqaa isaa irraa hubachuun danda'amu tooftaa kanaan hojjettoota waldorgomsiisuun akkaataa cimina hojii isaaniitiin "baay'ee gaarii dhaa" hanga "baayee yaraatti" (from best to worest) sadarkaa'anii taa'u.[200] kana ibsuuf fakkeenyana haa ilaallu.

Mana hojii tokko keessa hojjettoota 20ti jira haajennu. Firii madaallii isaanii irratti hundaa'uudhaan, hojjettoonni 10 tarree baay'ee gaarii jalatti yommuu ramadaman, hojjettoonni 10 ammoo tarree baayee yaraa jalatti ramadaman haa jennu. Isaan tarree baayee gaaarii jalatti ramadamanis akka sadarkaa isaaniitti taa'u; kan tarree baay'ee yaraa jalatti kufanis akkasuma ta'u jechuu dha.

---

[197] Akkuma 63ffaa; akkasumas hir'inni tooftichaa http://www.performance-appraisal.com/ratings.htm FF. 2-4 irraatti ibsamee jira.

[198] Olitti yaadannoo Lak. 2, F. 227

[199] Akkuma 65ffaa

[200] Akkuma 66ffaa

Gabatee 5 Gabatee Tooftaa Madaallii Sadarkeessuu Agarsiisu

Tarree I (Baay'ee Gaarii)	*Tarree II (Baay'ee Yaraa)*
21._____ (Baay'ee Gaarii)	31. _____
22. _____	32. _____
23. _____	33. _____
24. _____	34. _____
25. _____	35. _____
26. _____	36. _____
27. _____	37. _____
28. _____	38. _____
29. _____	39. _____
30. _____	40. _____ (Baay'ee yaraa)

Fakkeenyaaf, hojjetaan Obbo Tolaa Caalaa jedhamu firiin madaallii isaa hojjettoota hunda kan caalu yoo ta'e maqaan isaa tarree I, lak koofsa 1 irratti galmaa'a. Isaan gaarii keessa isa baay'ee gaarii ta'a. Akkaatuma firii isaaniitiin hanga 10tti itti fufu. Hojjetaan Namoo Barraaqaa jedhamu immoo qaphxii isaa gad-aanaa kan argate yoo ta'e, maqaan isaa tarree II, Lak. 20 irratti galmaa'a jechuu dha. Kan isaan kaaniis akkaatuma tartiiba firii isaaniitiin hanga 11tti galmaa'a. Inni lak. 20 irratti galmaa'u kun yaraa keessaa isa baayee yaraa ta'a jechuu dha.

Tooftaan sadarkeessuu haala salphaa fi baasii xiqqaan geggeeffamuu kan danda'u yoo ta'ellee, akkuma tooftaa madaallii hir'ina mataa isaa kan qabu dha.[201] Sababni isaa tooftaa kana keessatti namni madaalu loogii hojjechuuf carraan jiru bal'aadha.[202] Itti dabalees, tooftaan sadarkeessuu kun hojjettoota sadarkaan kaa'uu malee garaagarummaan hojjettoota sadarkaan taa'an jidduu jiru hangam akka ta'e

[201] Akkuma 67ffaa, F.228

[202] Akkuma 68ffaa

Kan agarsiisu miti.[203] Fakkeenyaaf, garaagarummaa hojjetaa sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa jidduu jiru xiqqoo ta'uu yoo danda'u, garaagarummaan hojjetaa sadarkaa 3ffaa fi 4ffaa jidduu jiru immoo bal'aa ta'uu danda'a. Tooftichi garaagarummaa kana hin kaa'u. kunis hir'ina biraa toofticha keessatti mul'atu dha. Haaluma walfakkaatuun, tooftaa kana hojjettoota baay'ina qaban irratti raawwachiisuun ulfaataa dha. Tooftichi namoota gareen hojjetanii fi yeroo dheeraaf waliin hojjetan irratti bu'a qabeessa ta'a.[204] kunis akka hir'ina tokkootti ilaalamuu kan danda'u dha. Sababa hir'inoota akkasii kana calaqqisiisuuf tooftichi bal'inaan kan itti hojjetamudha jechuun hin danda'amu.

h) Tooftaa Cheeklistii (Checklist Methods)

Maalummaa tooftaa kanaa barreessitoonni p.Subba Rao fi VSP Rao jedhaman akkas jechuun ibsaniiru:

> *The checklist is a simple rating technique in which the supervisor is given a list of statements or words and asked to check statements representing the characteristics and performance of each employee.*[205]

Kana jechuun tooftaan cheeklistii tooftaa barreeffamni waa'ee hojjetaa tokkoo ibsu barreeffamee hoogganaadhaaf kennamuudhaan barreeffamichi hojjetaa sana bakka bu'uu fi dhiisuu isaa haala hoogganaan sun itti mirkaneessu dha akka jechuuti. Tooftaan cheeklistii tooftaa cheeklistii salphaa, (simple checklist method), tooftaa cheeklistii madaalamaa (weighted checklist), fi filannoo dirqamaa (forced choice) jedhamee bakka adda addaa sadiitti qoodamuu danda'a. [206]

iv) Tooftaa Cheeklistii Salphaa (Simple Checklist Method)

---

[203] Akkuma 69ffaa, F 227

[204] Olitti yaadannoo lak. 43, F. 50

[205] Olitti yaadannoo lak. 2, F. 230

[206] Akkuma 72ffaa

Tooftaan kun waa'ee hojjetaa madaalamuu kan ibsan himoota dhedheeroo of keessatti kan hammatu yommuu ta'u, hoogganaan eyyee ykn waa'ee jechuun mirkaneessaa kan deemu dha.[207] Kana mee fakkeenyaan haa ilaallu.

Maqaa mana hojii _____

Unka madaallii raawwii hojii

Maqaa hojjetaa/ttuu _____ Adeemsa Hojii _____

Gahee Hojii _____

Gabatee 6 :Gabatee Tooftaa Cheeklistii Salphaa Agarsiisu

Lak.	Odeeffannoo Hojjetaa	Amala
6.	Hojjetaan kun yeroo ni kabajaa?	Eeyyee/Waa'uu
7.	Hojjetaan kun hooggantoota waliin walitti dhufeenya gaarii ni qaba?	Eeyyee/Waa'uu
8.	Hojjetaan kun maamila sirriitti keessummeessaa?	Eeyyee/Waa'uu
9.	Hojjetaan kun hojiisaaf jaalalaa fi kabaja barbaachisu ni kennaa?	Eeyyee/Waa'uu
10.	Walitti dhufeenyi hojjetichi mana hojiin alatti hawaasa waliin qabu gaariidha?	Eeyyee/Waa'uu

Madda: Psubba Rao Fi VSP Rao, Personnel (Human) Resource Management, Text, Cases and Games, 2000 F.230

Tooftaa kanaan hogganaan "eyyee" ykn "Waa'uu" jechuudhaan waa'ee hojjetaa sanaa hima jechuu dha. Firiin qabamus baay'ina "waa'uu" of duubatti dhiisuun baay'ina "eyyee" qofa tilmaama keessa kan galchu ta'a.[208] Rakkoon tooftaa madaallii akkasiin wal qabatee mul'atu, himootni waa'ee hojjetaa sanaa ibsan dhedheeroo fi hundi isaanii yaada tokko kan ibsan fakkaachuu ykn immoo hooggantoota adda addaaf hiikkoo adda addaa qabaachuu danda'u.[209]

v) Tooftaa Cheeklistii Madaalamaa (Weighted Checklist Method)

[207] Akkuma 73ffaa

[208] Akkuma 74ffaa

[209] Akkuma 75ffaa

> The weighted cheeklist metiod involuves weighting different items in the checklist, having a series of statements about an individual, to indicate that some are more important than others.[210]

Tooftaan kun akkuma tooftaa cheeklistii salphaa hoogganaan ulaagaalee madaallii adda addaa irratti hundaa'ee kan guutudha. Garaagarummaan mul'atu tooftaan cheeklistii madaalamaa keessatti tokkoon tokkoon ulaagaa madaallii qaphxii murtaa'ee of irratti baatee jira. Fakkeenyaa, yeroo kabajuu, beekumsa hojii, maamila keessummeessuu, amanamummaa fi hojjettootaan waliigaluun ulaagaalee madaallti yoo jenne, akkaataa madaalliin raawwii hojii tooftaa cheeklistii madaalamaa itti geggeeffamu itti geggeeffamu akka armaan gadiitti agarsiisuun ni danda'ama.

Gabatee 7: Gabatee Tooftaa Cheeklistii Madaalamaa Agarsiisu

1 Ulaagaalee madaallii (Checklist of qualities)	**2** Hanga tokkoon tokkoon madaallii baatu (Weights assigned to each)	**3** Qaphxiilee (Performance rating)					**4** Qaphxii Kenname (Obtained score)	**5** Qaphxii madaalame (Weighted score (2x3)
		5	**4**	**3**	**2**	**1**		
6. Yeroo kabajuu	0.5							
7. Beekumsa hojii	1.5							
8. Maamila keessummeessuu	1.0							
9. Amanamummaa	1.5							
10. Hojjetaan waliigaluu	1.0							

Madda: Psubba Rao Fi VSP Rao, Personnel (Human) Resource Management, Text, Cases And Games, 2000 F. 291 iraa fakkeenya kennuuf akka tolutti kan fudhatame.

Tarree lakkoofsa 4 jalatti qaphxiin guutamu qaphxii 5-1tti tarree 3 jalatti caqafaman keessa kan hoogganaan kennu dha. Fakkeenyaaf, yeroo kabajuu irratti hoogganaan qaphxii 4 yoo kenne, ulaagaa kana ilaalchisuun hojjetaan kun qaphxii 0.5x4 = 2 argate jedhama. Kan ulaagaalee biroos haaluma kanaan itti fufa. Firii madaallii waliigalaa kan

[210] Akkuma 76ffaa

ta'us ida'ama tokkoo tokkoo tarree 5 jalatti argameeti.[211] Kana mee fakkeenyaan haa ibsinu. Hoogganaan yeroo kabajuuf =4, beekumsa hojii =3, maamila keessummeessuu =2, amanamummaa =3, fi hojjetaan waliigaluu =5 hojjetaa madaalamuuf yoo kenne, firiin madaallii waliigalaa akka armaan gadii ta'a.

6. Yeroo kabajuu =……..… 0.5x4 = 2
7. Beekumsa hojii = ……..1.5x3 = 4.5
8. Maamila keessummeessuu =…… 1x2 = 2
9. Amanamummaa =……. 1.5x3 = 4.5
10. Hojjetaan waliigaluu =…….…… 1x5 = 5

18.00

Kannaf, hojjetaan kun 27.5 keessaa 18 argate jechuudha. Kana dhibbatti yoo deebifnu ammoo;

$\frac{18x100x10}{27.5x10} = \frac{18000}{275} =$ **65.45** ta'a jechuudha.

As irratti dhimmi hubatamuu qabu akkaataa tarree 2 jalatti ibsameen tokkoo tokkoo ulaagaalee madaallii irratti qaphxii murtaa'e itti baachisuun maaliif barbaachise kan jedhu dha. Kun kan barbaachiseef ulaagaalee madaallii hundaaf ulfaatinni walqixa ta'e hin kennamu. Sababni isaa ulaagaaleen tokko tokko ulaagaalee biroo irra daran barbaachisoo waan ta'aniif isaaniif qaphxii guddaa kennuun barbaachisaa ta'ee argama.[212] Fakkeenyaaf, fakkenya keenya armaan olii keessatti beekumsa hojii fi amanamummaaf qaphxiin kenname 1.5 waan ta'eef, ulaagaalee biroorraa iddoo ol'aanaati kennameef jechuun ni danda'ama.

Tooftaan kun sirriitti madaaluu kan nama dandeessisuuf bu'aa madaallichaa irratti hundaa'uun tarkaanfii fooyyaa'inaa fudhachuuf kan nama dandeessisu yoo ta'ellee, hir'ina mataa isaatii kan qabu dha. Innis tokkoo tokkoo gosa hojii mana hojii tokko keessa jiruuf cheeklistii adda addaa qopheessuu waan barbaaduuf saxaxuuf yeroo dheeraa fi baasii baay'ee kan gaafatu dha.[213]

vi) Tooftaa Cheeklistii Filannoo Dirqii (Forced Checklist Method)

---

[211] Olitti Yaadannoo Lak. 2, F. 232

[212] Olitti yaadannoo lak. 43, F.45

[213] Akkuma 79[ffaa], olitti yaadannoo lak. 2, F 232.

Tooftaan kunis gosoota tooftaa cheeklistii keessaa isa tokko ta'ee kan geggeeffamu himoota adda addaa waa'ee hojjetaa sanaa ibsan bakka tokkotti barreessuudhaan hoogganaaf dhiheessuun ta'a.[214] Yeroo baay'ee baay'inni himoota garee tokko keessa jiranii afur yommuu ta'an, lama gaarummaa hojjetaa sanaa kan ibsan yommuu ta'u (favourable) lama immoo hojjetaa sana xiqqeessanii kan ibsan (unfavourable) ta'u.[215] Hangi qaphxi himoota kanniinii icitiin qabama waan ta'eef, hooggannaan sun waan beeku hin qabu. Yeroo tokko tokko immoo himootni adda addaa shan garee tokko keessatti hammatamuu danda'u. yeroo akkasii kana immoo himni tokko gaarummaa ykn hojjetaa sanaa yarumaa kana ibsu miti. (neutral)[216]

Hoogganaan himoota lameen gaarummaa hojjetaa sanaa ibsan keessaa isa tokko fila; himoota yarummaa isaa ibsan keessaas akkasuma tokko fila.[217] Kaayyoon tooftaa madaallii akkasii loogii hoogganaan tokko hojjetu baay'inaan xiqqeessuudhaan ykn dhabamsiisuudhaan hojjetaa bu'a-qabeessa ta'e tokko hojjetaa bu'a-qabeessa hin taane irraa adda baasuuf jedhamee kan geggeefamu dha.[218] Dhugumayyuu, rakkina loogii kana dhabamsiisuuf, tooftichi sirriitti kan filatamu dha.

Haata'u malee tooftaan kun hir'inoota adda addaa kan qabu dha. Isaan keessaa muraasni:

4. *Himoota madaallii akkasiif tolan qopheessuun ulfaachuu danda'a, yeroos kan fudhatu dha;*
5. *Hooggantoota muuxannoo fi leenjii addaa hin qabneef, himoota kennaman keessaa adda baasanii filachuun ulfaachuu danda'a;*
6. *Hooggantoonni dhimmoota murtaa'oo ta'an qofaa keessaa waan filataniif, maaliif bilisummaan hojjettoota hin madaalluu jechuun haariin isaan itti dhagahamuu danda'a.*[219]

---

[214] Olitti yaadannoo Lak. 2, F. 232, lak. 4, F. 67

[215] Akkuma 81ffaa.

[216] Akkuma 82ffaa.

[217] Akkuma 83ffaa.

[218] Akkuma 84ffaa.

[219]. Olitti yaadannoo Lak. 2, F. 233; Lak. 4, F. 67.

i) Tooftaa Barreeffama Ibsaa (Descriptive Essay Method)

Akka tooftaa kanaatti hoogganaan hojjetaa isaa kan madaalu barreeffama hojjetaa sana ibsuu danda'u qopheessuudhaan.[220] Barreeffamni kun ciminaa fi laafina hojjetaa sanaa adda baasee agarsiisuudhaan hii'inoota hojjetaan sun qabu maqsuuf maal hojjechuun akka barbaachisu kallatti furmaataas kan agarsiisu dha.[221] Tooftichi kan xiyyeeffatu hojiiwwan xixiqqaa tokko tokkoon hojjetaman utuu hin taane, akka waliigalaatti hojiin hojjetame maal fakkata dhimma jedhu irratti dha.[222] Kun immoo akka hooggantoonni ykn namootni madaalan madaallii hojjetaa sanaa fi yaada rogummaa qabu mara bilisa ta'anii akka ibsaaniif waan gargaaruuf, faayidaa guddaa tooftichaan argamu dha.[223]

Haata'u malee, tooftaan kun hir'ina mataa isaa kan qabu dha. Tokkoo tokkoo hojjetaa barreeffamaan madaaluun yeroo hedduu kan fudhatuu fi hubannoo dhuunfaa hooganaa irratti kan rarra'u dha.[224] Kana biratti, dandeettiin barreeffamaan ibsuu hooggantoota biratti garaagarummaa ni qabaata. Hooggantoonni tokko tokko haala bareedaa, mi'aa, gabaabaa fi hawwataa ta'een ibsuu yoo danda'an; kuun ammoo kana irratti dadhaboo ta'uu danda'u. Kun ammoo firiin madaallii raawwii hojii, hojii irratti utuu hin taane, qulqul'ina barreeffama hoogganaa irratti akka rarra'u waan godhuuf hir'ina dha.[225]

j) Tooftaa Akka - tasaa Madaaluu (Critical Incident Method)

Tooftaan kun ka'umsa kan godhatu madaallii raawwii hojii tibba murtaa'e qofa keessa akka geggeeffamu gochuun hir'ina mata isaatii qaba kan jedhu dha.[226] Sababni isaa tibba madaalliin geggeeffamu sana qofa inni madaalus ta'e inni madaalamu of

---

[220].Appraisal methods, Essay method, http://www.performance-appraisal.com/essay.htm F-1, Onkoloolessa 16, 2009 kan ilaalame.

[221]. Akkuma 87ffaa; olitti yaadannoo lak. 2, F. 234

[222]. Akkuma 88ffaa.

[223]. Akkuma 89ffaa

[224] Akkuma 90.ffaa

[225] Olitti yaadannoo lak. 2, F. 235

[226] Olitti yaadannoo lak. 4, F. 68; Lak. 2, F. 233.

eeggannoo addaa akka fudhatuuf karaa waan saaquuf, bakka bu'ummaa fi dhuga-qabeessummaa firii madaallii raawwii hojiichaa gaaffii keessa galchuu kan danda'u dha.[227] Kanaaf, akka tooftaa kanaatti hoogganaan tokko hojjetaa isaa hhaala walitti fufiinsa qabuun hordoffii godhee bu'aa raawwii isaa (yaraas ta'e, gaarii) yaadannoo dhimma kana qofaaf qophaa'e keessatti galmeessuu qaba kan jedhu yaada akka filannootti dhihaate dha.[228] Firiin madaallii raawwii hojiis kan shallagamu bu'aa waliigalaa yaadannoo irratti yeroo yerootti galmeeffamaa ture gidduu galeessa godhachuun ta'a. Tooftaan kun ragaa qabatamaan yeroo yerootti galmeeffamaa ture irratti hundaa'ee waan geggeeffamuuf, loogii xiqqeessuuf kan gargaaru yoo ta'elle, hir'inoota tokko tokko kan qabu dha. [229]

Tokkoffaa, hoogganaan haala walitti fufiinsa qabuun akka tasaa raawwii hojii hojjetaa yaadannoo qabachaa kan deemu dha. Haa ta'u malee, akka tasaa jechuun maal jechuu akka ta'e irratti yaadni walfakkaataa ta'e hin jiru.[230] Akki tasaa yoom, yoom ta'uu qaba? Guyyaa guyyaattii? Turban, torbanitti? Kun ifa miti. Lammeffaa haala walitti fufiinsa qabuun hooggantoonni kan agochuuf itti ulfaachuu danda'a.[231] Hooggantoonni hojii biraattis ko'eeyyii waan ta'aniif, qabatamaan kana hojiirra oolchuu irratti hanqinni mul'achuu danda'a.

Walumaagalaatti, tooftaaleen madaallii raawwii hojii durii keessatti ramadaman maqaa fi akkaataa raawwii isaaniin adda addummaa kan qabani dha. Tokkoon tokkoon isaaniis ciminaa fi hanqina mataa isaanii kan qabani dha. Kana irraa kan ka'e tooftaalee madaallii raawwii hojii biroo saxaxanii hojiirra oolchuun fedhii bulchiinsa jabanaa ta'aa dhufe. Tooftaaleen madaallii raawwii hojii ammayyaa'oo ta'an kunniin maal maal akka ta'an itti aansuun kutaa armaan gadiitti ilaalla.

2.10.2.Tooftaalee Madaallii Raawwii Hojii Ammayyaa (Non-traditional Performance Evaluation Methods)

[227] Akkuma 93.ffaa

[228] Akkuma 94.ffaa

[229] Akkuma 95.ffaa

[230] Akkuma 96.ffaa

[231] Akkuma 97ffaa

Hubannoon madaallii raawwii hojii irratti dura turee fi amma jiru garaagara akka ta'e boqonnaa kana keessatti gabatee Lak. 1n agarsiisuuf yaalleerra. Garaagarummaa kana qabatama gochuuf ammoo tooftaaleen madaallii raawwii hojii garaagara ta'uun kan oolu miti.

Tooftaaleen madaallii raawwii hojii ammayyaa ta'an beekamoon tooftaa bu'aa hojii fi tooftaa BARS jedhamu.[232] Maalummaa tooftaalee kanniinii itti aansuun ilaalla.

c) Tooftaa Bu'aa Hojii Irratti Hundaa'e

Tooftaan kun "results method ykn management by objectives (MBO)" jedhamuun tooftaa beekamu dha. Tooftaa kana barreessitoonni PSubba Rao fi VSP Rao jedhaman akka armaan gadiitti ibsu.

> *MBO is a process whereby one superior and subordinate managers of organization jointly identify its common goals, define each individual's major areas of responsibility in terms of results expected of him, and use these* measures of guides for operating the unit and assessing the contribution of its members. [233]

Kana jechuun, tooftichi adeemsa hoogganaa fi hojjetaan waliin ta'uudhaan galma mana hojii adda baasan, tokkoo tokkoo hojjetaaf itti gaafatama hojii murteessan, itti gaafatama kana bahachuu fi bahachuu dhiisuu isaa hojiin kan itti madaalanii fi faayidaa hojjetaan tokko mana hojiif argamsiises hojiilee qabatamaan hojjetaman kana bu'uureffachuun haala itti madaalan akka jechuuti. Xiyyeeffannoon tooftaa kanaa haala kamiin hojjetame kan jedhu osoo hin taane, maalti hojjetame kan jedhu dha. Ibsa biraatiin, hojjetaan kan madaalamu hojii qabatamaan hojjeteen malee, hojii hojjechuu danda'uun ykn tilmaama dhuunfaa dandeetti hojjetaa sanaa ibsu irratti hundaa'amee miti.[234] Madaallii raawwii hojii durii keessatti xiyyeeffannoon kan itti kennamu amala dhuunfaa hojjetaatti yommuu ta'u, madaallii raawwii hojii amayyaa ammmoo keessatti hojii qabatamaan hojjetame irratti akka ta'e olitti ilaalleerra.

---

[232] Olitti yaadannoo lak. 1, F. 204.

[233] Olitti yaadannoo lak. 2, F. 240

[234] Appraisal Methods, Results Method (Management By Objective) http://www.performance-appraisal.com/results.htm. F 1, Onkoloolessa 16, 2009 kan ilaalame.

Tooftaan madaallii raawwii hojii bu'aa hojii irratti hundaa'u yaada kana kan cimsu dha. Kana jechuun garuu, tooftaan kun amala dhuunfaa hojjetaa tasuma tilmaama keessa hin galchu jechuu miti. Sababni isaa yaadni bu'uuraa tooftichi hordofu hojii hojjetame tokko qabatamaan safaruu waan dandeenyuuf, amala dhuunfaa hojjetaa sanaa kanumarraa kaanee tilmaamuu dandeenya kan jedhu waan ta'eef.[235] Kana waan ta'eef, akka tooftaa kanaatti madallii raawwii hojii sirrii hojjetaa bakka bu'uu danda'u geggeessuun yoo barbaachise, xiyyeeffannoon guddaa amala dhuunfaaf osoo hintaane, hojii qabatamatti hojjetame jiru ta'uu qaba. Tooftaa kana hojiirra oolchuuf, haala dureewwan adda addaa hojjechuun barbaachisaa dha. Isaanis, hooggantootnii fi hojjettoonni waliin ta'uun,

- *Galma hojii qopheessuu; galma gahumsa isaafis sadarkaa hojii (standard) kaa'u;*
- *Galma taa'ee jiru yeroo yerootti hordofuun jijjiirama barbaachisu gochuu;*
- *Galmi qabamee jiru galma gahuu fi dhiisuu isaa irratti mari'achuu; galma hin geenye yoo ta'e sababa isaa adda baasuu fi,*
- *Hojii hojjetamee jiru irraa ka'uudhaan galma haara kaa'uun yoo barbaachise yeroo hojii itti aanuuf kaa'uu dha.* [236]

Kun kan agarsiisu tooftaan kun durumaan kaasee hojjetaatti kallattii hojii kan agarsiisu ta'uu isaati. Sababni isaa galmi hojii maal akka ta'e hoogganaa fi hojjetaan waliin waan murteesseef. Kana waan ta'eef, tooftichi tooftaa hojjetaa fooyyeessuu fi galma qabame milkeessuu danda'u dha jedhamee jajama.[237] Kana jechuun garuu, tooftaan madaallii raawwii kun hir'ina hin qabu jechuu miti.

Akkuma olitti ibsame tooftichi tooftaa hoogganaa fi hojjettoota walqixa hirmachiisu dha. Haata'u malee, qabatamaatti hooggantoonni tokko tokko aadaa akkasii kana fudhatanii hojiirra oolchuu keessatti rincica agarsiisuu danda'u.[238] Haaluma

[235] Akkuma 101ffaa

[236] Olitti yaadannoo lak. 2, F. 240

[237] Akkuma 103,ffaa F. 241

[238] Akkuma 104ffaa.

walfakkaatuun, galma hojii duraan taa'e haala yeroo waliin jijjiiruun walqabatees hir'inni mul'achuu mala. Sababni isaa jijjirama yeroo irratti hundaa'uun galmi yoo jijjiiramu hojjettoonni dafanii jijjiirama kanaan walbaruu dhiisuu waan danda'aniif, yeroo murtaa'eef burjaajja'uu danda'u.[239] Kunis hir'ina tooftichaa keessaa akka isa tokkootti kan ilaalamu dha. Itti dabalees, madaalliin raawwii hojii kan geggeeffamu bu'aa raawwii hojii waliigalaa irratti hundaa'un isaa hojjettoota biratti fuula duratti tilmaama sirrii hin taane tilmaamuun akka hojii dagataniif qaawwa banuu danda'a. [240]

Walumaagalatti, tooftaan madaallii raawwii kun hir'inoota armaan olitti caqasaman kana haaqabaatu malee, tooftaa hammayyaa fi bal'inaan kan itti hojjetamu dha.

d) Tooftaa BARS

Tooftaan madaallii raawwii hojii hammayyaa ta'e inni biraa ammoo tooftaa BARS yoo jedhamu, innis "Behaviourally anchored Rating scales" kan jedhu bakka bu'a. Tooftaan kun tooftaalee madaallii raawwii hojii durii ta'an adda addaa waliin make hammayyeessee kan dhiheessu yommuu ta'u, hojiirra oolmaa isaaf ammoo namoota amala hojiin wal beekan fayyadamuu barbaada.[241] Tooftaaleen madaallii raawwii hojii durii tooftaan BARS fayyadamu tooftaa akka tasaa (critical incident method), tooftaa madaallii diriiraa (graphic rating scale), fi tooftaa cheeklistii madaalawaa (weighted checklist method) fa'i. [242]

Tooftaalee adda addaa durii kanatti fayyadamuun ulaagaaleen madaallii raawwii hojii calalamanii eerga adda bahanii booda, qaphxiin ifa ta'e itti kennamuudhaan, hoogganaan kana irratti hundaa'ee qaphxii hojjetaa sana bakka bu'a jedhee amanu kan

[239] Olitti yaadannoo lak. 101, F. 2

[240] Akkuma 106ffaa.

[241]. Olitti yaadanno Lak. 2, F. 235

[242]. Akkuma 108ffaa

guutu dha.[243] Tooftaa BARS hojiirra oolchuuf adeemsa adda addaa keessa dabarsuun barbaachisaa ta'a. [244]

Tokkoffaa, amala hojii irratti hundaa'uun tooftaa akka tasaatti (critical incident) fayyadamuun ulaagaalee bu'a qabeeyyii ta'anii fi hin taane (effective and non-effective) adda baasuu. Kun namoota amala hojichaa sirriitti beekanii fi hooggantootaan ta'uu qaba. Lammeffaa, ulaagaalee haala armaan oliin adda bahan kana keessaa kanneen murteessoo ta'an akkaataa walitti dhiheenyaa fi walfakkeenya isaaniitiin cuunfanii bakka tokkotti gurmeessuu; tokkoo tokkoo isaaniitis istaandardii hojii kaa'uu. Sadeffaa, ulaagaaleen adda bahan kunniin akkaataa amala hojichaan walsimuu isaanii irra deebi'anii qulqulleessuu. Afraffaa, tokkoo tokkoo ulaagaalee sanaaf ulaagaalee xixiqqoo baasuun qaphxii kennuu dha. Qaphxiin kun gaarii, baay'ee gaarii fi kkf ykn ammo 1, 2, 3, 4…. Jedhamee ibsamuu danda'a. ulaagaaleen xixiqqoo qaama waagaalee gurgudttoo ta'anii filatamuuf marii ogeeyyii dhimma kana hojjetanii irratti kan hundaa'uu fi yoo xiqqaate sagalee ¾ n mirkanaa'uu kan barbaadu dha. Dhuma irratti, adeemsota kunniin walitti qabuudhaan tooftaa BARS ijaaruu dha.

Akka deggertoota tooftaa kanaatti, tooftichi hooggantootaa fi hojjettoota biroo tooftaa hirmaachisu waan ta'eef, fudhatama kan qabu dha. Itti dabalees, hojii giddu galeessa godhatee kan socho'u waan ta'eef, rogummaa fi dhugummaan isaa guddaa dha jedhu.[245] Haata'umalee, tooftaan kun qeeqama irraa bilisa kan ta'e miti. Qorattoonni toofticha yoo qeeqan, tooftichi kan xiyyeeffatu firii hojii osoo hin taane gocha irratti (activity oriented rather than result oriented) dha. jedhu. Sodaan jara kanaa tarii, hojjetaan tokko gocha guyyaa guyyaatti godhuun cimaa ta'ee, bu'aan inni akka waliigalaatti qabatamaan buuse yoo dhibe faayidaa hin qabu kan jedhu ta'uu danda'a. Haaluma walfakkaatuun, unkaa madaallii akkaataa gahee hojii isaaniitiin tokkoo tokko hojjetaaf qopheessuu kan barbaadu waan ta'eef, toofticha saxaxuuf yeroo fi baasii

---

[243]. Akkuma 109[ffaa]

[244] . Adeemsonni kunniin olitti yaadannoo lak 2, FF 235-236, ykn Behaviorally Anchored Rating Scales Law & Legal Definition http://definitions.uslegal.com/b/ behaviourally-anchored-rating-scales/ Amajji 25, 2010 kan ilaalame keessattis ibsamanii argamu.

[245]. Olitti yaadanoo Lak. 2, F. 236

guddaa kan gaafatu dha. Gabaabumatti, tooftaan kun dogoggoroota tooftaalee madaallii biroo keessatti uumamuu danda'an kan hambisu waan hin taaneef, tooftaalee biroo irra kan filatamu miti jedhamee qeeqameera.[246]

Akkaataa tooftaan madaallii raawwii hojii BARS itti diriirsan, mee ofiisera seeraa mana murtii aanaa tokko fudhannee fakkeenyaan haa ilaallu. Kanneen armaan gadii aangoo fi gahee ofiiseera seeraa mana murtii aanaa keessaa isaan muraasa [247]

8. Galmee banuu,
9. Deebii fuudhuu,
10. Galmee kaa'uu,
11. Beellama kennuu,
12. Ajaja adda addaa barreessuu,
13. Galagalcha ol iyyataa kennuu,
14. Mallaqa abbaa seerummaa walitti qabu,

Hojiiwwan 1,2, fi 3 waan walfakkaataniif, sadanuu garee tokko keessa kaa'uun ni danda'ama. Hojiiwwan 4 fi 5 jala jiranis waan walitti dhihaataniif bakka tokkotti gurmaa'uu danda'u. gareewwan lameen kana ammoo deebisanii mata-duree itti uumuudhaan garee tokko gochuun ni danda'amaa. Fakkeenyaaf, mata-duree Beekumsa hojii jedhu uumuun jala galchuun ni danda'am. Kana booda, beekumsi hojii ofiisera seeraa mana murtii aanaa maal akka ta'e beekuuf, tooftaa diriiraa salphaatti fayyadamnee madaaluu dandeenya. Fakkeenyaaf;

Gabatee 8: Tooftaa BARSn Madaallii Beekumsa Hojii Ofiisera Seeraa Mana Murtii Aannaa Agarsiisu

Iskeelii Taa'ee (Rating Scale)	Qaphxii (Points)	Amala (Behavior)
Daran ol'aanaa	4	Ofiiserrii kun beekumsa hojii sirrii fi amma irraa eegamu caalaa qaba.
Ol'aanaa	3	Ofiiserri kun ammoo beekumsa hojichaaf barbaachisu hunda ni qaba.
Gadaanaa	2	Ofiiserri kun hojii kennameef beekee hin hojjetu
Daran gad-aanaa	1	Ofiiserri kun hojii kennameef beekee hojjechuu haa turuu, hojiiwwan biroonillee akka waldhahaniif sababa ta'aa kan jiru

246. Akkuma 112ffaa

247 . Kwt 15, Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebi'anii Hundeessuuf Bahe, Lak 141/2000,

		dha.

Walumaagalatti, sirna bulchiinsa humna namaa keessatti tooftaaleen madaallii raawii hojii lakkoofsaan hedduu yoo ta'an illee, bal'inaan kan itti hojjetaman kannneen armaan olitti ibsamani dha. Tooftaaleen kunniin hir'inaa fi cimina mataa isaanii qabu. Manneen hojiis ciminaa fi hir'ina jiru kana tilmaama keessa galchuun tooftaa amala hojii isaanii waliin deemu fi latanii kan itti hojjetanidha.

2.7. Amaloota Sirna Madaallii Raawwii Hojii Bu'a Qabeessaa. [248]

Bu'aa madaallii raawwii hojii irratti hundaa'uun murtiiwwan adda addaa kallattiinis ta'e al kallattiin hojjetaa dhuunfaas ta'e mana hojii tokko irratti dhiibbaa qabaatan ni darbu. Kana waan ta'eef, sirni madaallii raawwii hojii bu'a qabeessa ta'uuti irraa eegama. Bu'a qabeessummaan sirna madaallii raawwii hojii amaloota adda addaa kan qabu yoo ta'u, kanneen armaan gadii isaan hangafaati.

i) **Rogummaa fi Dhugummaa (Reliability and validity):** odeeffannoowwan madaallii raawwii hojii kara karaa guuraman kan walsimanii fi wal deggeran ta'uun kaayyoo mana hojichaa kan deggeran ta'uuti irraa eegama. Kun fakkeenyaaf, namoonni beekumsaa fi sadarkaan isaanii walfakkaataa ta'e tooftaa madaallii raawwii tokkootti fayyadamanii hojjetaa kan madaalan yoo ta'e, firiin madaallii namoota kanaan geggeeffame walsimuu danda'uu qaba. Kan jedhuun ibsamuu danda'a.

j) **Hojii Madaalamuun Walitti Hidhamuu (Job Relatedness):** odeeffannoon madaallii raawwii hojiin kennamu, waa'ee hojii mana hojii sanaan walitti kan hidhamu ta'uu qaba.

k) **Qabatamaan Hojiirra Ooluu Danda'uu (practical viability):** Tooftaaleen madaallii geggeessuuf filatamanii fi akka waliigalaatti ammoo adeemsi madaallii raawwii hojii tokkoo qabatamaan hojiirra ooluu danda'uu qaba.

[248] Amalootni kunnin PSubba Rao fi VSP Rao olitti caqafame fuulota 245-246 irraa fudhataman.

l) **Seera Jiruun Walsimuu**: Sirni madaallii raawwii hojii seerota bahanii jiran waliin kan walsimu ta'uu qaba. Amalli kun keessumaayyuu, madaallii raawwii hojii abbootii seeraa irratti sirriitti kan raawwatu dha. Sababni isaa, adeemsi madaallii raawwii hojii bifa kamiinuu taanaan bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa heeraa fi seeraan mirkanaa'ee jirutti bu'uun irra hin jiraatu.

m) **Namoota Leenjii Qabaniin Geggeeffamuu**: Adeemsi madaallii raawwii hojii bal'aa waan ta'eef, cimuu danda'a. kanaaf, namoota madaallii geggeessaniif leenjii kennuun barbaachisaa dha. Leenjiin kun keessumaa akkaataa gaaffii afaanii itti adeemsisan, waraqaa madaallii raawwii hojii itti olkaa'an, dogoggoroota madaallii raawwii hojii keessatti uumamuu danda'an itti sakatta'anii fi akkaataa icitiin madaallii raawwii hojii itti eegamuu danda'uuf kkf, irratti kan xiyyeeffatu ta'uu danda'a.

n) **Bu'aa Madaallii Hojjetaaf Ifa Gochuu Danda'u: (Employee Assess to Results**): Hojjettoonnii haala maaliin hojii isaanii geggeessaa akka jiran beekuu barbaadu. Kanaaf, bu'aan madaallii raawwii hojii haala itti fufiinsa qabuun hojjetaaf ibsamuu qaba. Kun hir'innii fi ciminni isaanii eessa akka ta'e bira gahuuf waan gargaaruuf, barbaachisaa dha. Qaamni firii madaallichaa irratti mormii qabus mormii isaa akka dhageessifatuuf karaa saaqa.

o) **Walqunnamtii Ifa Ta'e Gochuu Danda'uu (open communication):** Adeemsi madaallii raawwii hojii ifa ta'uu qaba. Fakkeenyaaf, gaaffiiwwan madaalliif geggeeffaman (appraisal interviews) hojjetaa sanaafis ta'e qaama madaallii geggeessu sanatti qaawwa hojjetaa madaalamuu agarsiisuu danda'uu qaba. Kun gara fuulduraatti firiin madaallii hojjetaa madaalamuu maal ta'uu akka danda'u durumaan hojjetaan akka tilmaamuuf kan gargaaru waan ta'eef, firii madaalliichaa amananii fudhachuu irratti mormii dhabamsiisa ykn xiqqeessa.

p) **Adeemsi komiin Itti Dhagahamu Jiraachuu (due process):** Hojjettoonni tokko tokko firiin madaallii raawwii hojii bakka nuun hin bu'u jechuun mormii ykn komii adda addaa kaasuu danda'u. sirni madaallii raawwii hojii komii akkasii kana keessuummeessuu danda'u diriirsuu qaba.

Walumaagalatti, madaalliin raawwii hojii amaloota armaan olii agarsiisuu bu'a-qabeessa jedhamee kan tilmaamamu dha. Bu'a qabeessa kan jedhames kaayyoo adda duraa madaallii raawwii hojii kan ta'e, jechuunis fooyyaa'insa (developmental purpose) barbaadamu kan argamsiisu waan ta'eefi dha.

Boqonnaa Sadii

Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Seeraa Oromiyaa

Dhimmoonni madaallii raawwii hojii akka waliigalaatti boqonnaa lama jalatti caqafaman madaallii raawwii hojii abbootii seeraa irrattis raawwatinsa ni qabaatu. Haata'u malee, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa mana murtii keessatti bal'inaan kan itti hin hojjetamneef abbaa seeraa madaaluun akka jecha laguutti ilaalamaa kan ture waan ta'eef, madaalliiwwan raawwii hojii biroon walbira qabamee yoo ilaalamu dhiheenya kan eegale akka ta'e barreeffamootni tokko tokko ni ibsu. [249] Abbootiin seeraa mirga, walabummaa fi dantaa dhuunfaa, sirna siyaasaa, dinagdee fi hawaasummaa heeraa fi seerota biroon mirkanaa'an kabachiisuun ol'aantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti gahee isaan taphatan bakka bu'insa kan hin qabne dha. Kaayyoon hundeeffama manneen murtii Oromiyaas kanuma. [250]

Kaayyoo kana galmaan gahuun kan danda'amu ammoo abbootiin seeraa dandeettii fi naamusa ol'aanaa hojichi barbaadu kan horatan yoo ta'e dha. Kana jechuun garuu, kun qofti gahaadha jechuu miti. Dandeettii fi naamusa horatame kana abbootiin seera bilisa ta'anii hojiirra oolchuu danda'uu qabu. Ammas, bilisummaa abbaa seeraa mirkaneessuun qoftii gahaa hin ta'u. Bilisummaa cinaatti itti gaafatamummaan isaaniis mirkanaa'uu qaba. Sababni isaa bilisummaa fi itti gaafatamummaan wal utubanii kan deemanii fi gargar bahuu kan hin dandeenye dha.[251] Itti gaafatamummaan alatti kaayyoon bilisummaa abbootii seeraas galma gahuu hin danda'u.[252] Madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa kallattinis ta'e alkallattiin dhimmoota kanninitti jechuunis, naamusa, bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa irratti kan rarra'e waan

---

[249] Fakkeenyaaf, Should Judges Face Appraisa? http://business.times.onlien.co.uk./tol/business/law/columnists/articles.2544364ece F.1:; Mulusendek, Appointment and Evaluation of Judges in Ethiopia: with Special Reference to Federal Judges in Addis Ababa, Mana Kitabaa Kolleejjii Siivil Sarvisii Itoophiyaa, (1997), F.6. ilaaluun ni danda'ama.

[250] Kwt. 3, Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebi'anii Hundeesuuf Bahe Lak. 141/2000

[251] Cyrus Das & Chandra (editors), Judges and Judicial Accountability (2004), F. 101

[252] Akkuma 3ffaa, F.7

ta'eef, dhimmootni kun baay'ee murteessoo dha. Kun immoo deebi'ee kan agarsiisuu madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa amala addaa hojichi barbaadu kan qabu ta'uu isaati. Kana waan ta'eef, boqonnaan kun kutaalee garguddoo lamatti qoodamee jira. Kutaan I dhimmoota bu'uura ta'an kanniin akka naamusa ogummaa abbootii seeraa, bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa fi madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa kallattii bilisummaa fi itti gaafatamummaatiin akkamitti akka ilaalamu ibsuu irratti kan xiyeeffatu dha. Kutaan II immoo madaallii raawwii hojii abbootii seeraa geggeessuu keessatti dhimmoota ijoo ta'an lamaan; jechuunis ulaagaaleen madaallii raawwii hojii maal akka ta'anii fimadaalliin raawwii hojii mala attamiin akka geggeeffamu irratti kan xiyyeeffatu dha. Mee tokko tokkoon ilaaluu yaalla.

Kutaa I

Naamusa Ogummaa, Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaa Abbootii Seeraa, fi Madaallii Raawwii Hojii fi Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaa Abbootii Seeraa

3.1.1. Naamusa Ogummaa Abbootii Seeraa

> *Professional ethics concerns the moral issues that arise because of the specialist knowledge that professionals attain and how the use of this knowledge should be governed when providing a service to the public.* [253]

Kana jechuun, naamusti ogoummaa namootni ogummaa tokko irratti beekumsa addaa horatan beekumsicha hojiirra oolchuudhaan uummata tajaajiluu keessatti ogeeyyiin hordofuu kan qaban dhimmoota hamilee ogummaan sun barbaadu irratti kan xiyyeeffatudha akka jechuuti. Ibsa biraatiin, naamusti ogummaa namootni ogummaa tokko jalatti hammataman adeemsa hojii isaanii keessatti waan hordofuu qaban kan kaa'u dha. Abbootiin seeraas hojii abbaa seerummaa waan hojjetaniif namoota ykn miseensota ogummaa tokko jalatti hammatamanidha. Kanuma irraa ka'uudhaan, naamusa ogummaa abbootii seeraa jechuun hojii abbaa seerummaa hojjechuu keessatti

[253] Professional Ethics, http://en.wikipedia.on/wiki/professional.ethics, Guraan dhala 3, 2010 kan ilaalame

qajeelfamoota bu'uuraa abbootiin seeraa hordofuu qaban kan agarsiisu dha jedhanii bifa walfakkeessuutiin ibsuun nama hin dhibu.

Naamusti ogummaa abbootii seeraa seenaa guddina mataa isaatii kan qabu dha. Seenaa kana bal'inaa ibsuun kaayyoo qo'annoo kanaa hin ta'u. Haata'u malee, sadarkaa addunyaatti jiraachuu naamusa ogummaa abbootii seeraaf sababni guddaan biyyoota baay'eetti amantaa uummatni qaama abbaa seerummaa irraa qabu sababa malaammaltummaa fi loogiin yeroodhaa gara yerootti hir'achaa dhufuu isaa akka ta'e qorannoowwan adda addaa ni ibsu.[254] Kana irraa ka'uudhaan Mootummootni Gamtooman (UN) duudhaalee bu'uuraa naamusaa ogummaa abbootii seeraa kanneen bilisummaa, alloogummaa, walqixxummaa fi kkf jedhaman akka diriiraniif sochii godhe. Duudhawwan bu'uuraa naamusa ogummaa abbootii seeraa yeroo ammaa kana biyyootni adda addaa itt fayyadamaa jiranis bu'aama sochii Mootummoota Gamtoomanii kanaati jechuun ni danda'ama. Duudhaaleen bu'uuraa naamusa ogummaa abbootii seeraa kun badiiwwan naamusaa itti gaafatamummaa hordofsiisuu danda'an addaan baasuun dambii naamusaa keessatti tumuudhaan itti gaafatamummaa abbootii seeraa cimsuuf kan gargaaran waan ta'eef,[255] akka malee barbaachisu. Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaas koodii naamusa abbaa seerummaa abboottii seeraa fi muudamtoota gumii naannoo Oromiyaa qopheessee hojiirraa kan oolche kanumaaf ta'uu hin oolu. Koodiin kun duudhaalee bu'uuraa naamusa ogummaa abbootii seeraa addunyaa irratti fudhatama argatan of keessatti hammateera. Mee isaan kanniin tokko tokkoon gabaabsinee haa ilaallu.

3.1.1.1. Bilisummaa

Duudhaa naamusa bilisummaa jechuun abbaan seeraa tokko dhiibbaa, hacuuccaa, sodaachisa, giddu lixummaa fi sossobbii qixa kamirraayyuu sababa kamiinuu dhufu irraa bilisa ta'uudhaan hojii abbaa seerummaa qofa hojjechuu jechuu kan agarsiisuu

[254] Makaashaa Abarraa fi Urgeessaa Ganamoo, Naamusa Ogummaa Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa, Afaan Oromootti Alamayyoo Taganee fi Dasaa Bulchaan Kan Jijjiirame (2002) F. 22.

[255] Seensa Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Gumii Naannoo Oromiyaa ilaaluun ni dnda'ama (ammaan booda, koodii naamusa abbaa seerummaa jedhamee kan caqasamu).

dha.[256] Duudhaan kun haalla duree ol'aantmmaa seeraa fi wabii bu'uuraa adeemsa falmii madaalawaati.[257] Duudhaan kun faayidaa guddaa kan qabuu fi barbaachisaa ta'uusaa waraabbiin tokko akka armaan gadiitti ibsa:.

> *An independent judiciary is indispensable to impartial justice under law. Judges should, therefore, uphold and exemplify judicial independence in both its individual and institutional aspects.* [258]

Waraabbiin kun duudhaan bilisummaa ol'aantummaa seeraa mirkaneessuu keessatti dhimma murteessaa ta'uusaa fi karaa adda addaa lamaan bilisummaa dhuunfaa fi bilisummaa qaama jedhamee ibsamuu akka danda'u sirriitti ibsa. Kanaaf fakkaata duudhaan kun xiyyeeffannoo argachuun koodii naamusa abbootii seeraa Oromiyaa bira darbuun Heera Mootummaa Rippaabilia Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa (RDFI) fi Heeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaan beekamtii kan argate.[259] Abbootiin seeraas duudhaa kana eeguu fi dagaagsuuf akkasumas, utubuu fi calaqqisiisuuf dirqama naamusaa qabu.[260] Waa'ee bilisummaa gadifageenyaan kutaa biraa keessatti waan ilaalluuf, ammaaf gabaabumatti bilisummaan duudhaawwan naamusa abbootii seeraa keessaa isa hangafaa fi isa murteessaa akka ta'e hubachuun gahaa ta'a.

3.1.1.2. Alloogummaa

Abbaan seeraa hojii abbaa seerummaa isaa gartokkummaa fi loogii bifa kamiinuu ibsamu irraa bilisa ta'ee hojjechuu akka qabu duudhaan agarsiisuu ammoo duudhaa al-loogummaati.[261] Al-loogummaa jechuun murtiin kennamu loogii irraa bilisa ta'uu qofa osoo hin taane murtiin waayita kennamuuf adeemamuttis adeemsichi loogii irraa bilisa

---

[256] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Yaadannoo Lak. 7, Duudhaa I, Qajeeltoo 1.1

[257] Akkuma 8ffaa, Duudhaa I.

[258] Canadian Judicial Council Ottawa, Ontario, www. cjc-ccm. gc.ca, Mana Kitaabaa ILQSO tti "Hard Copy"n qophaa'ee Kan Jiru

[259] Kwt. 78 fi 79, Heera Mootummaa RDFI(1987) fi Kwt 61 Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa(1994).

[260] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Yaadannoo Lak. 7, Duudhaa I fi Qajeeltoo 1.5 walfaana yoo dubbifamu.

[261] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa,. Yaadannoo Lak. 7, Duudhaa II.

ta'uu qabaachuu isaa kan agarsiisuu dha.[262] Kun karaa adda addaa ibsamuu danda'a. Fakkeenyaaf, abbaan seeraa abbaa dhimmaa irraa jibba qabatamaa kan qabu yoo ta'e, ykn duraan dursee dhimmicha irratti abukaattoo ta'ee yoo jiraate, ykn abbaan seerichaas ta'e miseensi maatii isaa bu'aa dhimma falmiif hundee ta'e irraa dantaa dinagdee kan qaban yoo ta'e, abbaan seeraa kun dhimmicha ilaaluurraas ta'e murteessuu irraa of qusachuu qaba. Kun koodii naamusa abbaa seerummaatiinis beekamtii argatee kan jiru dha. [263]

Hojiirra oolmaa duudhaa kanaaf duudhaa bilisummaa dura dhugoomsuun murteessaa dha. Utuu bilisummaa abbootii seeraa fi manneen murtii hin mirkaneessiin, al-loogummaan ni mirkanaa'a jedhanii yaaduun kan danda'amu miti.[264] Haata'u malee, abbaan seeraa bilisummaa waan qabuuf, loogii irraa bilisa ta'ee hojjeta jedhanii duunyaatti gudunfuun hin danda'amu. Sababni isaa bilisummaan hojjechuu jechuunii fi al-loogummaan hojjechuu jechuun duudhaalee garaagaraa lama waan ta'aniif. [265]

Alloogummaan hojjechuun qaama abbaa seerummaa tokko irraa duudhaa barbaadamu ta'uun olitti qaamni kun kan ittiin ibsamu amala isa guddaa waan ta'eef, abbootiin seeraa alloogummaan hojjechuu qofa osoo hin taane, akka hojjetaanis mul'achuu qabu.[266] Kun amantaa qaamotni mootummaa biroos ta'e, uummatni bal'aa mana murtii irratti qabu kan cimsu waan ta'eef, dhimma murteessaa dha.

Dhimmi biraa as jalatti caqasamuu qabu loogiin jira ykn hin jiru jechisiisuu kan dandeessisan maalfaadha kan jedhu dha. Fakkeenyaaf, abbootiin seeraa dhuunfaadhaan ijoo dhimmaa dhihaateef seeraa fi dhimmoota hawaasummaa biroon walitti hidhuudhaan ejjennoo mataa isaanii qabaatanii yaada addaa barreessuu danda'u. Yeroo kana loogiin hojjetameera jennaa? Gochootni akkasii duudhaadhuma hojii abbaa seerummaa waan ta'aniif, loogii miti. Loogummaan haalawwan adda addaa

[262] Olitti Yaadannoo Lak. 6, F. 47

[263] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa II, Qajeeltoo 2.4

[264] Olitti Yaadannoo 6, F. 47

[265] Akkuma 16^{ffaa} .

[266] Akkuma 17^{ffaa} .

sadiin ibsamuu kan danda'u dha. Isaanis, sochii siyaasaa gochuu (political activity), dhaabbilee hawaasaa, harjoomtotaa fi amantii waliin sochii gochuu fi walitti bu'insa fedhii (conflict of interest) dha.[267]

i. Sochii Siyaasaa (Political Activity)

Kun kan agarsiisu dhaaba siyaasaa tokko keessatti miseensa ta'uudhaan ykn ammoo utuu hin ta'iin gochaawwan loogummaa agarsiisan tokko tokko keessatti qooda fudhachuu dha.[268] Fakkeenyaaf, walgahii dhaaba siyaasa tokko irratti hirmaachuudhaan mallaqa hojii siyaasaaf oolu maddisiisuu, murtiiwwan dhaabbilee siyaasaan darban irratti dhiibbaa gochuuf iyyata adda addaa mallatteessuu, ajandaawwan falmisiisoo ta'anii fi dhimmoota mana murtii hin ilaallanne keessatti hirmaachuu fi kkf dha.[269] Sababni isaa gochaawwan akkasii kun gartummaa kan agarsiisanii fi loogiiuumuu kan danda'an waan ta'eefi dha.

ii. Dhaabbilee Hawaasaa, Harjoomtootaa fi Amantii Waliin Sochii Gochuu (Civic, Charitable And Religious Activity)

Kun dhimmoota hawaasumaa, harjoomaa fi amantii waliin kan wal qabatu dha. Abbootiin seeraa dhimmoota hawaasummaa, harjoomaa fi amantii keessatti hirmaachuu ni danda'u. Haata'u malee, hirmaannaa fi sochiin isaan geggeessan kun bifa alloogummaa abbaa seeraa fi mana murtii gaaffii ykn shakkii keessa galchuun ta'uu hin qabu.[270] Fakkeenyaaf, maqaa gaarii mana murtiitti fayyadamuudhaan dhaabbilee hawaasummaa, harjoomaa fi amantiif akkaataa galiin walitti qabamuuf haala mijeess,u dhaabbilee kanaaf gorsa seeraa kennuu; dhaabbilee mana murtiitti falmii qaban waliin gurmaa'uu fi kkf gartummaaf karaa kan banani dha.[271] Kana waan ta'eef, abbootiin seeraa gochoota akkasii kana irraa of qusachuu qabu.

---

[267] Olitti yaadannoo lak. 10, FF 27-29

[268] Akkuma 19^{ffaa}, F. 28.

[269] Akkuma 20^{ffaa}.

[270] Akkuma 21ffaa, F.27.

[271] Akkuma 22ffaa, F. 27-28.

iii. Walitti Bu'insa Fedhii (Conflict of Interest)

Kun akkuma armaan olitti ibsame yommuu fedhiin dhuunfaa abbootii seeraa ykn maatii isaanii dhimma ilaalamuuf gara mana murtii dhufe keessatti kallattiinis ta'e alkallattiin mul'atu dha. Yeroo akkanaa kana abbootiin seeraa dhimmicha akka hin ilaallee fi dhaddacha irraa ka'uu akka qaban koodiin naamusa abbaa seerummaas ta'e, seeronni biroo ni ibsu.[272]

Walumaagalatti, loogiin saala, aadaa, sanyii fi kkf irratti hundaa'uudhaan gochaan (conduct) ykn jechaan (word) mul'achuu kan danda'u dha.[273] As irratti dhimmi xiinxalamuu qabu gochi ykn jechi tokko loogii agarsiiseera jechuuf safartuu kan ta'u maal kan jedhu dha. Kana ilaalchisuun koodiin naamusa biyya kanaadaa akkas jechuun ibseera:

> *The appearance of impartiality is to be assessed from the perspective of a reasonable, fair minded and informed person.*[274]

Kana jechuun alloogummaan jira ykn hin jiru jedhamee kan madaalamu ija nama dhamaqabeessaa, sammuu sirrii fi waa hubachuu danda'uun akka ta'e kan ibsu dha. Kana waan ta'eef, abbootiin seeraa madaallii kanaan ilaalamee gocha ykn jecha loogii agarsiisa jedhamuu danda'u irraa of qusachuu akka qaban koodiin naamusaa ogummaa isaan irraa barbaada.

3.1.1.3. Amala Mudaa Hin Qabne

Amalli mudaa hin qabne hojii abbaa seerummaa haala rogummaa qabuun raawwachuuf murteessaa waan ta'eef, duudhaalee naamusa abbaa seerummaa abbootii seeraa Oromiyaa keessaa isa tokko dha.[275] Duudhaan kun kan agarsiisu abbaan seeraa tokko amalli isaa ija nama dhama qabeesssa ta'eetiin yommuu ilaalamu hawaasa

---

[272] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, duudhaa II, qajeeltoo 2.4; kwt. 18 Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebi'anii Hundeessuuf Bahe Lak. 141/2000, Magalataa Oromiyaa

[273] Olitti yaadannoo lakk. 6, F. 50

[274] Akkuma 25ffaa, F. 48; olitti yaadannoo lak.10, F.27.

[275]. Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa III.

keessatti kan hin balaaleffatamnee fi amalli isaa amantaa uummatni qaama abbaa seerummaa irratti qabu dhugoomsuu kan danda'u ta'uu isaati.[276] Duudhaan kun bal'aa fi tokkoo tokkoo sochii abbootii seeraa of keessatti hammachuu kan danda'u dha. Sochiiwwan abbaa seeraatiin godhaman marti gocha akkaataa hamilee uummataatiin gaariidha jedhamee amanamu keessatti ramadamuu danda'uu qabaachuu duudhaa agarsiisu dha. Yoo akkas ta'e, abbaan seeraa tokko amala mudaa hin qabne qaba waan jedhamuuf, hojii abbaa seerummaa isaa keessatti amantaa uummataa horachuuf sirriitti gargaara.

3.1.1.4. Fayyaalummaa

Abbaan seeraa fayyaalummaa qabaatee fayyaalessa ta'ee mul'achuun sochii jireenya abbaa seeraa hunda keessatti hojii abbaa seerummaa sirnaan raawwachuuf dhimma bu'uuraati.[277] Kana ta'uuf ammoo abbaan seeraa kami yyuu hojiin abbaa seerummaa dirqama ol'aanaa kan isarraa kaa'u ta'uusaatiin hawaasa irraa gochaa fi amala isa ilaalchisee qeeqni deddeebi'e akka irratti dhiyaachuu danda'u hubachuudhaan jireenyi dhuunfaa isaatis kan lammiilee kaanii caalaa daangeffamuu akka danda'u yaada bilisa ta'eenii fi fedhiidhaan amanee fudhachuu qaba.[278] Kun karaa adda addaa ibsamuu kan danda'uu fi koodiin naamusa abbaa seerummaas of keessatti hammatee kan jiru dha. Mee tokko tokkoon haa ilaalluu.

a) Abbaan seeraa namoota dhaddacha inni hojjetu irratti deddeebi'anii dhihaatan waliin walitti dhufeenya ykn walqunnamtii hin taanee fi loogummaaf karaa banu irraa of qusachuu qaba.[279] Kun abukaattoota ykn ogeessota seeraa biroo, abbootii dhimmaa ykn abbootii taayitaa waliin ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, abbaan seeraa tokko deddeebi'ee konkolaataa dhuunfaa abukaattootaan kan fayyadamu yoo ta'e ykn poolisoota wajjiin walqunnamtii kan baay'isu yoo ta'e, yookiin konkolaataa abbootii dhimmaa daddabalee kan yaabbatu yoo ta'e,

[276] Qajeetoowwan duudhichaa lamaan (3.1 fi 3.2) kana ibsu.

[277] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa IV,

[278] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa IV Qajeeltoo 4.2.

[279] Koodii Naamusaa Abbaa Seerummaa Duudhaa IV, Qajeeltoo 4.3.

gochaawwan kunniin gochaawwan sirrii hin taanee fi alloogummaa abbaa seerichaa rakkina keessa kan galchan waan ta'eef, fayyalummaa kan hubanidha.[280]

b) Abbaan seeraa tokko waltajjiiwwan uummataa adda addaa keessatti hirmaachuu danda'a, kun abbaan seeraa akkuma lammiilee kaanii mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu, amantii fedhe hordofuu, gurmaauu fi walgahii geggeessuu waan ta'eef kan dhowwame miti.[281] Haata'u malee abbaan seeraa tokko mirgoota kanatti waayita fayyadamu, keessumaa walgahiiwwan dhimmoota falmisiisoo ta'an keessatti yommuu hirmaatu, yaada kennnuudhaan ejjennoo qabachuu irraa of qusachuu qaba.[282] Sababni isaa gochi kun loogiif haala mijeessa waan ta'eef, fayyaalummaa abbaa seeraa miidha.

c) Abbaan seeraa aangoo abbaa seerummaa isaa faayidaa dhuunfaaf ykn maalii isaatiif jecha itti fayyadamuu hin qabu.[283] Fakkeenyaaf, abbaan seeraa tokko tajaajila barbaacha waajjira tokko dhaqee adeemsa brokiraasii waajjirichaa jalaa miliquuf jecha abbaa seeraa ta'uu isaa ibsuun haala addaan akka keessummaa'u yoo barbaade, gochi kun faallaa fayyaalummaa ta'a.[284]

d) Abbaan seeraa odeeffannoo icitummaa qabuu fi dirqama hojii abbaa seerummaa isaa waayita raawwatutti kaayyoowwan biroo hojii abbaa seerummaa isaa waliin wal hin qabanneef baasee kennuu fi fayyadamuu hin danda'u.[285] Fakkeenyaaf, abbootiin seeraa hojii abbaa seerummaa isaanii raawwachuu keessatti, iciciitiwwan daldalaa adda addaa arguu danda'u. Icitiiwwan argatan kana

[280] Olitti yaadannoo lak. 6,F. 61.

[281] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa IV, Qajeeltoo 4.6.

[282] Olitti Yaadannoo lak. 10, F.28.

[283] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa IV, Qajeeltoo 4.9

[284] Olitti yaadannoo lak. 6, FF 62-63.

[285] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa IV, Qajeeltoo 4.11

faayidaa dhuunfaaf oolchuufis ta'e, dabarsanii garee sadeeffaaf kennuun fayyaalummaa miti. [286]

e) Abbaan seeraa hojiin isaa inni calqabaa dirqama hojii abbaa seerummaa haalaan bahachuudha. Kana cinaatti garuu, sirna seeraa, bulchiinsa haqaa fi seeraa guddisuu fi dagaagsuuf carraaqqii ol'aanaa gochuu qaba.[287] Haa ta'u malee, barreeffamoota barreessurrattis ta'e barnoota kennu irratti ejjennoon abbaa seerichaan calaqqisu ejjennoo hojii abbaa seerummaan kan wal gitu ta'uu qaba.[288] Fayyaalummaan kanaanis ibsamuu kan danda'u dha.

f) Abbaan seeraa tokko itti gaafatama hojii abbaa seerummaa isaa raawwachuu keessatti waan tokko raawwachuuf ykn raawwachuu dhiisuuf jecha kennaa, liqii ykn faayidaa gaafachuunis ta'e fudhachuun duudhaa fayyaalummaan fallaa ta'e dha. [289]

Walumaagaltti, duudhaan fayyaalummaa bal'aa fi kallatti adda addaan ilaalamuu kan danda'u dha. Iddoo fi gochaanis ibsamuu kan danda'u dha. Fakkeenyaaf, bakkeewwan kabaja hojii abbaa seerummaa gadi buusuu danda'an kan akka mana dhugaatii fi tapha kasaaraa irraa of qusachuu kan dabalatu dha. Kana waan ta'eef, fayyaalummaan abbootiin seeraa waadaa galaniif amanamummaan akka hojjetanif duudhaa murteessaa dha.

As irratti qaphxiin biraa ka'uu qabu, duudhaan fayyaalummaa jira ykn hin jiru jedhanii lafa kaa'uuf safartuun jiru maal kan jedhu dha. Madaalliin fayyaalummaa, akkuma madaallii alloogummaa, nama dhama-qabeessa ta'e dha.[290] Namni dhama qabeessa ta'e tokko naamusa abbaa seerichaa xiinxaluun abbaan seerichaa itti gaafatamummaa isaa haala fayyaalessa ta'een raawwachaa jira ykn hin jiru jechuun yaada taa'uun ta'a.

[286] Olitti Yaadannoo Lakk. 6, F 64

[287] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa IV, Qajeeltoo 4.11

[288] Olitti yaadannoo lak. 6, F. 64

[289] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa IV, Qajeeltoo 4.13

[290] Olitti yaadannoo lak. 6, F. 60

Madaallii kana irra taa'uun abbaan seeraa tokko fayyaaleessa jedhamuu akka qabu koodiin naamusa abbaa seerummaas ni barbaada.

3.1.1.5. Walqixxummaa

Duudhaan kun duudhaa naamusa abbaa seerummaa isa 5ffaa ti.[291] Abbootiin seeraa gocha ofii isaanii raawwataniinis ta'e, dhimma isaaniif dhihaate ilaaluu keessatti walqixxummaan akkaataa seeraatiin mirkanaa'aa adeemuu isaa mirkaneeffachuu qabu.[292] Abbaan seeraa yommuu hojii abbaa seerummaa isaa geggeessu sababoota rogummaa hin qabne kan akka sanyii, amantaa, saala, umurii, bifa, ilaalcha siyaasaa, naannummaa, haala fayyaa, gosa hojii, qabeenyaa fi kkf irratti hundaa'uun eennumaanuu irratti jechaanis ta'e, gochaan loogii calaqqisuu akka hin qabne duudhaan kun ni ibsa.[293] Duudhaan kun mirga Heeraan mirkanaa'ee jiru, namootni hundi seera fuula duratti walqixxee dha yaada jedhuunis kan walsimu dha.[294] Duudhaan walqixxummaa duudhaa alloogummaa waliinis walitti dhufeenya kan qabu dha.[295] Sababni isaa walqixxummaan jira jechuun karaa biraatiin kan agarsiisu loogiin kan hin jirree ta'uu isaati. Mee gochaawwan walqixxummaan faallaa ta'an maalfaa akka ta'an fakkeenyaan haa ilaallu.

1) Dhaddacha irratti ilaalchawwan loogummaa calaqqisiisan irraa of qusachuu fi garee walfalmitootaa hunda walqixa ilaaluu fi keessummeessuu dhabuu. Fakkeenyaaf, garee walfalmitootaa keessaa tokko dubara yoo taate, abbaan seeraa haasawaa walqixxumma hin agarsiifne kan akka "bareedduu tiyya" "haadha tiyya" jedhee waamuun, garaagarummaa saalaa kan agarsiisuu dha.[296] Haaluma walfakkaatuun garee walfamitootaa keessaa isa tokkoof fuulaanis ta'e,

[291] Koodii Naamusa abbaa seerummaa, duudhaa V

[292] Olitti yaadannoo lakk. 10, F. 23

[293] Kodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa, V fi Qajeeltoo Duudhichaa 5.1.

[294] Kwt 25 Heera Mootummaa RDFI (1987), Negaarit Gaazzexaa Federaalaa waggaa 1, lak.1

[295] Olitti yaadannoo lakk. 10, F 24

[296] Olitti yaadannoo lak. 6, FF. 68-69

jechaan gadda mul'isuu, garee tokkoof carraa dubbachuu bal'inaan kennuu fi isa biraa ammoo dhowwachuun faallaa duudhaa walqixxummaati. [297]

2) Dhaabbilee gartummaa tarkaanfachiisan keessatti miseensa ta'uu, dhaabbilee kanaaf buusii ykn qarshii walitti qabuuf sochii gochuu, akkasumas dhaabbile manneen murtii irraa dhimma qabaachuu danda'u jedhamanii tilmaamaman keessatti hirmaannaa gochuun gochawwan duudhaa walqixxummaan wal hin simnedha. [298]

Hojiirra oolmaan duudhaa walqixxummaa kallattii gochootaa, jechootaa fi amala abbaa seeraa qofaan kan ilaalamu miti. Hojjettoonni mana murtii, namootni biroo isa jalatti hojjetan, fi adeemsa falmii keessatti abukaattoonnii rogummaa hin qabne irratti hundaa'anii gochaan, jechaan ykn amalaan namoota gidduutti garaagarummaa akka hin gooneef abbaan seeraa tokko hordooffii barbaachisaa ta'e gochuu akka qabu koodiin naamusaa abbaa seeerummaa isarraa barbaada.[299] Waan kana ta'eef, abbootiin seeraa madaallii nama dhama qabeessaatiin yommuu ilaalamu gochii fi dubbiin isaanii hundi duudhaa walqixxummaan akka walitti hin buune of eeggannoo cimaa gochuu qabu.

3.1.1.6. Gahumsa

Duudhaan kun kan agarsiisu abbaan seeraa tokko hojii abbaa seerummaa hojjechuudhaaf qaamaa fi yaadaan gahumsa qabaachuu dha.[300] Duudhaan gahumsaa karaa adda addaa ibsamuu kan danda'u dha. Fakkeenyaaf, hojii kamuu dura hojii abbaa seerummaatiif dursa kennuu, ogummaa ofii dirqama hojii abbaa seerummaaf

[297] Akkuma 48[ffaa], F. 71

[298] Akkuma 49 [ffaa]

[299] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa V, Qajeeltoowwan 5.3 fi 5.4

[300] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa VI

oolchuu, beekumsa, dandeetti fi cimina fooyyeessuuf carraawwan argamanitti fayyadamuu ykn ofumaan tattaaffii gochuu, fi waa'ee guddina seera addunyaa keessaayyuu koonveshinii addunyaa fi sanadoota mirga namoommaa beekuun dhimmoota gahumsi ittiin ibsamu dha.[301] Kana irra caalaatti ibsuudhaaf mee fakkeenyuma tokko fudhannee haa ilaallu.

Hubannoo abbootiin seeraa naamusa ogummaa abbaa seerummaa irratti qaban ol guddisuu fi haaromsuuf yaaduun, Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa waliin leenjii guyyoota shaniif ture qopheesse haa jennu. Leenjii qophaa'ee kana irratti akka hirmaatuuf affeeramee abbaan seeraa tokko sababa gahaa malee hin hirmaatiin kan hafe yoo ta'e, gochi kun gahumsa fooyyeessuuf fedhii fi kaka'umsa kan hin qabne ta'uu isaa kan agarsiisu waan ta'eef, duudhaa gahumsaan walitti kan bu'u dha.

3.1.1.7. Miira Tajaajiltummaa fi Kaka'umsa Hojii Qabaachuu

Duudhaan kun bakka lamatti cabee ilaalamuu kan danda'u dha. Isaanis miira tajaajilummaa qabaachuu fi kaka'umsa hojii qabaachuu dha. Miirri tajaajiltummaa kan agarsiisu abbootii dhimmaa kabaja ol'aanaan simachuu fi keessummeessuu, tasgabbii fi obsaan dhaggeeffachuu, dhaddacha kabajuu fi kabachiisuu, gaaffii ykn iyyannoo dhihaataniif dafanii deebii kennuu yommuu ta'u,[302] kaka'umsa hojii qabaachuun immoo haala hojii gaarii ta'e mijeeffachuu, hojiidhaaf qophii ta'anii argamuu, haarsaa hojiin abbaa seerummaa gaafatu, fakkeenyaaf, sa'atii dabalataa, guyyaa ayyaanaa fi guyyaa sanbataa hojjechuu fi kkf kaffaluuf qophii ta'uu kan agarsiisu dha.[303] Haaluma walfakkaatuun, milkaa'ina sagantaawwan fooyya'insa manneen murtii keessatti

[301] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa VI, Qajeeltoowwan 6.1-6,4 tti jiran

[302] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa VII, Qajeeltoo 7.1(a-d)

[303] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa VII, Qajeeltoo 7.2(a-b)

geggeeffamaniif aarsaa barbaachisaa ta'e hunda kaffaluun qaamamu duudhaa kaka'umsa hojii qabaachuu akka ta'e koodiin naamusaa ni ibsa. [304]

Walumaagalatti, abbootiin seeraa tajaajila si'ataa, bu'a qabeessaa fi haqaa qabeessa ta'e kennuudhaan amantaa ummataa horachuu fi gonfachuun hawwii fi fedhii manneen murtii naannoo Oromiyaati. Kana gochuun kan danda'amu immoo abbootiin seeraa duudhaalee naamusaa armaan olitti caqafaman kanniin kabajuudhaan ittiin kan geggeefaman yoo ta'e qofa dha. Itti gaafatamummaa isaanitti kenname qabatamaan hojiirra oolchuufis duudhaaleen naamusa ogummaa kunniin akka meeshaa gaariitti fayyadu. Waan kana ta'eef, madaallii raawwii hojii abbootii seeraa Oromiyaa geggeessuu keessattis abbaan seeraa tokko hangam duudhaalee naamusa ogummaa kanaan geggeeffamaa jira jedhanii madaaluun dhimma sirrii fi murteessaa ta'uu bira darbee, qulqul'inaa fi dhuga-qabeessummaa madaallii kan cimsu dha.[305]

3.1.2. Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaa Abbootii Seeraa

Biyya sirna dimokiraasiitin bultu tokko keessatti gahee hojii irratti hundaa'uun mootummaa dameewwan adda addaatti, jechuunis, qaama seera tumtuu, qaama seera raawwachiiftuu fi qaama seera hiiktuu jedhaanii qoqqooduun kan barsiifamee fi fudhatamas kan argate dha. Heera mootummaa biyya keenyaa keessattis sadarkaa mootummaalee lamaaniifuu (Federaalaa fi naannolee) qoqqoodamsi akkasii kun ifatti taa'ee jira.[306] Qoqqoodama aangoo kana keessatti gaheen manneen murtii seera hiikuu dha.[307] Seera hiikuun hojiirra yommuu oolchan ammoo abbootiin seeraas ta'e, manneen murtii bilisa ta'aniiti. Kun Heera keessattis akka armaan gadiitti ibsamee jira:

> *Qaamni abbaa seerummaa sadarkaa kamittuu argamu dhiibbaa qaama mootummaa, abbaa taayitaa ykn qaama biraa kamiyyuurraa bilisa. Abbootiin*

[304] Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa VII, Qajeeltoo 7.2(c)

[305] Judge Not That Ye Be Not Judged: Evaluating the performance of Judges http://www.allacademic.com//meta/p-m/a-apa-research-citation2/0/9/6/1/

[306] Kwt. 50(2). Heera Mootummaa RDFI

[307] Haata'u malee, heera hiikuun aangoo manneen murtii miti. Heera hiikuun barbaachisaa ta'ee yoo argame qaamni hiikuuf aangoo qabu Mana Maree Federeeshiniiti (kwt. 83, Heera Mootumma RDFI).

> *seeraa hojii abbaa seerummaa isaanii bilisummaa guutuun raawwatan; seeraan malee haala biraatiin hin hoogganaman.* [308]

Bilisummaan abbaa seerummaa kun Heera mootummaa qofa keessatti osoo hin taane seerota rogummaa qaban biroo keessattis irra deebi'amee mirkanna'ee jira.[309] Kun kan agarsiisu bilisummaan abbootii seeraa hojii abbaa seerummaa keessatti murteessaa ta'uu isaati. Bilisummaan abbootii seeraa duudhaalee naamusa ogummaa abbootii seeraa biroo hojiirra oolchuufis haala-duree akka ta'e seensa boqonnaa kana keessatti kaafnee ilaalleerra. Haaluma walfakkaatuun, bilisummaan abbootii seera bu'a qabeessa kan ta'u itti gaafatamummaan yoo jiraate akka ta'e seensuma boqonnaa kanaa keessatti ibsuuf yaalameera. Sababni isaa, bilisummaa fi itti gaafatamummaan barbaachisummaa isaaniitiin dhimoota walgitanii fi walcinaa deemanii fi deemuu qabanidha. Yaada kana barreeffamootni adda addaa ni deggeru. Mee barreeffama tokko waraabnee haa ilaallu.

> *Independence is a vital component of a judge's accountability, since a judiciary which is not truly independent, competent or possessed of integrity would not be able to give any account of itself.* [310]

Kana jechuun. bilisummaan abbootii seeraa qaama itti gaafatamummaa abbootii seeraa keessaa isa murteessaa ta'e dha. Abbaan seerummaa bilisa, gahaa fi guutuu hin taane, itti gaafatamummaa fudhachuu kan danda'u miti akka jechuuti. Barbaachisummaa fi walitti hidhaminsa bilisummaa fi itti gaafatamummaa haala kanaan ibsuun kan danda'amu dha. Haa ta'u malee, bilisummaan kun eessaa ka'ee eessa gaha? Itti gaafatamummaa abbootii seeraa yommuu jennu maal jechuu dha? Eenyuuf itti gaafatamu? gaaffiiwwan jedhan ka'uu malu. Kutaan kun kan xiyyeeffatu dhimmoota kana tokko tokkoon kaasee xiinxaluu irratti dha.

---

[308] Kwt.79(2)(3), Heera Mootummaa RDFI fi kwt. 63(2)(3) heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyyaa'ee Bahe labsii lak. 46/1994.

[309] Fakkeenyaaf, kwt 8 Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Irraa Deebi'ani Hundeessuuf Bahe lak. 141/2000 ilaaluun ni danda'ama

[310] Olitti yaadannoo lakk. 3, F.7.

Galmeen hiikkaa jechoota seeraa "Black's Law" jecha "bilisummaa" jedhu qaamni tokko qaama biraatti utuu hin maxxanne, ykn utuu hin to'atamne of danda'ee jiraachuu jechuudha jedhee hiikeera.[311] Kana irraa ka'uudhaan bilisummaa abbootii seeraa jechuun maal jechuu akka ta'e hubachuun nama hin dhibu. Kana haala salphaan hubachuuf akka tolutti, mee sanada qajeeltoowwan bu'uuraa bilisummaa abbaa seerummaa mootummoota gamtoomanii keessatti qaamni abbaa seerummaa haala kamiin hojii abbaa seerummaa isaa hojjechuu akka qabu akkamitti akka ibse haa ilaallu:

> *The judiciary shall decide matters before them impartially on the basis of facts and in accordance with the law, without any restrictions, improper influences, inducements, pressures, threats or inter ferences, direct or indirect, from any quarter or for any reason.* [312]

Kana jechuun, qaamni abbaa seerummaa dhimmoota dhiyaataniif loogii irraa bilisa ta'ee, daangaan tokko utuu irratti hin taasifamne, sossobbiin, sodaachisuun, dhiibbaan bifa kamiyyuu ykn giddu lixummaan karaa kallattiin ykn alkallattiin bakka kamiiyyuu eenyumaanuu utuu irratti hin raawwatamne, firii dubbii fi seera bu'uura godhachuun murtii kennuu danda'uu dha.[313] Hiikkaan bilisummaa abbootii seeraas ibsa sanada armaan olitti ibsame kanaan ala hin ta'u. Abbootiin seeraa hojii abbaa seerummaa bilisaan hojjetu yommuu jennu, dhiibbaa kallattii fi alkallattiin, keessaa fi diidaan itti dhufutti bakka otoo hin kenniin dhimma isaaniif dhihaate firii dubbii fi seera jiru irratti hundaa'uun murtii kennu jechuu keenya. Heera mootummaa RDFI, Heera mootummaa

---

[311] Henry Cambel Black, Black's Law Dictionary, 6th ed. F

[312] Kwt. 2, Sanada Qajeeltowwan bu'uura Bilisummaa Abbaa Seerummaa Mootummoota Gamtoomanii (1985 A.L.A),

[313] Jijjiirraan Kun Jamaal Kadir, Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaa Walmadaalame Mannen Murtii Oromiyaa Keessatti Dhugoomsuuf, Barruu "Haqaaf," MMWO, Jildii 1, Lak. 2 Adoolessa 2001, F. 9 jedhu keessattis ibsamee jira. Haala ibsa addaa fi fayyadama jechootaatiin garaagarummaa kan qaban yoo ta'es, hiikkaawwan adda addaa bilisummaa abbaa seerummaatiif kennaman kanaan walfakkaatu. Fakkeenyaaf, hiikkaawwan Mana Murtii Waliigala Ameeriikaa, Mana Murtii Aanaa Federaala Ameerikaa fi Hawaasa abbaa seerummaa Ameerikaatiin kennaman http://goliath.ecnext.com/com52/gi_0199-1533000/Judging_judges_securing judicial_independence.htm irraa ilaaluun ni danda'ama.

naannoo Oromiyaa fi seerota biroo keessatti tumaan, abbootiin seeraa "Seeraan malee waan biroon hin qajeelfaman" jedhus kanuma agarsiisa.

Bilisummaa abbootii seeraa haala kanaan ibsuun yoo dandaame, gaaffiin biraa, bilisummaa kana mirkaneessuun maaliif barbaachise? Kan jedhu ka'uu mala. Tarii, mirga ykn dantaa dhuunfaa abbootii seeraa eegsisuuf jedhameeti laataa? Kanaaf miti. Bilisummaa abbootii seeraa tiksuun kan barbaachiseef, haqa barbaadamu argamsiisuuf bilisummaan daandii sirrii fi murteessaa waan ta'ef, dantaa uummata bal'aa eegsisuuf jedhameeti.[314] Kun galma gahuu kan danda'u bilisummaan abbootii seeraa qixa yaadameen hojiirra yoo oole qofa dha. Kana gochuuf ammoo adeemsa bilisummaan abbootii seeraa itti to'atamuu danda'u diriirsun barbaachisaa ta'a. Kun kan agarsiisu bilisummaan abbootii seeraa daangaa kan qabu ta'uu isaati. Fakkeenyaaf, abbootiin seeraa bilisa yommuu jennu seeraan ala murtii kennuu, seeraa of duubatti dhiisuun ilaalcha dhuunfaa hordofuu ykn gahumsa barbaadamu horachuuf fedhii dhabuu jechuu keenya miti.[315] Sanadni qajeeltoowwan bu'uura bilisummaa abbaa seerummaa Mootummoota Gamtoomanis abbootiin seeraa dandeetti fi amala barbaachisu kan hin qabne yoo ta'e hojiirraa ittiffamuu ykn geggeeffamuu danda'u jechuun ifatti yommuu tumu yaada kanaan kan waliigalu ta'uu isaa hubachuun nama hin dhibu[316]

Kun ammoo deebi'ee kan agarsiisu bilisummaan abbootii seeraa itti gaafatamummaa kan hordofsiisu ta'uu isaati.[317] Abbootiin seeraas bilisummaa kana dahoo godhachuun seeraan ala hojjechuun farra bilisummaa ta'uu akka ta'e hubatamuu qaba. Farra bilisummaa ta'uun immoo itti gaafatamummaa bahachuu dhabuu dha. Bilisummaa fi itti gaafatamummaan abbootii seeraa waliin kan deemaniif tokko isa biraa kan cimsu

---

[314] Olitti yaadannoo lak. 3. F.8, A Wayne Mackay, Judicial Ethics-Expioring Misconduct and Accontability fo Judges (1995), FF, 12-13 Muluu Sendeq olitti yaadannoo lak. 1, F 17 keessatti kan caqafame

[315] Judging Judges; Securing Judicial Independence by use of Judicial performance Evaluations, http://goliath.ecnext.com/com52/gi-0199-1553000/Judging-Judges-Securing-judicial_independence.htm/, Amajjii 5, 2002 A.L.I kan ilaalame

[316] Kwt. 17, Sanada Qajeeltoowwan Bu'uura Bilisummaa Abbaa Seerummaa Mootummoota Gamtoomanii (1985).

[317] Olitti yaadannoo lak. 3, F.8.

akka ta'e barreeffamootni adda addaa ni ibsu. Fakkeenyaaf, mee barreeffama tokko waraabnee haa ilaallu;

> *Judicial accountability is an indispensable counter balance to judicial independence, for an accountable judge would be free to disregard the ends that independence is supposed to serve.* [318]

Kana jechuun, itti gaafatamummaan abbaa seerummaa bilisummaa abbaa seerummaaf gita madaalawaa ta'e dha. Sababni isaa abbaan seeraa itti gaafatamummaa hin qabne tokko kaayyoo bilisummaan kaayyeffameef of duubatti dhiisuuf kan isa daangessu waan hin jirreef akka jechuuti.

Kana irraa hubachuun kan danda'amu bilisummaan abbootii seeraa itti gaafatamummaa abbootii seeraatiin kan to'atamu ta'uu isaati. As irratti gaaffiin ka'uu malu, abbootiin seeraa itti gaafatamummaan isaanii eenyuuf kan jedhu dha. Sirna bulchiinsa dimokiraasii keessatti ittigaafatamni abbootii taayitaa uummata isaan fileef dha. Itti gaafatamummaan akkasii kun itti gaafatamummaa siyaasaa jedhama. Itti gaafatamummaan siyaasaa waadaa galan kabajuu, gaaffii uummataaf deebii kennuu danda'uufaa kan barbaadu yoo ta'u; kana bahachuu dhabuun uummatni sagalee isaatiin aangoo irraa buusuun nama biraa aangessuu haala itti danda'udha.[319] Itti gaafatamummaan abbootii seeraa itti gaafatamummaa abbootii taayitaa siyaasaa kanaan tokko moo garaagarummaa kan qabu dha gaaffii jedhu kaasanii ilaaluun ni danda'ama.

Barbaachisummaa bilisummaa abbootii seeraaf kennamee jiru irratti hundaa'uudhaan gaaffiin kun karaa adda addaa lama ilaalamuu danda'a. Tokkoffaa, namootni barbaachisummaa bilisummaa abbootii seeraa irratti amantaa cimaa qaban biratti, itti gaafatamummaan abbootii seeraa, ol'aantummaa seeraaf ta'uu qaba jedhanii amanu.[320] Lammeffaa, namootn barbaachisummaa bilisummaa abbootii seeraaf bakka hin laanne

[318] Olitti yaadannoo lak. 3, F.7

[319] Olitti yaadannoo lak. 67

[320] Akkuma 71ffaa

ykn bakka xiqqoo kennaan biratti ammo, itti gaafatamummaan abbootii seeraa lammiiwwaniif ykn namoota lammiwwan bakka bu'aniif ta'uu qaba jedhanii amanu. [321]

Akka yaada isa lammeffaa kanaatti, itti gaafatamummaan abbootii seeraa, seeraaf ta'uu qaba yaada jedhu qabatama gochuun nama rakkisa. Sababni isaa itti gaafatamummaan seeraa ifa kan hin ta'anee fi safaramuu kan hin dandeenye dha. Kanaafuu, abbootiin seeraa, itti gaafatamummaa seeraa qabu jechuun, itti gaafatamummaa hin qaban jechuu wajjiin garaagarummaa kan qabu miti jechuudhaan yaadicha qeequ.[322] Akka namoota itti gaafatamummaan abbootii seeraa, seeraaf ta'uu qaba jedhaniitti ammoo itti gaafatamummaan abbootii seeraa lammiiwwaniif ykn namoota lammiiwwan bakka bu'aniif ta'uu qaba yoo jedhame rakkina mataa isaa kan qabu dha. Fakkeenyaaf, abbaan seeraa murtii yommuu kennu yaadawwan lamiiwwanii kana irratti hundaa'a jechuu dhaa? Yoo akkas ta'e, dhimma ilaalamaa jiru irratti lammiiwwan hundi sagalee tokkoon waliigaluu qabu jechuudha moo sagaleen caalmaa gahaa ta'a jechuu dha? Sagaleen kun attamitti lakkaa'ama? gaaffiiwwan jedhan deebisuun rakkisaa ta'a jedhu.

Yaadni duudhaa bilisummaa fi qoqqoodama aangoo mootummaa waliin deemu garuu, itti gaafatamummaan abbootii seeraa, seeraaf ta'uu qaba yaada jedhu fakkaata. As irratti waanti hubatamuu qabu, itti gaafatamummaan abbootii seeraa, seeraaf yoo ta'e, naanna'ee naanna'ee lammiiwwaniif ykn namoota lammiiwwan bakka bu'aniif ta'uun isaa dagatamuu hin qabu. Kun keessumaa biyyoota abbootiin seeraa, ofiin seera hin tumne kan akka biyya keenyaa keessatti dhugummaa kan qabaatu dha.[323] Sababni isaa, itti gaafatamummaan abbootii seeraa, seeraaf ta'e jechuun, karaa biraatiin itti gaafatamni isaanii qaama seera baasuuf (bakka buutota uummataaf) ta'e jechuu dha. Itti gaafatamni bakka buutota uummataaf ta'e jechuun ammoo deebiee lammiiwwan isaan bakka bu'aniif ta'e jechuu dha.

[321] Akkuma 72ffaa

[322] Akkuma 73ffaa.

[323] Yaadni kun garuu, murtiwwan dhaddacha ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaatiin kennaman hin dabalatu. Sababni isaa, murtiin dhaddacha kanaan kennamu akka seeraatti ilaalamaa jira waan ta'eef.

Kanaafuu, itti gaafatamni abbootii seeraa, seeraaf yoo ta'e, bilisummaa abbootii seeraa mirkkaneessuu bira darbee itti gaafatamummaa waan calaqqisiisuuf, yaadichi yaada madaallii kaasu dha.

Dhimmi biraa kanaan walqabatee ka'u, itti gaafatamummaan abbootii seeraa, seeraaf yommuu jennu maal irraa kaaneeti kan jedhu dha. Fakkeenyaaf, biyya Ameerikaatti, itti gaafatamummaan abbootii seeraa, seeraaf ta'uun isaa waantota gurguddoo afur irraa kan maddu yommuu ta'u isaanis:

1) Dirqama abbootiin seeraa heera federaalaa fi nannoolee kabajuuf qaban;

2) Diqama abbootiin seeraa, seerota federaalaa fi naannolee heeraan walitti hin buune kabajuuf qaban;

3) Dirqama abbootiin seeraa murtiiwwan kana dura darban (precedents) irratti hundaa'anii hojjechuu qabanii; fi

4) Dirqama abbootiin seeraa duudhaalee naamusa ogummaa abbaa seerummaa kabajuuf qabanidha.[324]

Abbootiin seeraa biyya keenyaas ta'e naannoo Oromiyaa isa 3ffaa irraan kan hafe dirqamoota armaan olitti caqafa,am jimda qabu. Dirqama 3ffaas yoo ta'e, murtiin dhaddacha ijibbaataa Mana Murtii Waliigala Federaalaatiin kenname akka seeraatti waan ilaalmuuf, abbootiin seeraa murticha hordofuuf dirqama qabu.[325] Dirqamootni kunniin dirqamoota seeraan taa'ani dha. Kana waan ta'eef, abbootiin seeraa Oromiyaas, itti gaafatamummaa seeraa qabu jennee ibsuu dandeenya.

Bilisummaa fi itti gaafatamummaan abbootii seeraa walfaana kan deeman ta'uu isaanii fi lamaanuu walmadaalanii akka deeman kan gargaaran labsiiwwan, danbiiwwanii fi qajeelfamootni adda addaa bahani jiru. Fakkeenyaaf, Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa qaama ol'aanaa abbootii seeraa bulchu akka ta'e Heeraan aangeffameera. Aangoo fi dirqama isaa qixa barbaadamuun akka bahatuuf qaamni kun labsii lak.

[324] Olitti yaadannoo lak. 67

[325] Labsii lak. 454/1997, Negaarit Gaazzexaa Federaalaa.

142/2000n irra deebiin hundeeffameera. Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa aangoowwan bal'aa kan qabu yoo ta'u, isaan keessaa tokko madaallii raawwii hojii fi naamusa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii, sirna simannaa iyyannoo fi qorannoo dhimma naamusaa, sirna walgahii fi adeemsa hojii gumii, naamusa miseensota gumii fi garee inispekshinii ilaallchisuun dambii fi qajeelfama baasuu fi raawwii isaas hordofuu dha. [326]

Bu'uura kanaan Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa danbiiwwan adda addaa tumeera. Fakkeenyaaf,

1) Bilisummaan abbaa seerummaa heeraan beekamtii argatee jiru itti gaafatamummaan ala mirkanaa'uu akka hin dandeenye hubachuu fi duudhaaleen naamusaa kabajamuu yoo baatan itti gaafatamummaa kan hordofsiisan akka ta'e hojiirra oolchuuf jecha,[327] danbiin naamusaa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii naannoo Oromiyaa, lakk 2/2001 baheera.

2) Itti gaafatamummaa abbaa seeraa, kaadhidhamaa abbaa seeraa, muudamaa gumii fi hojjetaa deggersaa mirkaneessuu keessatti, sirna qoratnoo fi falmii hanqina naamusaa haala qixa qabuun qajeelchuun barbaachisaa waan ta'eef, jechuunis sirni iyyatnoo fi koomiin itti fuudhamu ifaa fi si'ataa gochuun murtii loogiirraa bilisa ta'ee fi bu'a qabeessa ta'e argamsiisuuf jecha, [328] danbiin Sirna Qorannoo fi Falmii Hanqina Naamusaa Hawaasa Manneen Murtii Oromiyaa Lakk. 3/2001 baheera.

3) Hawaasa hojii abbaa seerummaa irratti bobba'e irraa naamusnii fi dandeettiin ol'aanaa kan barbaadamu ta'uu isaa beekanii akka horataniif, uummannis naamusaa fi dandeetti isaan irraa eegamu akka beekuu, fi badiiwwan naamusaa itti gaafatamummaa hordofsiisuu danda'an adda baasuun danbii naamusaa

[326] Kwt. 8(6), Lab.Lak. 142/2000, Labsi Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa Irraa Deebi'anii Dhaabuuf Bahe, Magalata Oromiyaa, Waggaa 16ffaa, Lak.11.

79. Seensa Danbii Naamusa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Gumii Naannoo Oromiyaa Lak. 2/2001 A.L.I ilaalun ni danda'ama.

[328] Seensa Danbii Sirna Qorannoofi Falmii Hanqina Naamusa Hawaasa Manneen Murtii Oromiyaa Lak. 3/2001.

keessatti tumuuf akka gargaarutti,[329] Koodiin Naamusaa Abbaa Seerummaa Abbootii Seeraa Fi Muudamtoota Gumii Naannoo Oromiyaa bakka tokkotti gurmaa'ee baheera.

Danbiiwwan kunniin itti gaafatamummaa abbootii seeraas ta'e, hojjettoota biroo hojii abbaa seerummaa irratti bobba'an hojiirra oolchuuf daran kan gargaaranidha. Kun immoo bilisummaanii fi itti gaafatamummaan walmadaalanii akka deeman gochuuf murteessaa dha.

Bilisummaa fi itti gaafatamummaa walmadaale dhugoomsuuf danbiiwwanii fi qajeelfamoota qofa qabaachuun gahaa hin ta'u. Hojiirra oolmaa danbiiwwanii fi qajeelfamoota kana tooftaan ittiin madaaluu danda'an jiraachuu qaba. Tooftaalee adda addaa jiran keessaa tokko madaallii raawwii hojii abbootii seeraa geggeessuu dha. Kutaa itti aanu keessatti madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa dhugoomsuu keessatti gahee maalii akka qabu kan ilaalluu ta'a.

3.1.3. Madaallii Raawwii Hojii fi Bilisummaa fi Itti Gaafatamuummaa Abbootii Seeraa

Madaalliin raawwii hojii murtiiwwan adda addaa darbanii fi hojiiwwan misooma humna namaa irratti hojjetaman qixa sirrii qabsiisuun fooyyaa'insa barbaadamu argamsiissuu akka ta'e boqonnaa lama keessatti ilaallerra. Fooyyaa'insi kun akkaataa ergama hojii mana murtiin yoo ilaallee fooyyaa'insa haqaa jechuu akka ta'e ifaa dha. Mana murtii keessatti fooyyaa'insi haqaa lubbuu kan godhatu bilisummaa fi itti gaafatamummaan walmadaalawaa ta'e yoo dhugoome akka ta'e ibsuma olitti kenname keessatti jala murree dabarreerra.

Kutaa kana keessatti ammoo waanti ilaaluu barbaanne, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa dhimma daran barbaachisaa ta'e kana wajjiin, jechuunis, bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa wajjiin attamitti ilaalama kan jedhu dha. Ibsa

[329]Seensa Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Gumii Naannoo Oromiyaa

biraatiin, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa bilisummaa isaanii waliin walsimamoo waldhiita; itti gaafatamummaa waliin hoo? Ni cimsamoo ni dadhabsiisa? kan jedhu dha. Isa dura garuu, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa qaama bulchiinsaa ta'ee bal'inaan kan hin beekamnee fi yeroo dhihoo keessa guddina kan jalqabe ta'uun isaa hubatamuu qaba.[330] Yeroo ammaa garuu, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa akka meeshaa bulchiinsaa tokkootti ilaalamaa kan jiruu fi guddachaa kan jiru dha.[331]

Kana eerga jennee booda, dhimma olitti kaafne kan ilaaluun gaarii ta'a. Kana ilaalchisuun yaadawwan adda addaa lamati jira.[332] Yaadni tokko, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa bilisummaa abbaa seeraas ta'e bilisummaa hojii abbaa seerummaa gadi xiqqeessee kan ilaalu waan ta'eef, barbaachisaa miti kan jedhu dha.[333] Namootni yaada kana tarkaanfachiisan yaada isaanii gosoota dhiibbaa bilisummaa abbaa seeraan walqabsiisanii ibsu. Akka isaaniitti dhiibbaan bilisummaa abbaa seeraa irratti godhamu karaa keessaa fi karaa alaan dhufuu kan danda'u yommuu ta'u, madaalliin raawwii hojii dhiibbaa karaa alaa abbootii seeraa irratti dhufudha jechuun hojiirra oolmaa isaa mormu. Haa ta'u malee, yaadni kun kallatti gahee heeraa abbootiin seeraa taphataniinis ta'e murtii dhuunfaa isaan kennaniin yoo ilaalamu baay'ee madaallii kan kaasu ta'ee hin mul'anne.[334] Sababni isaa, abbootiin seeraa bilisummaa qofa utuu hin taane bifa itti gaafatamummaa qabuun dirqama isaanii bahachuu qabu. Bilisummaan abbootii seeraa haqa dhugoomsuu keessatti gahee mataa isaa kan taphatu yoo ta'ellee, yeroo tokko tokko amala badaa abbootii seeraa dhoksuudhaaf gahee mataa isaatii kan qabu dha.[335] Kana waan ta'eef, yaadni duunyaamaan madaalliin raawwii hojii abbootii

---

[330] Fanie J.Klein, The Improvement of Administration of Justice, The Administration Handbook (6th ed.) F. 85, Muluu Sendeq, olitti yaadannoo lakk 1 keessatti kan ibsame.

[331] Akkuma 82ffaa

[332] Kate Malleson, Judicial Traning and performance Apprraisal: The problem of Judical Independence, The Modern Law Review, Vol. 60, No.5, Fuuloota 655-667 keessatti kan ibsame , Http://www.jstor.org/pss/1096956.

[333] Akkuma 84 ffaa

[334] Akkuma 85ffaa

[335] Richard J.Scott, Ethics to Control Judicial Corruption (2000), F. 117.

seeraa bilisummaa abbootii seeraa dadhabsiisuuf itti dhufedha jedhu baay'ee kan tarkaanfachiisuu ta'ee hin argamne. Utuu ta'eellee, yaadni irra dhama qabeessa ta'e madaallin raawwii hojii abbootii seeraa, abbootiimti seeraa walii walii isaanii irratti dhiibbaa akka godhaniif karaa waan banuuf, bilisummaa irratti dhiibbaa karaa keessaa dhufudha kan jedhu dha.[336] Yaadni kun gara jalaqabaa irra keessumaa dhuma kudha sagal toorbaatamootaa fi jalqaba kudha sagal saddeettamootaa keessa bal'inaan afarfamaa kan ture waan ta'eef madaallii raawwii hojii abbootii seeraa hojiirra oolchuu keessatti mormiin mudate salphaa hin turre.[337]

Booda keessa garuu, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa adeemsa fooyyaa'insaa fi to'annoo qulqul'ina hojii ta'uun isaa manneen murtii keessatti baratamaa fi amaleeffatamaa dhufuun yaada duratti ibsame kana bakka dhabsiisaa adeeme.[338] Yeroo ammaa kana yaadni bal'inaan fudhatama argatee jiru madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa bilisummaa abbootii seeraanis ta'e, hojii abbaa seerummaan walitti kan bu'u osoo hin taane, bilisummaa fi haqa kan dagaagsuu fi kan tiksu akka ta'e barreeffamoonni adda addaa ni ibsu.[339] Itti dabalees, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa amantaa abbootiin seeraa ofirratti qabanii fi uummanni isaanii fi mana murtii irratti qabu akka cimu kan godhu dha. [340]

Yaadni kunis sababa adda addaan deggeramuu kan danda'u dha. Fakkeenyaaf, namni maqaan isaa **Keenan j**edhamu akkas jechuun ibseera:

> *The judicial performance evaluation program will serve a valuable role in preserving the in dependence of the judiciary. Because, the judges will not be subject to unfair criticism*

[336] Olitti yaadannoo lak. 84

[337] Akkuma 88ffaa

[338] Akkuma 89ffaa

[339] Fakkeenyaaf, American Bar Association (ABA) Offers New Way to Judge the Judges, http://www.law.com.jsp/law/law Article Frendly.Jsp?Id; Mulu Sendek, Olitti Yaadannoo Lak. 1, P 17 Ilaaluun ni danda'ama.

[340] Mulu Sendek, olitti yaadannoo lak. 1, F. 40

attacking the content of one or two of their cases, but will be subject to an overall review of their performance as required by the canons of judicial conduct. [341]

Kana jechuun, madaalliin raawwii hojii dhimma tokko ykn lama qofa irratti hundaa'uun kan geggeeffamu osoo hin taane, raawwii waliigalaa akkaataa naamusni hojii abbaa seerummaa barbaaduun raawwatamuu isaa ilaaluun kan geggeeffamu waan ta'eef, qabiyyee murtii dhimma tokko ykn lama qofa irratti hundaa'uun qeeqama sirrii hin taaneef akka abbootiin seeraa hin saaxilamne kan isaan godhu dha akka jechuuti. Dhugumayyuu, abbootiin seeraa qeequmsa sirrii hin taane irraa bilisa ta'an jechuun, karaa biraatiin, bilisummaan isaanii eegamaa jira jechuun ni danda'ama. Kun immoo kan agarsiisu, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa bilisummaa abbootii seeraa dhugoomsuu keessatti gahee guddaa kan qabu ta'uu isaati. Waanti biraa, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa bilisummaa abbootii seeraan walitti kan hin buune ta'uu isa agariisu immoo, adeemsichi siyaasa irraa bilisa kan ta'ee fi akkaataa abbaan seeraa tokko mana murtii keessatti namoota itti keessummeessu, seera jiru itti hiikuu fi hojii isaa itti to'atu ta'uu isaatt.[342] Kana jechuun, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa ulaagaa taa'e irratti hundaa'uun raawwiin hojii abbootii seeraa maal fakkaata jedhanii safaruu irratti kan xiyyeeffatu dha.[343] Kan gochuun immoo dadhabina jiru adda baasanii beekuun furmaata barbaachisu kennuuf kan nama dandeessisu malee duudhaa bilsummaa abbootii seeraan walitti kan bu'u miti.

Gama itti gaafatamummaa abbootii seeraa cimsuun yoo ilaallus, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa shoora ol'aanaa kan qabu dha. Sababni isaa madaalliin raawwii hojii kan xiyyeeffatu, abbaan seeraa tokko waanta isa irraa eegamu bahateeramoo hin bahanne kan jedhu irratti dha. Kana jechuun ammoo deebi'ee abbaan seeraa tokko hangam itti gaafatamummaa isatti laatamee jiru bahataa jira jechuu dha. Abbaan seeraa itti gaafatamummaa isa bahachaa hin jirre yoo jiraate sabbani isaa maal akka ta'e bira gahanii tarkaanfii sirreeffamaa fudhachuuf ammoo madaallii raawwii hojii

[341] ABA offers New Way to Judge the Judges , olitti yaadannoo lak. 91

[342] Judge Not, The Ye Be Not Judged: Evaluating The Performance of Judges, http://www.allacademic.com/meta/p.m/a-aparesearch-citation , F.10

[343] Akkuma 94ffaa

geggeessuun mala sirrii ta'a. Kana waan ta'eef, madaalliin raawwii hojii abbootii seera bilisummaa abbootii seeraatti utuu hin bu'iin tooftaalee itti gaafatamummaa "isaanii itti to'atan keessaa isa tokko dha.[344] Kun immoo deebi'ee, bilisummaa fi itti gaafatamummaan walmadaa'awaa ta'e mana murtii keessa akka jiraatu waan godhuuf, hojii abbaa seerummaa kan fooyyeessu dha. [345]

Kanaafuu, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa haqa barbaadamu argamsiisuuf tattaaffii manni murtii godhu keessatti iddoo ol'aanaa kan qabu waan ta'eef, sirna isaa qopheessuun hojiirra oolchuun barbaachisaa ta'uu isaa jala muruun ni danda'ama.

Kana jechuun garuu, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa bilisummaa abbootii seeraa dadhabsiisuuf gonkuma karaa banuu hin danda'u jechuu akka hin taane hubatamuu qaba. Fakkeenyaaf, Waldaan Ogeessota Seera Ameerikaa (American Bar Association) bara 1985 A L Atti "gaayidlaayenii" madaallii raawwii hojii abbaa seerummaa yommuu qopheessetti saganticha hojiirra oolchuu keessatti bilisummaan hojii abbaa seerummaa bifa kamiinuu akka hin tuqmneef of eeggannoo guddaa gochuun barbaaachisaa akka ta'e ni ibsa.[346] Gaayidlaayeniin kun of eeggannoo akkasii kan kaa'eef, adeemsi geggeessu madaallii raawwii hojii geggeessuu akka hojiirra ooluu qabutti kan hin oollee yoo ta'e, bilisummaa abbaa seeraas ta'e, mana murtiitti bu'uun kan danda'u waan ta'eefi dha. Sirnicha hojiirraa oolchuu irrattis mormiin baay'een mudachaa kan ture sababuma kanaaf. Abbootiin seeraa Oromiyaas madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa mana murtii keessa utu jiraatee gaarii fi barbaachisaa akka ta'e kan amanan yoo ta'ellee, of eegggannoon barbaachisu kan hin fudhatamne yoo ta'e, adeemsichi tarii, bilisummaa isaaniitti bu'uu akka danda'u soda qaban sirriitti yommuu

[344] Olitti yaadannoo lak. 84, FF 6-7 keessatti, judicial performance evaluation is one important method for holding judges accountable, while protecting their independence jedhamee ibsamee jira.

[345] Judicial performance Evaluation: Overview http://www.nesconline.org/wc/cour copics/overview.asp? topic judper, Onkoloolessa 11,2002 kan ilaalame

[346] Kwt. 4-4, Gaayidlaayenii Madaallii Raawwii Hojii Abbaa Seerummaa Waldaa Ogeessota Seeraa Ameerikaatiin Qophaa'e

ibsan mul'ata.[347] Sodaan kun dhugummaa kan qabu yoo ta'ellee, waanti hubatamuu qabu tokko ni jira. Innis, sirni madaallii raawwii hojii abbootii seera jiraachuun ofii isaatiin bilisummaa irratti dhiibbaa kan qaqqabsiisu miti. Bilisummaan tuqamuu kan danda'u, adeemsi geggeeffama isa sirnaawaa kan hin taanee fi of eeggannoo kan hin qabne yoo ta'e dha.

Kanaafuu, sirna madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa itti geggeeffamu diriirsuu irratti of eeggannoo guddaa gochuun barbaachisaa ta'a malee, akkanumaan duunyaatti sirnichi farra bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraati jedhanii fuulleetti baqachuun sirrii akka hin taane dhimma beekamuu qabu dha. Walumaagalatti, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa akkaataa sirnaawaa fi of eeggannoo qabuun yoo adeemsifame bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa fi mana murtii kan gabbisu, kan cimsuu fi kan deggaru akka ta'e hubachuun barbaachisaa dha. Madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa bilisummaa fi itti gaafatamummaa dhugoomsuu keessatti gahee ol'aanaa kan qabu eerga ta'e, gaaffiin itti aanee dhufuu malu sirna madaallii raawwii hojii kana attamittiin hojiirra oolchuun danda'ama kan jedhu dha. Gaaffi kana deebisuuf ammoo ulaagaaleen madaallii maal ta'uu akka qaban, eenyuufaati madda odeeffannoo ta'uu akka danda'an, madaallicha eenyu abbummaan ofitti fudhachuu akka qabu murteessuun barbaachisaa dha. Kutaan lammeffaa boqonnaa kanaas dhimmoota kana irratti kan xiyyeeffatu dha.

Kutaa II

Ulaagaalee fi Mala Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Seeraa

3.2.1. Ulaagaalee Madaallii

3.2.1.1. Ulaagaalee Madaallii: Waliigalaa

[347] Fakkeenyaaf, abbootiin seeraa 23 dhimma kana irratti gaaffii afaanii gaafatamanii digdamii sadanuu sodaa kana ibsaniiru. Marii Garee Mana Murtii Ol'aanaa Lama Keessatti Abbootii Seeraa Waliin Adeemsifame irrattis sodaan kun sirriitti calqqisee jira

Sirna madaallii raawwii hojii kamyyuu geggeessuu keessatti gaaffiiwwan akka ijootti ilaalaman keessaa tokko ulaagaalee madaalliiti. Sababni isaa ulaagaan ittiin madaalan adda bahee kan hin beekamne yoo ta'e, madaalliin geggeeffameera jechuun kan danda'amu miti. Akka waliigalaatti, ulaagaaleen madaallii raawwii hojii abbootii seeraa tokkoo fi tokko ta'ee jala muramee taa'e hin jiru. Kana jechuun ulaagaaleen kunniin biyyaa biyyatti, mootummaa naannoo tokkoo irraa mootummaa naannoo biraatti garaagarummaa kan qabani dha.[348] Beektonni dhimma kana irratti barreessanis ulaagaalee adda addaa tarreessu. Fakkeenyaaf, beektuun biyya Ameerikaa, maqaan ishee Fanii Kiliin (Fanie J.Klien) jedhamtu ulaagaalee adda addaa saddeet armaan gaditti tarreessiteetti.[349]

Isaanis:

1) **Ejjennoo cimaa abbaa seerummaa (integrity**): ulaagaan kun kan agarsiisuu loogii irraa bilisa ta'uudhaan dhimma dhihaate tokko seera qofa irratti hundaa'anii murteessuu dha. Abbaan seeraa tokko kana godhamoo hin godhu jedhamee qabxii ittiin madaalamuu qabu keessaa isa tokko dha.

2) **Beekumsa seeraa (legal knowledge)**: kun immoo abbaan seeraa tokko, seerota bu'uuraa, seerota adeemsotaa fi seerota ragaa hangam tokko beekee hojitti jijjiruu danda'a jedhamee kan ittiin madaalamu ulaagaa madaallii birooti.

3) **Dandeettii of ibsuu (communication skills):** ulaagaa kanaan abbaan seeraa tokko haasawaa afaaniin taasisuunis ta'e, barreeffamaan godhu keessatti hangam tokko yaada isaa ifa gochuu danda'a jedhanii kan ittiin madaalanidha. Kun yeroo abbaan seera tokko ajaja adda addaa barreefamaan ykn afaaniin godhuu fi murtii keessatti haala qulqul'ina barreessa murtii of keessatti kan qabatu dha. Gabaabumatti, ulaagaa kanaan abbaan seeraa tokko waan dubbatuu fi waan barreessu hangam tokko ifadha jennee kan ittiin madaallu dha.

---

[348] Mulu Sendek, Olitti Yaadannoo Lak. 1, F. 9

[349] Ulaagaaleen kunniin Fanie J. Klein, The Improvenment of Administration of Justice, The Administration Handbook (16th ed) Ff. 71-77, Mulu Sendek, Olitti Yaadannoo 1, FF 9-10 Keessatti Kan Ibsame irraa fudhataman, jijjiirran kan kooti

4) **Qophii ta'uu (preparedness):** ulaagaan madaallii kun abbaan seeraa tokko falmii jalqabamee jirutti hangam xiyyeeffannoo itti kenna, gareewwan wal-lafalmanis ta'e, namoota biroo falmii jalqabame irraa dhimma qaban akkaataa seeraatiin obsaan dhaggeeffachuuf hangam qophaa'aadha jedhanii ulaagaa ittiin madaalani dha.

5) **Dandeettii bulchiinsaa (managerial skills):** ulaagaa kanaan abbaan seeraa tokko hangam itti gaafatamummaa bulchiinsaa isaaf laatame bahachuudhaan dhimmoota mana nurtiitti ilaalamaa jiranitti furmaata kennuuf hangam tokko taffaaffii godha qaphxii jedhu kan ittiin madaallu dha.

6) **Yeroo kabajuu (punctuality):** kun akkaataa gabatee yeroo manni murtii baasee jiruutiin abbaan seeraa tokko hangam deemaa jira jennee ulaagaa ittiin madaallu dha. Fakkeenyaaf, abbaan seeraa tokko giddu galeessaan torbanitti galmeehangas murteessuu qaba jedhee mana murtii karoorfachuu danda'a. Yeroo qabame kana keessatti abbaan seeraa tokko galmee meeqa murteessee jira jennee ulaagaa ittiin madaallu dha.

7) **Tajjaajila ogummaa fi uummataa (professional and public service):** kun ulaagaa waliigala ta'e yommuu ta'u, abbaan seeraa tokko dandeettii isaa akka fooyyeessuuf barnootaa fi leenjii adda addaa manni murtii qopheessu irratti hangam hirmaannaa godha dhimma jedhu ulaagaa ittiin madaallu dha. Akkasumas, tajaajila manni murtii kennutti amantaa uummataa gonfachuuf tattaaffii godhamu keessatti gaheen abbaan seeraa tokko bahachaa jiru maal fakkaata jennee ulaagaan ittiin safarru ulaagaa kanaani dha.

8) **Abbootii seeraa biroo waliin haala bu'a qabeessa ta'een hojjechuu (effectiveness in working with others):** akkuma beekamu dhaddacha tokko irratti abbaan seeraa tokkoof isaa ol ramadamuu danda'a. Yeroo akkasii kana abbootiin seeraa walmari'achuun sagalee tokkoon ykn sagalee caalmaan murtii dabarsu. Adeemsa akkasii keessatti, walitti bu'uun mul'achuu danda'a. kana irraa of qusachuun abbaan seeraa yaada addaa qabaatus, yaada isaa haala bu'a

qabeessa ta'een yaada abbaa seeraa biraa qeequun ibsuu danda'uu qaba. Dhaddacha tokko qofa osoo hin taane, mana murtii tokko keessattis haala bu'a qabeessa ta'ee abbootiin seeraa waliin hojjechuun murteessaa dha. Haala bu'a qabeessa ta'een waliin hojjechuun abbootii seeraa karaa adda addaa ibsamuu danda'a. fakkeenyaaf, qeequmsa hojii walii isaanii haala hojiif toluun qeequu (constructive criticism), dhimmoota bulchiinsa waliin wal qabatan ilaalchisuun haala tokko tokkoo mijeessuu, fi kkf dha. Kun tajaajila mana murtiitiin kennamu keessatti gahee guddaa waan qabuuf, abbaan seeraa tokko kana irratti maal fakkaata jedhanii madaaluun barbaachisaa waan ta'eef, akka ulaagaa tokkootti taa'ee jira.

Akka barreessituu kanaatti, faanii kiliiniitti, maalummaan abbaa seeraa tokko kan beekamu, jechuunis "cimaa dha" ykn "laafaa dha" jedhamee kan ibsamu ulaagaalee saddeettan armaan olitti ibsaman kanaan yoo madaalame dha.

Beekaan biraa, maqaan isaa A. Wayinee Makey jedhamus ulaagalee madaallii raawwii hojii abbootii seeraa haala biraan tarreesseera. Beekaan kun ulaagaalee abbootiin seeraa ittiin madaalaman bakka gurguddoo afuritti eerga gurmeessee booda, ulaagaalee xixiqqoo isaan gurguddoo kana jalatti kufanis adda baasuun kaa'ee jira.[350] Ulaagaalee kanniin akka armaan gadiitti mee haa'ilaallu:

1. **Teekinikaal kuwaalfikeeshinii (Technical qualifications)** ulaagaan kun ulaagaalee abbaan seeraa ittiin madaalamu keessa isa tokko yommuu ta'u, ulaagaalee xixiqqaa afur of jalatti kan qabu dha. Isaanis,

    - ✓ Dandeettii seeraa
    - ✓ Beekumsa seeraa
    - ✓ Muuxannoo seeraa fi
    - ✓ Qulqul'ina yaadaa (quality of opinion) dha.

[350] Ulaagaaleen kunniinis A. Wayne Mackay, Judicial Ethics Exporing Misconduct And Accountability for Judges (1995), Ff. 71-77, Muluu Sendek Olitti Yaadannoo Lak. 1, FF. 10-11 keessatti ibsamee irraa fudhataman.

Akka beekaa kanaatti abbaan seeraa tokko seera irratti dandeettii, beekumsa, muuxannoo fi yaada attamii qaba jennee ulaagaan ittiin madaalluu ulaagaa "teekinikaal kuwaalifikeeshiinii tiin" jechuu dha. Haata'u malee mata-duree fi qabiyyeen ulaagaalee adda addaa ija jalatti beekaan kan tarreessu tokko waan walsiman hin fakkaatuu. Fakkeenyaaf ulaagaan "beekumsa seeraa" jedhu teekinika utuu hin taane, barumsaa yeroo dheeraan argamu dha.

2. **Dandeettii hojii (work capacity)**

   Ulaagaa kanaan abbaan seeraa tokko hangam

   - ✓ Kaka'umsa akka qabu (diligency)
   - ✓ Si'ataa akka ta'e (promptness) fi
   - ✓ Falmii akka itti bulchu (trial management) kan ittiin madaalluu dha.

3. **Falmii irratti yaada fudhachuu (interactive trial)** ulaagaan kun abbaan seeraa tokko falmii irratti yaada namootaa:

   - ✓ Elaa fi elaameen (courtesy)
   - ✓ Xiyyeeffannaan (attentiveness)
   - ✓ Amala sirrii ta'een (proper demeanour) fudhachuu fi fudhachuu dhiisuu isaa ittiin madaaluuf kan itti fayyadamnu dha.

4. "Character traits"

   Ulaagaa kanaan ammoo abbaan seeraa tokko

   - ✓ Ejjennoo cimaa qabaachuu (integrity)
   - ✓ Loogii irraa bilisa ta'uu (impartiality)

- ✓ Kabaja hojii abbaa seerummaa eegsisuu (judicial temperament) irratti maal akka fakkaatu kan ittiin madaalluu dha.

Ulaagaaleen madaallii raawwii hojii abbootii seeraa beektota lamaaniin adda baafamanii tarreeffaman kunniin garaagarummaa kan qaban akka ta'e hubachuun nama hin dhibu. Akkuma olitti ibsuuf yaalletti garaagarummaan kun biyyaa biyyatti ykn mootummaa naannoo tokkoo irraa mootummaa naannoo biraatti kan mul'atu dha. Fakkeenyaaf, mee muuxannoo mootummaalee naannoo biyya Ameerikaa tokko tokko fudhannee gaggabaabsinee haa ilaallu.

3.2.1.2. Ulaagaalee Maddaallii: Muuxannoo Mootummaalee Naannoo Biyya Ameerikaa Tokko Tokko[351]

a) **Koloraadoo**: mootummaan naannoo koloraadoo madaallii raawwii hojii abbootii seeraa geggeessuu ilaalchisee mootummaalee naannoo Ameerikaa birootiif yeroo baayee akka fakkeenyaatti kan ilaalamtu yommuu taatu, ulaagaaleen madaallii isheen fayyadamtus baay'inaan toorba ta'u. Isaanis:

   1) Ejjennoo cimaa qabaachuu
   2) Beekumsaa fi hubannoo seeraa
   3) Dandeettii of ibsuu
   4) Hojiif qophii ta'uu (preparation)
   5) Kabaja hojii abbaa seerummaa eegsisuu (judicial temperament)
   6) Hubannoo fi xiyyeeffannoon hojjechuu danda'uu (attentiveness) fi

[351] Muuxannoon Mootummaalee Naannoo Ameerikaa Sadanuu (Koloraadoo, Tenesee, fi Utaa) Judge Not That Ye Be Not Judged: Evaluating the Performance of Judge jedhu olitti yaadannoo lak. 57 irraa kan fudhatame dha; Mootummaalee Naannoo kan jedhu kun sirna bulchiinsa federaalaatiin "Federating units" kan jedhu bakka bu'a, jijjiirraan kan kooti.

7) Falmii fi murtii to'achuu danda'uu (control of proceedings and sentencing practices) dha.

Ulaagaalee armaan olitti adda bahan kana irratti hundaa'uun abbootiin seerafa qaphxii qubeetiin ibsamuti (letter grade) kennamuf. Qaphxii kana irratti hundaa'uun qaamni madaallii geggeesse akka abbaan akka seeraa tokko hojiirra turu ykn hojii akka dhaabachiisuuf yaada dhiyeessa ykn dhiyeessuu dhiisa. Abbaan seeraa tokko madaalliin booda hojiirra akka turuuf yaadni kan dhihaatu yoo xiqqaate qaphxii gidduu galeessa 2.0 yoo argate dha. Kana jechuun yoo xiqqaate qaphxii qubeetiin ibsamu "C" argachuu qaba jechuu dha. Kanaafuu, firiin madaallii raawwii hojii abbootii seeraa mootummaa naannoo koloraadootti hojiitti fufuu fi fufuu dhiisuu abbaa seeraa murteessuuf meeshaa guddaa dha.

b) Tenesee (Tennessee)

Mootummaa naannoo Tenesiitti ammoo abbootiin seeraa ulaagaalee gurguddoo jahaan kan madaalamanii dha. Ulaagaaleen kunniin ulaagaalee abbootiin seeraa mootummaa naannoo koloraadoo ittiin madalamaniin bakkee baay'eetti kan walfakkaatanii fi garaagarummaa xiqqoo kan qabani dha. Ulaagaaleen kunniin:

1) Ejjennoo cimaa qabaachuu
2) Beekumsaa fi hubannoo seeraa
3) Dandeettii of ibsuu
4) Hojiif qophii fi xiyyeeffannoo kennuu (preparation and attentiveness)
5) Ogummaa ofiif hojjechuu (service to the profession)
6) Abbootii seeraa fi hojjettoota mana murtii biroo waliin haala bu'a qabeessa ta'een waliin hojjechuu danda'u dha.

Ulaagaaleen abbootiin seeraa Koloraadoo fi Tenesee ittiin madaalaman daran kan walfakkaatan akka ta'e hubachuun nama hin dhibu. Garaagarummaan jiru ulaagaaleen madaallii abbootii seeraa mootummaa naannoo Tenesee baay'inaan ulaagaalee madaallii abbootii seeraa mootummaa naannoo Koloraadoo kan caalu ta'uu isaati. Kana irraan kan hafe ulaagaaleen 1-4 jiran ulaagaalee madaallii abbootii seeraa waliinii mootummaalee naannoo lamaaniiti. Tenesitti abbootiin seeraa ulaagaalee adda bahan kanaan iskeelii garaagarummaa 1 hanga 10tti diriiree jiruun madaalamu. Akkaataa kanaan madalamuun abbaan seeraa qaphxii.:

- 1-2 yoo argate, "gad aanaa" (Poor)
- 3-4 yoo argate, "quubsaa" (fair)
- 5-6 yoo argate, "gahaa" (adequate)
- 7-8 yoo argate, " gaarii" (good)
- 9-10 yoo argate, "daran ol'aanaa" (excellent) jedhamuun moggaafama.

Qaamni madaallii raawwii kana geggeessus firii kana irratti hundaa'uun abbaan seeraa tokko "hojiirra akka turu",ykn "hojiirraa akka ka'u" yaada dhiyeessa ykn yaada dhiheesuu irraa of qusata. Kanaafuu, Teenesitti madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa hojiitti fufuu ykn fufuu dhiisuu abbaa seeraa murteessuu waan danda'uuf, dhimma xiyyeeffannoon guddaa itti kennamu dha.

c) Utaa (Utah)

Mootummaa naannoo kanaa keessatti ammoo abbootiin seeraa ulaagaalee adda addaa sagaliin madaalamu. Isaanis:

1. Ejjennoo cimaa qabaachuu
2. Beekumsaa fi seera hojiirra oolchuu danda'uu

3. Of ibsuu danda'uu
4. Hojiif qophii ta'uu (preparation)
5. Hojiitti xiyyeeffannoo kennuu (attentiveness)
6. Dhaddacha to'achuu danda'uu (control of the court room)
7. Dandeettii bulchiinsaa
8. Ogummaa ofiif hojjechuu (service to the profession)
9. Abbootii seeraa fi hojjettoota mana murtii biroo waliin haala bu'a qabeessa ta'een hojjechuu danda'uu dha.

Abbaan seeraa tokko ulaagaalee armaan olii kanaan eerga madaalamee booda firii madaallii geggeeffame kana irratti hundaa'uun qaamni madaallii raawwii hojii kana geggeesse yaada kenna. Yaadni kennamu kun walii lama dha. Inni tokko akka abbaan seeraa hojiirra turuuf yaada dhihaatu yommuu ta'u, yaadni inni biraa ammoo akka abbaan seeraa sun hojiitti hin fufneef yaada dhihaatu dha.

Sirni madaallii raawwii hojii abbootii seeraa mootummaa naannoo kanaa firii madaallii qaamota adda addaatiin kenname akkuma adda addummaa isaaniitti adda baasee galmeessa. Haaluma kanaan abbaan seeraa tokko hojiitti haafufu jedhanii yaada dhiheessuuf, abbaan seeraa sun yoo xiqqaate,

- Namoota ogeeyyii seeraa hin taane (non-attorneys) irraa yaada deggersa %70 fi
- Namoota ogeeyyii seeraa ta'an (attorneys) irraa yaada deggersaa %75 argachuu qaba.

Muuxannoon mootummaalee naannoo Ameerikaa sadan armaan olitti caqafame kun kan agarsiisuu, ulaagaaleen madaallii raawwii hojii abbootii seeraa naannoo irraa naannootti adda adda ta'uu isaati. Ulaagaaleen kunniin bakka itti walfakkaatanis ni qabu. Gaaffiin asitti ka'uu malu, garaagarummaanii fi walfakkeenyi akkasii maal irraa madde kan jedhu dha. Kun kaayyoo madaallii raawwii hojii irraa kan maddu dha.

Akkuma boqonnaa darbe keessatti ilaaluuf yaallee, madaalliin raawwii hojii kaayyoo adda addaaf kan geggeeffamu dha. Kaayyoon madaallii raawwii hojii abbootii seeraa inni guddaan kenninsa tajaajila haqaa gama mana murtiitiin kennamu fooyyeessuu yoo ta'ellee, kaayyoowwan biroo qabaachuu ni mala. Kana irraan kan ka'e ulaagaaleen diriiranis walfakkaachuu fi garaagarummaa qabaachuu malu. Haata'u malee irra jireessi isaanii naamusa ogummaa hojii abbaa seerummaa fi dhimma bu'uuraa kan ta'e bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbaa seerummaatti kan rarra'an waan ta'aniif, walfakkaatu.

Biyya Ameerikaatti ulaagaalee madaallii raawwii hojii abbootii seeraa ilaalchisuun dhaabbileen adda addaa barreeffama adda addaa qopheessanii jiru. Fakkeenyaaf, *American Judicature Society, National Centere for State Courts fi American Bar Association* maqaa dhahuun ni danda'ama.[352] Isaan keessaa mee gaayidlaayenii waldaa ogeessota seeraa Ameerikaatiin qophaa'e haa ilaallu. Mootmmaaleen naannoo Ameerikaa baay'een gaayidlaayenii kana irratti hundaa'uun ulaagaalee madaallii raawwii hojii abbootii seeraa waan qopheeffataniif, akka muuxannoo biyya Ameerikaatti fudhachuun akka armaan gadiitti ilaaluun ni danda'ama.

3.2.1.3. Ulaagaalee Madaallii Akka Gaayidlaayenii Waldaa Ogeessota Seeraa Ameerikaa (ABA) Keessatti Ibsame. [353]

Gaayidlaayeniin Waldaa Ogeessota Seeraa Ameerikaatiin qophaa'e kun ulaagaalee madaallii raawwii hojii abbootii seeraa garee gurguddaa sadiitti qooda. Isaanis,

- Ulaagaalee madaallii galmee ilaaluun walqabatan (standards related to adjudicative responsibilities)
- Ulaagaalee madaallii bulchiisaan walqabatan (standards related to managerial responsibilities) fi

[352]

[353] Haala addaan yoo ibsameen ala ibsi kutaa kana jalatti kennamu barruu judging judges: Secuning Judicial Independence by use of Judicial Performance Evaluation, olitti yaaddanno 67 irraa fudhatame FF(7-9)

- Ulaagaalee madaallii itti gaafatamummaa ogummaa fi tajaajila uummataan walqabatan (standards related to professional and public service responsibilities) dha.

Ulaagaaleen kunniin ulaagaalee madaallii addaa addaa isaan jalatti kufan baay'ee qabu. Itti aansuun isaan kana ilaalla.

a) Ulaagaalee Madaallii Galmee Ilaaluun Walqabatan

Ulaagaaleen madaallii garee kana jalatti gurmaa'an kallattiin abbaan seeraa madaaluuf ulaagaalee murteesoo dha jechuun ni danda'ama. Ulaagaaleen madaallii garee kana keessatti hammataman baay'inaan afur ta'u. ulaagaan inni duraa, hojii abbaa seerummaa irratti ejjennoo cimaa qabaachuu (judicial integrity) danda'uu dha. Ulaagaan kun waliigala waan ta'eef, hojiirra oolchuuf akka tolutti ulaagaalee xixiqqaa afuritti, jechuunis;

- Waantota farra fayyaalummaa ta'an dhabamsiisuu danda'u
- Gartummaa dhuunfaa agarsiisuu irraa bilisa ta'uu (freedom from personal bias)
- Maalummaa gareewwanii irratti osoo hin hundaa'iin sodaa tokko malee seeraa fi ijoo dubbii qofa irratti hundaa'uun murtii kennuu fi
- Gochaawwan loogummaa agarsiisan irraa bilisa ta'uu dha.

Ulaagaan inni lammataa beekumsaa fi hubannoo seeraa abbaan seeraa qabu kan safari dha. Ulaagaa kanaan waan afurti madaalama:

- Hubannoo abbaan seeraa tokko seerota bu'uuraa, seerota adeemsa falmii fi seerota ragaa biyyattiin qabdu irratti qabu.
- Dhimma ijoo dubbii fi dhimma seeraa mana murtiif dhihaate gargar baasanii beekuu irratti hubannoo abbaan seeraa tokko qabu.

- Murtii mana murtii kan dura turee [354] fi maddawwan sirrii ta'an caqasuun sirriitti hojiitti jijjiiruu danda'uu fi

- Murtiin kennamu ija seeraan yoo ilaalamu, murtii fudhatama qabu, "legally sound decision" kennuu danda'uu abbaa seeraati.

Ulaagaa lammataa kana hojiirra oolchuu irratti namootni madaalan of eeggannoo guddaa gochuu qabu. Waanti ilaalamuu qabu abbaan seeraa murtii kenne hangam tokko beekumsa fi hubannoo seera qaba kan jedhu ta'uu qaba malee, abbaan seeraa sun murtii yommuu kennu hangam falasama seeraa yaada koon walfakkaataa ta'e qaba kan jedhuun ta'uun irra hin jiraatu. [355]

Ulaagaan madaallii inni sadeffaa ulaagaalee madaallii galmee ilaaluun walqabatu jalatti kufu dandeettii of ibsuu abbaa seeraan kan walqabatu dha. Kun afaaniin, barreeffamaan ykn mallattoon ta'uu danda'a. Abbaan seeraa tokko dandeetti, of ibsuu isaatiin madaalamuu qaba yommuu jennu ajaja dhaddacha irratti dabarsuunis ta'e dubbii afaanii biroo godhuun qulqul'ina, yaa'insa yaadaa, ijoo dubbii fi seera walbira qabuun barreeffamaan yaada isaa ibsuu irratti ykn ammoo yaadawwan nama biroo mallattoon, barreeffamaan ykn afaaniin ibsaman dafee hubachuu irratti maal fakkaata jedhanii madaaluu jechuu keenya.

Ulaagaan madaallii raawwii hojii abbootii seeraa inni afraffaa garee ilaalaa jirru kana jalatti ibsamu ammoo ilaalcha gaarii hojii abbaa seerummaa irratti qabaachuu waliin kan walqabatu dha.[356] Ilaalcha gaarii hojii abbaa seerummaa irratti jiru yommuu jennu

---

[354] "Murtii mana murtii" kan jedhu kun sirna murtii duraa hordofanii murteessuu isa afaan Injiliiziin "Judicial Precedent" jedhu kan agasiisu dha.

[355] Yaada kana barreeffamni oltti yaadannoo lak. 63 irratti caqafame, "the criteria measures knowledge of the law: it does not measure the extent to which the evaluator and the judge possess the same or harmonious legal philosophies jechuun bareechee ibsa.

[356] Asitti kan ibsuun barbaadame isa afaan ingilizzitiin "judicial Temperament" jedhu dha. Gaalee kana hiikuun rakkisa akka ta'e barreeffamootni tokko tokkoo, "it can mean virtually any thing to any body, making it particularly susceptiable to a manipulation by actors" jechuun ibsu. Haata'u malee Waldaan Ogeessota Seeraa Ameerikaa bifa jechoota tarreessuutiin jechuunis, "Compassion, decisiveness, open-mindedness, sensitively, courtesy, patience, feedom from bias and commitment to equal justice characterzed judicial temperament:

bal'aa fi waliigalawaan ta'eef, hojiitti jijjiiruurratti rakkoo qabachuu danda'a. kanaaf, ulaagaalee ulaagaa kana jala jiran tokko tokkoon adda baasuun barbaachisaa dha. Haaluma kanaan, ilaalchi gaarii hojii abbaa seerummaa irratti jiru,

- qophii, xiyyeefannoo fi to'annoo abbaan seeraa tokko galmeewwan irratti godhuun fakkeenyaaf, akkaataa seerri kaa'uun gareewwan sadeeffaa falmii jlaqabamee jiru irraa dhimma qaban hirmaachisuuf fedhii qabachuu, gareewwanii fi hirmaattota biroo haala kabaja qabuun keessummeessuu danda'uu;

- ibsa kabaja qabuu fi hubannaan geggeeffamun ilaalchi gaarii hojii abbaa seerummaa irratti jiru akka gabbatii gochuun ulaagaalee as keessatti hammatamani dha.

Kanaafuu, abbaan seeraa tokko ilaalcha gaarii hojii abbaa seerummaa irratti jiru akka gabbatu gochuu fi gochuun dhiisuun isaa kan ittiin safaramu "judicial temperament" qabaachuu fi qabaachuu dhiisuu isaatiin ta'a jechuu dha. abbaan seeraa tokko kabaja uummataa argachuu fi cimsachuuf baay'ee dhama'uu qaba. Dhamaateen kun immoo "Judicial temperament"n dhugooma. Abbaan seeraa "Judicial temperament" gaarii hin qabne kabaja hojii abbaa seerummaa akka malee huba waan ta'eef ulaagaa baayee barbaachisu dha.

b) Ulaagaalee Madaallii Itti Gaafatamummaa Bulchiinsaan Walqabatan

Ulaagaaleen madaallii kana jalatti kufan madaallii hojiiwwan bulchiinsaa ta'an kan akka:

- Galmeewwan mana murtiitti jalqabamanii jiran ilaalchisuun bara, lakkoofsa, umurii fi sadarkaa isaan irra jiran beekuu;

---

jechuun ibsa.

- Akkaataa gabatee yeroo mana murtiitiin qabamee jiruun dhimmoota mana murtiitti dhihaataniif dafanii furmaata kennuu; fi

- Hojiiwwan bulchiinsaa biroo abbaa seeraa tokkoon hojjetaman kan dabalatu dha. Ulaagaan madaallii bulchiinsaan walqabatan kun keessumaa pirezidaantota madaaluuf baay'ee gaarii ta'a.

- Fakkeenyaaf, pirezidaantiin mana murtii tokko karoora akka waliigalaatti bahee jiru hagam hojiirra akka oolchuu, baajetaa fi qabeenya mana murtichaa haala kamiin akka bulchuu fi haala hojii mijeessuu irratti maal akka fakkaatu kan madaallu ulaagaalee bulchiinsaan walqabatan jalatti dhimmoota kufanidha. [357]

  Gabaabumatti, ulaagaaleen madaallii raawwii hojii abbootii seeraa itti gaafatamummaa bulchiinsaan walqabatan bulchiinsa galmee, humna namaa fi qabeenyaan kan walqabatan akka ta'e hubachuun nama hin dhibu.

c) Ulaagaalee Madaallii Itti Gaafatamummaa Ogummaa fi Adda Addaan Walqabatan

Kun immoo ulaagaalee sagantaa barnootaa mana murtiin diriiranii fi akkaataa seeraatiin tajaajila fedhii uummataa gidduu galeessa godhate kennuu irratti kan xiyyeeffatu dha.

Haaluma kanaan,

- Barnoota abbaa seerummaa fi barnoota seeraa fagoo qophaa'u haalaan hordofuu fi keessatti qooda fudhachuu;

- Haala seera waliin walsimuu danda'uun tajaajila uummata gummaachiisuu danda'u dhugoomsuun amantaa uummataa argachuuf tattaaffii manni murtii godhu keessatti hirmaannaa taasisuun ulaagaalee madaallii itti gaafatamummaa ogummaa jalatti kufanidha.

[357] Kana gaaffiin afaanii Ob. Huseen Usumaan, Pirezidaantii mana murtii ol'aanaa Godina Arsii Asallaa gaafa guyyaa 23/3/2002 A.L.I. waliin geggeeffamee ni deggera.

Walumaagalatti, ulaagaleen madaallii raawwii hojii abbootii seeraa gaayidlaayenii madaallii raawwii hojii abbaa seerummaa Waldaa Ogeessota Seeraa Ameerikaatiin qophaa'e kallattiiwwan adda addaa sadan armaan oliin kan ibsamu dha.

Ulaagaalee kunniin deebifnee bakka lamatti: ulaagaalee mala baay'inaa fi mala qulqul'inaa bu'uureffatan jennee qooduu dandeenya.[358] Ulaagaaleen mala baay'ina bu'uureffatan si'aayina hojii abbaa seeraa yommuu ta'u, qabatamaan barreeffamee waan taa'u irratti waan hundaa'uuf, madaaluuf salphaa dha.[359] Fakkeenyaaf, abbaan seeraa tokko waggaatti galmeen meeqa akka dhihaateef, meeqa ilaalaa akka jiru, meeqa akka murteesse beekuuf istaatistikii ilaaluun gahaa dha. Ulaagaaleen mala baay'inaa bu'uureffatan kunniin bu'a qabeessa kan ta'an waantonni gurguddoo lama xiyyeeffannoo yoo argatani dha. Inni duraa waanti safaramu ariitii osoo hin taane haqa ta'uu kan qabu yommuu ta'u inni lammataa ammo istaatistikiin mana murtii sirriitti qindaa'ee taa'e yoo jiraate dha.[360]

Ulaagaaleen mala qulqullina bu'uureffatan baay'ina utuu hin taane qulqul'ina kan madaalan yommuu ta'an cimina, alloogummaa fi bu'a qabeessummaa abbaa seeraa tokkoo kan safarani dha. Ulaagaaleen kunniin hir'ina adda addaa kan qaban[361] ta'uu isaaniirrayyuu, biyyoota guddataa jiran keessatti abbootii seeraa fi abbootii taayitaa biroo qeequun aadaa barsiifame waan hin taaneef, hojiirra oolchuun ulfaataadha.[362]

Ulaagaaleen baay'ina bu'uureffatanis ta'e, qulqul'ina bu'uureffatan kunniin hir'ina mataa isaanii ni qabu. Kanaaf, ulaagaaleen madaallii abbootii seeraa irra caalaa guutuu kan ta'an tokko qofa irratti hundaa'uu osoo hin taane lamaanuu walkeesaa yoo fayyadamne ta'a. ulaagaaleen madaallii gaayidlaayinii madaallu raawwii hojii abbootii

---

[358] Hon.Sandra E.oxner, The Quality of Judges (the world Bank Legal Review) (2003), FF 338-339

[359] Akkuma 110[ffaa], F. 338.

[360] Akkuma 111[ffaa.]

[361] Hirinoota kana barreeffamaa olitti yaadannoo lak. 110 akkas jechuun ibsa: The qualitative assessment presents difficulties of subjectivity, attempting to measure immeasurable, lack of data, and reluctance of court users to evaluate individual judges.

[362] Akkuma 113[ffaa].

seeraa waldaa ogeessoota seeraa Ameerikaa keessa taa'anis adeemsa kana kan hordofani dha.

Dhimmi kanatti aanee ilaalamuu qabu, ulaagaaleen gaayidlaayenii Waldaa Ogeessota Seeraa Ameerikaatiin adda bahan kunniin abbootii seeraa naannoo Oromiyaa madaaluuf hangam tokko gargaaru kan jedhu dha. Kana jechuun, abbootiin seeraa Oromiyaa akka godhaniif ykn hin gooneef seerotaa fi qajeelfamoota adda addaa bahanii jiraniin yoo ilaalamu, ulaagaaleen gaayidlaayenii waldaa ogeessota seeraa Ameerikaatiin taa'an kunniin hangam walsimu kan jedhu dha. Ulaagaaleen karaa adda addaa sadaniin ibsamanis jechuunis, ulaagaalee madaallii galmee ilaaluun walqabatan, ulaagaalee madaallii itti gaafatamummaa bulchiinsaan walqabatanii fi ulaagaalee madaallii itti gaafatamummaa ogummaa adda addaan walqabatan hundinuu hunda hammatoo waan ta'aniif, ulaagaalee bilisummaa fi itti gaafatamummaan abbootii seeraa ittiin ibsamani dha. Bilisummaa fi itti gaafatamummaan ammoo hojii abbaa seerummaa galmaan gahuu keessatti dhimma murteessa waan ta'eef, abbaan seeraa kamiyyuu ulaagaalee kana ibsuu danda'aniin madaalamuun isaa waanuma sirrii dha. Kanaafuu, ulaagaaleen madaallii gaayidlaayenii waldaa ogeessota seeraa Ameerikaatiin adda baafamanii taa'an kunniin abbootii seeraa Oromiyaa madaaluufis sababa hin gargaarreef hin qaban jennee gudunfuun ni danda'ama.

3.2.2. Mala Madaallii

Asiin olitti sirna madaallii kamiyyuu keessatti, ulaagaaleen madaallii baay'ee barbaachisoo ta'uu isaanii fi ulaagaaleen abbootii seeraa madaaluuf gargaaran maalfaa akka ta'an ilaallee jirra. Kana jechuun garuu, sirna madaallii keessatti ulaagaalee qofa adda baasuun gahaa dha jechuu hin ta'u. ulaagaalee kanniin qabatama godhanii dhiheessuuf waantota adda addaa barbaachisa. Fakkeenyaaf, madda odeeffannoo fi akkaataa odeeffannoowwan itti guuraman murteessuu, qaama abbummaan adeemsa madaallii bulchu murteessuu, ulaagaalee madaallii tokko tokkoon adda baafamanitti qaphxii barbaachisu baachisuu fi kkf hundi madaallii raawwii hojii geggeessuu

keessatti dhimmoota daran barbaachisoo ta'anidha.[363] Kutaan kun kan xiyyeeffatu dhimmoota kana irrattidha.

3.2.2.1. Madda Odeeffannoo

Ulaagaalee madaallii tokko tokkoon adda baafaman qabatama godhanii abbaa seeraa madaaluun kan danda'amu maddi odeeffannoo rogummaa fi amanamummaa qabu yoo jiraate dha. Boqonnaa lama jalatti, sirni madaallii raawwii hojii maddi odeeffannoo isaa qaama tokko qofarratti rarra'e hiri'na kan qabu ta'uu isaa fi hir'ina kana maqsuuf ykn hir'isuuf sirni madaallii hunda hammataa fi duguugaa ta'e, sirna madaallii digirii 360 jedhamu diriirsuun biyyootni hedduun itti fayyadamaa kan jiran ta'uu isaa ilaalleerra. Maalummaa, faayidaa fi hir'ina sirna madaallii digirii 360 boqonnuma darbe keessatti waan ilaalleef, amma irra deebinee kaasuun barbaachisaa hin ta'u. kanaaf, kutaa kana keessatti kan ilaallu, sirni madaallii digirii 360 kun mana murtii keessatti abbootii seeraa madaaluuf hangam filatama kan jedhuu fi hojiirra oolmaan isaa maal fakkaata kan jedhu ta'a.

Yeroo ammaa kana keessa madaallii raawwii hojii abbootii seeraa geggeessuuf sirni filatamuu fi manneen murtii baay'een itti hojjetamaa jiru sirna madaallii digirii 360 ti. [364] Sababni isaa, odeeffannoon sirna kanaan guuramu kallattii adda addaa irraa waan ta'eef, amanamummaan bu'aa madaallii akka cimu godha.

Haata'u malee, sirna kanaan namoota hojii amala addaa qabu hojjetan kan akka abbootii seeraa madaaluun ammallaa ulfaachuu danda'a. Sababni isaa sirnichi namni madaallii geggeessuu tokko abbaa seeraa madaalamu ilaalchisuun odeeffannoo xaxamaa fi xixiqqaa ta'e hunda yaadachuu, xiinxaluu fi walitti qabachuu barbaada

[363] Madaallii raawwii hojii abbaa seerummaa waldaa ogeessota seeraa Ameerikaan qophaaye, ibsa gaayidlaayenii 6.2. jalatti kenname (Ammaan booda, qorannoo kana keessatti, gaayidlaayenicha jedhamuun waamama).

[364] Olitti yaadannoo lak. 67, fakkeenyaaf, Mootummaaleen Naannoo biyya Ameerikaa baay'een kan akka Alaskaa, Koloraadoo fi Utaa sirnuma maddaallii digirii 360 kanatti fayyadamuun odeeffannoo guurratanii, abbootii seeraa isaanii madaalu. Gaayidlaayenichis kwt. 6.5 jalatti kanuma jajabeessaa.

.

waan ta'eef.[365] Kun immoo nama madaallii raawwii hojii akka geggeessuuf abbummaa fudhateef leenjii addaa kennuu kan barbaadu waan ta'eef akka hir'ina sirna madaallii digirii 360 tti kan ilaalamu dha. Waan fedheefuu, madaallii raawwii hojii abbootii seeraa geggeessuuf jecha odeeffannoo guuruuf tooftaan bu'a qabeessa ta'e sirna madaallii digirii 360 akka ta'e jala muruun ni danda'ama.

Kana haala kanaan ibsuun eerga danda'amee, gaaffiin itti aanee ka'u, namootni ykn qaamotni abbaa seeraa tokko madaaluuf akka madda odeeffannootti fayyadan eenyufaa dha kan jedhu ta'a. kun hawaasa mana murtii keessa jiruu fi mana murtiin ala jiru waan dabalatuuf, bal'aa dha. Kana ilaalchisuun gaayidlaayeniin waldaa ogeessota seeraa Ameerikaatiin qophaa'e akkas jechuun ibsa:-

> *Multiple sources should be used whenever feasible. Potential services of information for trial judge evaluations include attorneys, jurors, litigants, and witness who have appeared before the judge; non-judicial court staff, social service personnel, and law enforcement officials who have had regular contact with the judge; and appellate judges who have reviewed the judges decision. Potential sources of information for appellate judge evaluations include attorneys who have appealed before the judge, non-judicial court staff who have had regular contact with the judge, other appellate judges, and trial court judges whose decisions have been reviewed by the judge.* [366]

Gaayidlaayeniin kun abbaan seeraa madaalamu sun mana murtii oliyyata dhagahumoo mana murtii sadarkaa duraan falmii dhagahu irra hojjeta kan jedhu irratti hundaa'uun maddi odeeffannoo garaagara ta'uu akka dana'u ibsa. Haaluma kanaan, madaallii abbootii seeraa mana murtii sadarkaa duraan falmii dhagahuu ilaalchisuun namootni odeeffannoo kennuu danda'an abukaattota, juureroota, [367] gareewwan walfalmaniifi ragoota abbaa seeraa dura dhaabatanii beekan; hojjettoota deggersaa mana murtii sadarkaa adda addaa irra jiran, namoota seera raawwachiisoo ta'anii bifa idilee ta'een

[365] Akkuma 116[ffaa]

[366] Gaayidlaayenicha kwt. 6-5.1

[367] Isaan kunniin biyyoota sirna kooman lawuu hordofan keessatti kan beekaman yommuu ta'u, dhimmi tokko utuu abbaa seeraa bira hinga'iin dura isaaniin ilaalama. Mana murtii biyya keenyaa keessatti jarri kun waan hin jirreef, akka madda odeeffannootti fayyadamuu hin dandeenyu.

abbaa seeraa madaalamu sana waliin qunnamtti qabanii fi abbootii seeraa mana murtii oliyyata dhagahuurra hojjetanii murtii abbaa seeraa mana murtii jalaa hojjetuu oliyyataan ilaalanii beekanidha.

Haaluma walfakkaatuun, waa'ee abbootii seeraa mana murtii ol iyyata dhagahuu ilaalchisuun namootni odeeffannoo kennuu danda'an abukaattoota, abbaa seeraa madaalamutti dhihaatanii beekan hojjettoota mana murtii hojii abbaa seerummaa irratti hin bobbaanee fi bifa idilee ta'een abbaa seeraa sanaan wal argan, abbootii seeraa biroo mana murtii ol-iyyata dhagahu irra hojjetanii fi abbootii seeraa mana murtii jalaa hojjetanii murtiin isaanii abbootii seeraa mana murtii ol iyyata dhagahuun ilaalamee beekani dha.

Kun kan agarsiisuu abbootii seeraa madaaluuf, odeeffannoon olii fi gadiin, bitaa fi mrgaan namoota ogeessota seeraa ta'anii fi hin taane irraa, namoota hojii abbaa seerummaa hojjetanii fi hin hojjetne irraa kan guuramu ta'uu isaati. Kana waan ta'eef, sirna madaallii digirii 360 tti fayyadamuun waa'ee abbaa seeraa madaalamu irratti odeeffannoon guuramu tooftaa kamiyyuu caalaa guutuudha jedhamee amanama. Sirna madaallii digirii 360 keessatti dhimmi guddaa xiyyeeffannoo argachuu qabu rogummaa fi amanamummaa madda odeeffannoo sirriitti qulqulleeffachuu danda'uu dha.[368] Kun immoo kan ta'uu danda'u namootni madda odeeffannoo ta'an abbaa seeraa madaalamu sanaa wajjiin walitti dhufeenyii fi walbeekumsi kallattii ta'e jiraachuu isaa mirkaneeffachuun yoo danda'ame qofa. sababni isaa namni madaalu tokko waa'ee nama madaalamu sanaa sirriitti hin beeku taanaan, odeeffannoon argame amanamummaa fi cimina dhaba. Of eeggannoon akkasii yommuu maddi odeeffannoo namoota dhuunfaa ta'an fudhatamuu kan qabu dha. Haata'u malee, abbootii seeraa madaaluuf maddi odeeffannoo namoota dhuunfaa qofa irratti kan daangeffmu miti. Odeeffannoon qabatamaa ta'ee fi walnama hin falmisiifnetti fayyadamuun ni danda'ama.[369] Fakkeenyaaf, baay'ina lakkoofsa galmee abbaan seeraa tokko hojjete beekuun, tarkaanfiin naamusa al meeqa abbaa seeraa tokko irratti akka fudhatame

[368] Gaayidlaayenicha kwt. 6-5.2

[369] Ibsa gaayidlaayenichaa kwt. 6-5 irratti kenname

beekuuf waantoota qabatamatti barreeffamanii taa'an kan akka kuusaa galmee dhuunfaa fayyadamuun ni danda'ama.

Gabaabumatti, sirni madaallii digirii 360 sirna odeeffannoon bal'aa ta'e kallattii adda addaan itti guuramu ta'uu isaa hubachuun nama hin dhibu. Kana waan ta'eef, akkuma biyyoota biraatti godhamu abbootii seeraa Oromiyaa madaaluufis sirna madaallii kanatti fayyadamuun odeeffannoo guurrachuun kan danda'muu fi kan filatamu ta'uu isaa jala muruun ni danda'ama. Haaluma kanaan, akkaataa jijjiirama bu'uura adeemsa hojiitti, mana murtiii keessatti, pirezidaantonni, abbootiin adeemsaa, dursitoonni garee, ofiseeroonni seeraa fi raawwattoonni sadarkaa adda adda irra jiran hundi, akkasumas mana murtii alaa ammoo namootni yeroo baay'ee abbootii seeraa waliin walitti dhufeenya qaban kan akka abbootii alangaa, abukkaattotaa, poolisootaa, walfalmitootaa,fi ragootaa madda odeeffannoo ta'uu danda'u jechuu dha.

Maddi odeeffannoo sirna madaallii digirii 360n geggeeffamu kun bal'aa akka ta'e ibsa armaan olii kana irraa hubachuun nama hin dhibu. Dhimmi asitti xiinxala barbaadu madda odeeffannoo ammas bal'atu kana utuu manneen murtii naannoo keenyaatti fudhannee hojii irraa olchinee hangam hojiirra ooluu danda'a kan jedhu dha. Akkuma gararraatti ibsuuf yaalle, ulaagaaleen madaallii abbootii seeraa ulaagaalee tooftaan baay'inaa fi tooftaa qulqulinaa bu'uureffatan jedhamanii bakka lamatti qoodamuu danda'u. Sirni madaallii digirii 360 ulaagaalee tooftaalee lamaaniiyyuu of keessatti kan hammatu dha. Akkuma olitti ibsine garuu, ulaagaalee madaallii tooftaa qulqul'inaa bu'uureffatan hojiirra oolchuun biyyoota guddataa jiran keessati ulfaataa dha. Haata'u malee, maddi odeeffannoo madaallii raawwii hojii abbootii seeraa guutuu kan ta'u sirna madaallii digrii 360 kanatti yoo fayyadamane dha. Kun kan agarsiisu, yoo ulfaatus, sirna madaallis kana naannoo keenya keessatti hojiirra oolchuun dirqama ta'uu isaati. Kana yommuu goonu, bilisummaa abbootii seeraa bifa tuquun ta'uu hin qabu. Kanaafis mala adda addaa dhahuun gaarii ta'a. Fakkeenyaaf, maddawwan odeeffannoo amanamummaan isaanii shakkisiisanitti qaphxii perseentii muraasaa baachisuun qaawwa kana dhiphisuun ni danda'ama.

3.2.2.2. Mala Odeffannoon Itti Guuramu

Nomoota madda odeeffannoo ta'uu danda'an haala kanaan eerga ibsinee dhimmi biraa kana waliin ka'uu malu odeeffannoon namoota kana irraa mala attamiin funaanamuu danda'a kan jedhu ta'a. adeemsi madaallii raawwii hojii adeemsa qo'annoo geggeessuu waliin walfakkeenya kan qabu dha. Sababni isaa, nama tokkotti hojiin kee kana jedhanii beeksisuun akkanumaan lafaa ka'anii osoo hin ta'iin, madda odeeffannoo rogummaa fi dhugummaa qabu mala saayinsaawaa ta'een walitti guurrachuu barbaachisa. Kun immoo, adeemsa qo'annoo fi qorannoo geggeessuu waliin baay'ee kan walfakkaatuu dha. Kana jechuun garuu, madaallii raawwii hojii geggeessuuf adeemsi odeeffannoon itti guuramu amala mataa isaatii hin qabu jechuu miti. Hunda caalaa, adeemsi madaallii raawwii hojii geggeessu icitummaa madda odeeffannoo eeguu kan barbaadu dha.[370] Haala uumama hojii isaa irraan kan ka'e icitummaan kun madaallii rawwii hojii abbootii seeraa keessatti ammoo irra caalaa kan barbaachisu fakkaata. Keessumaa bakkeewwan dhidhiphoo ta'aniif odeeffannoon haala salphaan walkeessa darbuu danda'u keessatti eenyumma nama madda odeeffannoo ta'e sanaa dhoksuun akka malee barbaachisa.

Kana dhugoomsuuf tooftaan odeeffannoo guuruuf mijataa ta'e mala gaaffii barreeffamaati. Mootummaaleen naannoo adda addaa biyya Ameerikaas baay'inaan maluma kana fayyadamu.[371] Gaaffiin barreeffamaa guutames karaa poostaa walitti kan qabamu dha. Irra caalaa, icitii eeguun kan gaaffii barreeffamaa guutamu sana poostaa lama wajjiin nama gaafficha guutuuf ergudha. Kanaan booda, namni guutu sun gaafficha guutuun poostaa tokko keessa godhee samsama. Dugda poostaa kanaatti guutamuusaa fi qaama madaallii geggeessuuf debi'uu isaa kan mirkaneessu chaappaan ni godhama. Kun eerga ta'ee booda poostaa biraa keessa galuun samsamama. Kanaa booda dugda isaa irratti maqaa fi lakkoofsa koodii nama guutee ibsuudhaan qaama madaallicha abbummaan geggeessuuf ergama. Kanaa booda, qaamni madaalu kun poostichaa fudhachuun maqaa fi lakkoofsa koodii galmeeffachuun poostaa isa jalaa utuu hin baniin dura isa irra keessaa quncisee gata. Adeemsi kun icitii maqaa namicha

[370] Kana gaayidlaayenichi kwt. 6-4 jalatti, "the evaluation process must ensure the an anonymity of individual respondents" jechuun ibsa.

[371] Akkuma 122, ibsa keewwaticha irratti kenname.

gaaffii barreeffamaa deebisu eeguuf qofa kan gargaaru osoo hin taane, qaama madaallii raawwii hojii bulchuuf abbummaa fudhatees gaaffii barreeffamaa meeqati guutame ykn hin guutamne dhimma jedhu qulqulleessuuf waan gargaaruuf faayidaa guddaa kan qabu dha. [372]

Sirna madaallii raawwii hojii abbootii seeraa keessatti mala gaaffii barreeffamaatti fayyadamuun odeeffannoo guurrachuun mijataa dha eerga jennee dhimma kana waliin waanti ilaalamuu malu, qabiyyeen gaaffii barreeffamichaa haala kamiin wixinaa'uu qaba kan jedhu ta'a. kana irratti gaayidlaayeniin madaallii raawwii hojii abbaa seerummaa Waldaa Ogeessota Seeraa Ameerikaatiin qophaa'e akkas jechuun ibsa:

> *Questionnaire content and wording should be structured with relevant respondent, and the nature and content of that group's interaction with judge's in mind. In most instances, it will be necessary to use a different performance questionnaire fior each respondent group.* [373]

Kana jechuun, qabiyyeenii fi jechoonni gaaffii barreeffamaa nama gaafficha deebisuu sanaa waliin rogummaa kan qabu ta'uu qaba. Namni gaaffii deebisuu sun abbaa seeraa madaalamu sana waliin walitti dhufeenya attamii qaba dhimmi jedhu xiyyeeffaanoo argachuu qaba. Kanaaf ammoo gareewwan adda addaa gaaffii deebisaniif unki gaaffii adda addaa qophaa'uu qaba akka jechuuti. Kun kan agarsiisu gaaffiin barreeffamaa odeeffannoo guurrachuuf nu gargaaru akka feeteedhaan kan qophaa'u osoo hin taane xiinxalaa fi of eeggannoo guddaa kan barbaadu ta'uu isaati. Yoo akkas ta'e malee odeeffannoo madaalawaa ta'e argachuun nama rakkisa.

Kana waan ta'eef, gaaffii barreeffamaa akka barbaadamutti qopheessuun barbaachisaa ta'a. kanaaf ammoo gargaarsi eksipertootaa baay'ee barbaachisa [374]. Akkasumas, gaaffii qophaa'e raabsuun odeeffannoo guuruun dura, namootni madaallicha bulchuuf abbummaa fudhatan irra deebianii gadifageenyaan gaafficha ilaaluu fi xiinxaluun

[372] Akkuma 123^{ffaa}

[373] Gaayidlaayenicha kwt. 6-7

[374] Gaayidlaayenicha kwt. 6-2 irratti ibsa kenname.

qulqullaa'uu isaa mirkaneeffachuun qabu.[375] Qulqullaa'uu yommuu jennuu ulaagaan madaallii abbaa seeraa sana madaaluuf taa'e haala ifa ta'een qophaa'uu qaba jechuu keenya. Fakkeenyaaf, dhimmootni mala odeeffannoo guuruu biraatiin bira gahamuu hin dandeenye kannen akka amala abbaa seeraa gaaffii barreeffamaa keessatti hammatamuu qabu.[376] Gaaffiiwwan akkasii bifa waliigala ta'eenqopheessuun hin barbaachiisa fakkeenyaaf, abbaan seera tokko alloogummaan hojjechuu irratti maal akka fakkaatu beekuuf, "abbaan seera kun loogii irraa bilisaa?" jedhanii gaafachuu irra, "abbaan seeraa kun gareewwan lachuu haala jireenya isaanii, ykn haala isaan itti dhihaatan ykn ilaalcha dhuunfaa isaanii irratti osoo hin hundaa'iin walqixa kabajamoo gartummaa agarsiisa" jedhanii gaafficha wixineessuuti filatama.[377] Gaaffiwwan bifa kanaan gaafataman odeeffannoo barbaadamu argachuuf waan nama gargaaraniif, dogoggoroota uumaman dhabamsiisuuf gahee ol'aanaa qabu.

Gaaffiin barreeffamaa yeroo baay'ee kan qophaa'u bifa iskeeld (*scaled*) ta'een yommuu ta'u, iskeelicha irratti hundaa'uun namni gaaffii deebisu sun akka guutu ta'a. Iskeeliin kun sadarkaa adda addaa kan agarsiisu yommuu ta'u, bifa adda addaan ibsamuu kan danda'u dha. Fakkeenyaaf, abbaan seeraa tokko sa'atii hojii kabajuun hojiirratti akka argamu beekuuf, jechootaa fi gaalewwan adda addaa kan akka "yeroo hundaa", "darbee darbee" ykn "tasayyuu" kan jedhamanitti fayyadamuun ni danda'ama. Haaluma walfakkaatuun, abbaan seeraa madaalamu sun gareewwan walfalman lamaan hangam bifa kabaja qabuun akka keessummeessu beekuuf jechootaa fi gaalewwan akka "daran ol'aanaa", "ol'aanaa", "gaarii", "gad aanaa" fi "hin jiru" ykn qubeewwan "A", "B", "C", "D", fi "F" fayyadamuun ni danda'ama.

Qaamni madaallicha abbummaan bulchus jechoota gaalewwanii fi qubeewwan sadarkaa raawwii hojii madaaluuf filatamanitti qaphxii hangam akka baatan duraan murteessuun dhuma irratti hojjechuun bu'aa madaallii kaa'a. Baay'inni namoota gaaffi

[375] Akkuma 126^{ffaa}

[376] Kana gaaydlaayenichi, kwt 6-3 jalatti, "behavior based instruments should be used to evaluate judges" jechuun ibsa.

[377] Akkuma 128^{ffaa}

deebisaniis akkasuma duraan murtaa'uu qaba.[378] Qaphxii funnaaname xiinxaluun firii kaa'uufis tooftaalee madaallii adda addaa boqonnaa lama keessatti ibsamaa keessaa ciminaa fi hir'ina isaa bifa tilmaama keessa galcheen filachuun itti hojjechuun ni danda'ama.

Kana waan ta'eef, qabiyyeenii fi caaseffamni gaaffii barreeffamaa raawwii hojii abbootii seeraa madaaluuf qophaa'u of eeggannoo ol'aanaa kan barbaaduu fi dogoggoroota uumaman hanga danda'ametti kan hir'isu ta'uuti irra jiraata.

As irratti waanti hubatamuu qabu tokko, gaaffiin barreeffamaa abbootii seeraa madaaluuf malawwan odeeffannoon ittiin walitti qabamudha yommuu jennu, mallii jiru isa qofaadha jechuu keenya miti. Fakkeenyaaf, gaaffii afaanii, galmeewwan kuusaa dhuunfaa fi kanneen biroo fi kkf hundi odeeffannoo funaanuuf malawwan fayyadanidha.[379] Adeemsi madaallii raawwii hojii adeemsa qo'annoo fi qorannoo geggeessuu waliin walfakkaata jennee asiin olitti kan ibsines kanuma irraa ka'uudhaan.

Walumaagalatti, sirna madaallii raawwii hojii abbootii seeraa keessatti qaamni madaalliicha geggeessuu ulaagaalee madaallii adda ba'anii taa'an ilaalchisuun maddi odeeffannoo sirrii eenyu kan jedhuu fi mala kamiin odeeffannicha walitti qabachuun danda'ama dhimma jedhu dursee gad faeenyaan sadkatta'uuti irraa eegama.

3.2.2.3. Qaama Abbummaa Fudhatu

Akkuma boqonnaa lama keessatti ilaalle, madaallii raawwii hojii gosa kamiiyyuu geggeessuun hojii bal'aa fi walxaxaa ta'uu isaarrayyuu adeemsa wal irraa hin citne keessa kan darbu dha. Adeemsi kunis adeemsa odeeffannoo funaanuu, odeeffannoo funaaname xiinxaluun bu'aa ibsuu fi bu'aa madaallichaa fayyadamuu jedhamee bakka sadiitti qoodamuu kan danda'u dha.[380] Adeemsa kana haala bu'a qabeessa ta'een

[378] Gaayidlaayenichi dhimma Kana Kwt. 6-6 Jalatti, at The out set of the evaluation program administrators should establish minimum thresholds for both response rates and number of respondents. jedhee ibsa.

[379] Judge Not, That Ye Be Not Judged: Evaluating the Performance of Judges, Olitti Yaadannoo lak. 67. FF 13-14

[380] Gaayidlaayenicha, kwt. 6-1

geggeessuuf, qaama abummaan fudhatee ol'aantummaan to'achuu danda'u seeraan hundeessuun barbaachisa ta'a. Dhimmi ilaalamuu qabu garuu, qaamni kun eenyu ta'uu qaba kan jedhu dha. Kun karaa biraatiin sirni calallii abbootii seeraa biyyi tokko hordoftu maal kan jedhu waliin hidhamuu kan danda'u waan ta'eef, kaasanii ilaaluun. Gaarii ta'a.

Biyyootni adda addaa abbootii seeraa isaanii sirna adda addaan filachuun hojiirratti bobbaasu. Sirni abbootiin seeraa ittiin calalaman baay'ee yoo ta'anillee sirnootini bal'inaan itti hojjetaman lama dha: sirna falannoo fi sirna muudamaati. [381] Sirni calallii filannoo akkuma sirna siyaasaa kamii filannoo uummataatiin kan geggeeffamu dha. Namni tokko abbaa seeraa ta'ee hojjechuuf akkuma qaamota siyaasaa biroo fakkeenyaaf, akkuma qaama seeraa tumtuu, hirmaannaa uummataatiin filannoo waliigalaa fi kallatti godhamuun calalamuu qaba.[382] Sirni filannoo gosa akkasii kun guddina dimokiraasii wajjin guddataa kan dhufee fi keessumaa biyyoota sirna sooshaalizimii hordofan kan akka Raashiyaa biratti kan itti hojjetamu dha.[383] Sirni calallii muudamaa ammoo sirna abbootiin seeraa qaama mootummaa aangoo ol'aanaa qabuun kallattiin muudaman ykn qaama biraa seeraan aangeffameen dhihaachuudhaan bakka bu'oota uummataan muudaman jechuu dha. [384]

Sirni calallii lamaaniiyyuu ciminaa fi hir'ina mataa isaanii kan qabanidha.[385] Biyyootni adda addaa akkaataa sirna siyaasaa biyya isaanii waliin walsimuu danda'uu fi ciminaa fi hirna sirnoonni kunniin qaqqabsiisan tilmaama keessa galchuun tokko filachuun abbootii seeraa isaanii hojiitti bobbaaasu[386]. Biyyi keenyas ta'e, mootummaan naannoo keenyaa sirna calallii isa lammeffaa kana hordofu. Akkaatuma kanaan biyya keenya keessatti abbootiin seeraa gumii bulchiinsa abbootii seeraan dhihaatanii bakka buutota

[381] Mulu Sendek olitti yaadannoo lak. 1, F. 1

[382] Akkuma 133ffaa

[383] Akkuma 134ffaa

[384] Akkuma 135ffaa

[385] Akkuma 136ffaa

[386] Akkuma 137ffaa, 2-4

uummataan muudamu. Abbootiin seeraa manneen murtii Oromiyaas gumii bulchiinsa abbootii seeraa Oromiyaatiin dhihaatanii caffeen muudamu. [387]

Dhimmi qabannee jirru, madaallii abbootii seeraa geggeessuu keessaatti qaamni abbummaa fudhachuu qabu eenyu kan jedhuu fi qaamni kun sirna calallii abbootii seeraa waliin haala kamiin walitti hidhama kan jedhu dha. Kana ilaachisuun gaayidlaayenii madaallii raawwii hojii abbaa seerummaa Waldaa Ogeessota Seeraa Ameerikaatiin qophaa'e akka armaan gadiitti ibsa.

> *Ultimate authority over the development and implementation of a judicial performance evaluation program should be vested in the highest court or other constitutionally mandated body having ultimate responsibility for judicial administration.* [388]

Gaayidlaayeniin kun madaallii raawwii hojii abbaa seerummaa ilaalchisuun qaama abbummaa fi ol'aantummaan hoogganuu qabu filannoo lama kaa'a. Filannoon duraa, mana murtii hunda caalaa sadarkaa gararraa jiru dha. Filannoon biraa ammoo qaama abbaa seerummaa ol'antummaan bulchuuf qaama heeraan aangeffamee fi itti gaafatamumma fudhate dha. Kana gara naannoo Oromiyaatti finnee yoo ilaallu, manni murtii sadarkaa gararraa jiru Mana Murtii Waliigala Oromiyaa yoo ta'u, qaama abbaa seerummaa qaamni ol'aantummaan bulchu ammoo Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraati. Filannoon lamaan irraa waanti hubachuun danda'amu garuu, qaamni madaallii raawwii hojii abbootii seeraa ol'aantummaan to'atu qaamuma mana murtii ta'uu isaati. Kana jechuun garuu, qaamota kana lamaan ala qaamni biraa abbummaa fudhachuu hin danda'u jechuu miti. Fakkeenyaaf, waldaan ogeessota seeraa Ameerikaa sirna madaallii kana abbummaan hoogganuu akka danda'u gaayidlaayenichumti ni ibsa.[389] Kun

---

[387] As irratti muudama pirezidaantii fi prezidaantii itti aanaa manneen murtii waliigala Federaalaa fi Oromiyaa adeemsa addaa kan hordofu akka ta'e heerri mootummaa RDFI, kwt. _____ fi heerri mootummaa naannoo Oromiyaa, kwt _____ ni ibsu. Haaluma kanaan perezidaantii fi prirezidaantii itti aanaa mana murtii waliigalaa muummicha ministeeraan dhihaatanii mana mare bakka buutota uummataan muudamu. Haaluma walfakkaatuun pirezedaantii fi pirezidaantii itti aanaa mana murtii waliigalaa Oromiyaa pirezidaantii bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaan dhihaatanii caffeen muudhamu.

[388] Gaayidlaayenicha, kwt. 4-1

[389] Gaayidlaayenicha kwt. 4-1.1.1.

keessumaa yoo qaamni abbaa seerummaa abbummaan qaama madaallii raawwii kana geggeessu ofii isaati hin gurmeeffanne ta'e kan mul'atu dha.[390] Haaluma walfakkaatuun sirni calallii abbootii seeraa sirna filannoon kan adeesifamu yoo ta'e, qaamni abbummaan madaallii raawwii hojii hoogganuu qaba dirqama qaama abbaa seerummaa irra hin jiraatu. [391]

Xiinxala armaan olii kana irraa hubachuun kan danda'amu, qaamni madaallii raawwii hojii abbootii seeraa geggeessuuf ol'aantummaan abbummaa fudhachuu qabu, qaama abbaa seerummaa ta'uu isaati sababni isaa adeemsi calallii abbootii seeraa naannoo keenya hordoftu sirna muudamaa waan ta'eef. Dhimmi ilaalamuu qabu qaama abbaa seerummaa keessaa addatti eenyu ta'uu qaba kan jedhu dha. Muuxannoo mootummaalee naannoo Ameerikaa baay'ee isaanii yoo ilaallu qaamni kun gumiin ykn koreen kan geggeeffamu dha.[392] Fakkeenyaaf, Arizoonaatti, Koloraadootti, Kansasitti, Misisippiittii, qaamni kun Gumii Raawwii Hojii Abaa Seerummaa (Commission on Judicial Performance) jedhamuun yommuu beekamu. konneektikatiti fi Masaachuuseetti ammoo Koree Madaallii Raawwii Hojii Abbaa Seerummaa (Judicial Performance Evaluation Comittee) jedhamee beekama.[393] Qaama madaallii rawwii hojii abbootii seeraa Oromiyaa ol'aantummaan hoogganuuf abbummaa fudhachuu qabu murteessuuf dura muuxannoowwan biyya alaa kanaa fi seerota adda addaa yeroo ammaa bahanii jiran walbira qabanii garaagaranaan ilaaluun ka'umsa godhachuun manneen murtii Oromiyaa keessaatti, gaarii ta'a. Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa qaama bulchiinsaa ol'aanaa fi aangoo bal'aa kan qabu dha. Aangoowwan bay'ee seeraan kennamaniif keessaa tokko madaallii raawwii hojii abbootii seeraa ilaalchisuun danbii fi qajeelfama adda addaa baasuudhaan raawwii isaas hordofuu dha.[394] Aangoon kun Gumiif kennamuun isaa yaaduma sirrii fakkaata. Sababni isaa, madaalliin raawwii hojii, hojii bulchiinsaati. Hojiin Bulchiinsaa Mana Murtii ammoo

[390] Akkuma 141[ffaa]

[391] Gaayidlaayenicha, kew 4.1.1.2 fi ibsa isaa.

[392] Judge Not, That Ye Be Not Judged: Evaluating the Performance of Judges, olitti yaadannoo lak. 57, F. 11.

[393] http://www.ncsconline.org/wc/ Cour Topics/ Statelinks. Asp?id= 46 & topic = Judper,A.L.I tti Bitootessa 2, 2002 i kan ilaalame.

[394] Kwt. 8(6), Labsii Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa Irra Deebi'anii Dhaabuuf Bahe, Lab. Lakk. 142/2000.

Heeran Gumiif kan kenname waan ta'eef, aangichi yaa'insaa fi hundee seeraa kan qabu dha jechuun ni danda'ama. Danbii fi qajeelfama madaallii raawwii hojii baasuu fi raawwii isaa hordofuuf Gumiin Bulchinsa Abbootii Seeraa aangoo kan qabu eerga ta'ee hojichas abbummaan fudhatee ol'aantummaan gegeessuu fi waanti dhowwu jira hin fakkaatu.

Tarii, as irratti sodaan ka'uu malu tokko ni jira ta'a. Boqonnaa lama jalatti akkuma ilaaluuf yaallee, amaloota sirna madaallii raawwii hojii bu'a qabeessa jedhaman keessaa tokko sirni komiin adda addaa madaallii raawwiin walqabatee ka'u itti keessummaa'u jiraachuu dandeesuu isaati. Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa madaallii raawwii hojii abbootii seeraa abbummaan haa geggeessu yoo jenne qaamni sirrii komii adda addaa madaallii raawwii hojiin walqabatee ka'u dhagahu eenyu ta'uu danda'a? Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa ofumaa madaallii geggeessee ofumaa komii dhagaha jechuuf adeemsa falmii barsiifameen ala ba'uu ta'a. murtiin adeemsa kanaan haqa sirriidha jedhanii yaaduunis nama rakkisa.

Sodaa kana mala biraa dhahuun dhabamsiisuun ni danda'ama. Innis, koree hundeessuudha. Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa koree itti waamamni isaa gumii waliigalaaf ta'e hundeessuu danda'a. Tarkaanfiin akkasii yommuu fudhatamu naamuusaa fi dandeettiin miseensota koree dhimma xiyyeeffannoo guddaa barbaadu dha. Fakkeenyaaf, namoota miseensota gumii fi inispeekshinii irraa walitti fiduu dhaan koricha ijaaruun ni danda'ama. Gabaabumatti qaamni madaallii raawwii hojii abbootii seeraa Oromiyaa geggeessuuf abbummaa fudhachuu qabu, Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa ta'uu qabu. Akkaataa raawwii isaas innumti ol'aantummaan yoo hooggane gaarii kan ta'u fakkaata.

3.2.3. Itti Fayyadama Bu'aa Madaallii Raawwii Hojii

Bu'aa madaallii yommuu jennu abbaan seeraa tokko adeemsa madaallii diriiree jiruun madaalamee qaphxii inni argate jechuu keenya. Kutaa kana keessatti kan ilaallu qaphxii galmaa'e kanatti haala kamiin fayyadamuun danda'ama kan jedhu dha. Akka waliigalaatti, bu'aa madaalliitti haala icitiin isaa eegameen fayyadamuun barbaachisaa

yoo ta'ellee, itti fayyadamni isaa kaayyoo madaallichi geggeeffameef waliin walitti kan hidhamu dha.[395] Akkuma gumee qo'annoo kana keessatti ibsuuf yaalle, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa faayidaa fi kaayyoowwan adda addaa qabaachuu danda'a. Ofiin of fooyyeessuu danda'uu qaama abbaa seerummaa, abbootii seeraa akkaataa bu'a qabeessa ta'uu danda'aniin hojiitti ramaduu, hojiitti fufuu ykn hojii dhaabachiisuu abbaa seeraa tokkoo uummanni akka murteessuuf odeeffannoo hojii abbaa seeraa sanaa ibsu ittiin gahuu fi murtiiwwan adda addaa akka dabarsaniif haala mijeessuu kan jedhan keessatti argamu.[396] Walumatti garuu, kaayyoon madaallii raawwii hojii abbootii seeraa qulqul'ina tajaajila haqaa karaa mana murtiin kennamu fooyyeessuu dha.[397] Akkuma kaayyoo fi faayidaan madaallii raawwii hojii kun adda adda ta'e, fayyadamni isaas akkasuma adda addaa ta'uu danda'a. Walitti hidhama kan jedhames kanumaaf.

Fakkeenyaaf, kaayyoon madaallii raawwii hojii, hojii abbaa seerummaa fooyyeessuuf qofa kan geggeeffamu yoo ta'e, firiin madaallii abbaa seeraa sanaa, abbaa seeraa madaalamee fi walitti qabaa dhaddachaa ykn pirezidaantii mana murtichaa qofaaf ifa ta'uu qaba.[398] Isaan kana sadaniif firii madaallii qofa osoo hin taane caccabbiin firichaallee guutuu ta'eefii dhihaachuu qaba.[399] Kaayyoon madaallichaa fooyyaa'insaaf hanga ta'e itti firii madaallichaa jarreen kun sadeen beekuun gahaa dha. Kana booda abbaan seeraa kun dhaddacha kamirra yoo hojjete (Siiviliimoo yakka), ykn mana murtii kamirra yoo hojjete (mana murtii oliyyata dhagahumoo mana murtii jalaa) bu'a qabeessa ta'a kan jedhu murteessuun waan danda'amuuf firii madaallichaa qaama biraa beeksisuun hin barbaachisu. Kanaan alatti, firiin madaallii icitiin eegamuu qaba. Fakkeenyaaf, seeraan ykn danbiiwwan naamusa ogummaatiin yoo barbaadameen ala odeeffannoon karaa madaallii raawwii hojii geggeessuutiin argame kamiyyuu, firii

[395] Gaayidlaayenicha, kwt 3-1.

[396] Gaayidlaayenicha, kwt 2-1.

[397] Akkuma 148 ffaa.

[398] Gaayidlaayenicha, kwt. 3-2

[399] Akkuma 150ffaa, ibsa isaa

madaallii dabalatee abbootii aangoo naamuusa ogummaa kabachiisuuf itti gaafatamummaa fudhatanitti beekamuu hin qabu.[400]

Karaa biraatiin, kaayyoon madaallii geggeeffame akka abbaan seeraa tokko hojiiitti fufu ykn hojii dhaabachiisu murteessuuf jedhamee yoo ba'ee fi kun ammo sagalee uummata bal'aan kan murtaa'u yoo ta'e, firichi eenyumaafuu ifa ta'a. Garuu kana gochuutiin dura abbaan seeraa madaalame sun dhihaatee waa'ee madaallichaafi firii isaa irratti yaada kennuuf carraa argachuu qaba.[401] Kanaaf, asittis taanaan icitummaan hanga ifa bahutti kan eegamu dha.

Ibsawwan armaan olitti kennaman kana irraa ka'uudhaan bu'aa madaallii raawwii hojii abbaa seeraa tokkoo beekuu kan qabu abbaa seeraa madaalame sanaa fi bu'icha irratti hundaa'uun qaama murtii kennuu danda'u dha jennee gudunfuu dandeenya. Kanaafuu, itti fayyadamni bu'aa madaallii raawwii hojii abbootii seeraa kaayyoo geggeeffamuuf waliin walitti hidhaa kallattii ta'e kan qabu dha.

[400] Gaayidlaayenicha, kwt. 2-3

[401] Gaayidlaayenicha, kwt 3-4

Boqonnaa Afur

Yaada Gudunfaa fi Furmaataa

Ba'aa waliigalaa qo'annichaarratti hundaa'uun yaadawwan gudunfaa fi furmaataa akka armaan gadiitti dhihaataniiru:

1. Madaallii raawwii hojii jechuun maal jechuu akka ta'e hayyootni adda addaa karaa adda addaa kan hiikan yoo ta'ellee, yaad-rimeen isaa kan ibsu, hojjetaan tokko hojiin tokko hojii isaa ta'uu eerga beekee booda, baay'inaa fi qulquliina barbaadamuun hangam tokko yeroo kennameef keessatti raawwate jedhanii **tooftaa** ittiin safaruu danda'an kan jedhu dha. Gochi kun akka waliigalaatta kan eegale uumama dhala namaa waliin yoo ta'ellee, haala sirnaawaa, caaseffamaa fi idilaawaa ta'een hojiirra ooluu kan jalqabe garuu, Waraana Addunyaa Lammeffaa keessaa fi isaa as Keessummaayyuu madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa ammoo dhiheenya kana kudha sagal toorbaatamootaa fi kudha-sagal saddeettamoota keessa kan jalqabe dha.

   Madaallii raawwii hojii kana hojiirra oolchuu irratti mormii fi rincicni baay'een kan mudate yoo ta'u, madaallii raawwii hojii abbootii seeraa irratti ammoo mormii fi rincicni kun abaasaa ture. Sababni ka'us, bilisummaa abbootii seeraatti bu'a kan jedhu dha. Haata'u malee, yeroo keessa akkuma guddinni fooyyaa'aa adeeme, faayidaan madaallii raawwii hojii beekamaa dhufe. Sirni madaallii kunis sirna madaallii durii fi ammayyaa jedhamuun bakka lamatti qoodamaa dhufe. Haaluma kanaan sirni madaallii kun kaayyoon, daangaa raawwiin, xiyyeeffannoo kennamuun, mala itti geggeeffamuufi kkfn jijjiiramaa deeme. Madaalliin raawwii hojii kamiyyuu faayidaalee adda addaa kan qabu yoo ta'ellee, bakka gurguddaa lamatti, jechuunis, faayidaa gama murtii kennuutiin mul'atuu fi faayidaa gama misoomsuutiin ibsamu jedhamanii cuunfamuu danda'an kan qabu dha.

   Faayidaalee gama murtii kennuutiin ibsaman yommuu jennu, hojiiwwan kanaan dura hojjetaman akkaataa istaandardii hojichaatiin hojjetamuu fi hojjetamuu dhiisuu isaanii keessa deebi'anii sakatta'uudhaan dhimmoota adda addaa

hojjetaa ilaalan kan akka hanga miindaa, guddina sadarkaa, fi dhimmoota jijjiirraan walqabatan irratti murtii dabarsuu jechuu keenya. Faayidaa gama misoomsuutiin ibsaman yommuu jennu ammoo fooyyaa'insa hojii irrattikan xiyyeeffatu jechuu keenya. Kunis kan ibsamu hojiin mana hojii tokkoo akkaataa barbaadmeen akka hin hojjetamne wantonni gufuu ta'an maalfaadha kan jedhu sakatta'uudhaan mala furmaataa kaa'uun akka hojiin sun qixa barbaadameen hojjetamuuf tarkaanfii barbaachisaa ta'e fudhachuu jechuu dha. Faayidaan gama misoomsuutiin ibsamu kana qofa irratti kan daangeffame miti. Hojii bulchiinsa mana hojii tokkoo fooyyeessuu, humna namaa mana hojii tokkoo karoorsuu fi barsiisuu, hojiiwwan qo'annoo fi qorannoo geggeessuu fi kkf faayidaama misoomsuutiin walqabatu.

Faayidaa gama murtii kennuutiin mul'atus ta'e faayidaan gama misoomsuutiin mul'atu deebi'ee kallattii hojjetaan, hojjechiisaa fi mana hojiin ibsamuu kan danda'u dha. Kun immoo kan agarsiisu madaalliin raawwii hojii faayidaa guddaa kan qabu ta'uu isaati. Sirni madaallii raawwii hojii manneen hojii hunda keessatti, mana murtii dabalatee, beekamaa kan dhufes sababuma kanaaf. Kana waan ta'eef yeroo ammaa barbaachisummaa isaa irratti mormiin hin jiru

Sirni madaallii raawwii hojii kaayyoo mana hojii tokkoo irratti hundaa'uun garaagarummaa qabaachuu kan danda'u yoo ta'ellee, waantonni wal isaan fakkeessan ni jiru. Hundi isaaniiyyuu gaaffiiwwan bu'uuraa kan akka faayidaan madaallii raawwii hojii maal? Madaalliin raawwii hojii ulaagaalee maaliin geggeeffama? Madaallii raawwii hojii geggeessuu keessatti rakkoowwan mudachuu danda'an maalfaadha? Madaallii raawwii hojii geggeessuuf tooftaan hordofamuu qabu maal? Kanneen jedhan deebisuun isaan irraa waan eegamuuf. Haaluma kanaan sirni madaallii raawwii hojii tokkoo bu'a qbeessa kan jedhamu amaloota armaan gadii kan agarsiisu yoo ta'e dha:

a) Odeeffannoon funaanamu rogummaa fi dhugummaa qabaachuu;
b) Odeeffannoon funaanamu hojiin walitti hidhamuu danda'uu;
c) Adeemsi madaallichaa qabatamaan hojiirra ooluu danda'uu;

d) Adeemsi madaallichaa seera tumamee jiruun kan walsimu ta'uu;
e) Namoota leenjii qabaniin geggeeffamuu danda'uu;
f) Bu'aa madaallii nama madaalameef ifa gochuu danda'uu;
g) Adeemsa madaallichaa irratti walqunnamtiin ifa ta'e jiraachuu fi
h) Adeemsi komiin itti dhagahamu diriiruu dha.

2. Madaallii raawwii hojii abbootii seeraa keessattis gaaffiiwwanii fi amalootni olitti ka'an kunniin raawwtinsa ni qabaatu. Madaallii raawwii hojii abbootii seeraa waanti adda isa godhu yoo jiraate, amala addaa hojiin abbaa seerummaa naamusa ol'aanaa barbaaduu fi haala bilisummaanii fi itti gaafatamummaan walmadaalawaa ta'e mirkanaa'e keessatti hojjechuu gaafatu ta'uu isaati. Kana waan ta'eef, naamusni ogummaa hojii abbaa seerummaa addunyaa irratti fudhatama argatan abbootii seeraa oromiyaa birattis akka beekamaniifi itti hojjetaman bifa koodiin qophaa'ee argama. Haaluma kanaan bilisummaan, alloogummaan, amalli mudaa hin qabne, fayyaalummaan, walqixxummaan, gahumsii fi miirri tajaajiltummaa fi kaka'umsi hojii duudhaalee naamusa ogummaa abbootii seeraa jedhamuun koodeffamanii argamu.

   Haaluma walfakkaatuun hojiin abbaa seerummaa haala bilisummaa fi itti gaafatamummaan madaalawaa ta'e mirkanaa'etti hojjechuu barbaada. Kana yommuu jennu abbootiin seeraa dhimma isaaniif dhihaate tokko dhiibbaa fi gidduu seenummaa gosa kamiirraa bilisa ta'uun firii dubbii fi seera qofa bu'uura godhachuudhaan furmaata kennuu danda'uu jechuu dha. Bilisummaan abbootii seeraa kun immoo bu'a qabeessa kan ta'u, itti gaafatamummaan isaaniis yoo dhugoome dha. Sababni isaa bilisummaa fi itti gaafatamummaan abbootii seeraa dhimmoota walgitanii fi wal cinaa deemani dha. Tokko isa biraa irraa adda bahee hin dhaabbatu. Yoo dhaabbates, bu'a qabeessa hin ta'u. Madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa egaa naanna'ee, naanna'ee dhimmoota gurguddoo lameen kanaan, jechuunis, naamusa hojii abbootii seeraa, fi bilisummaa fi itti gaafatamummaan walitti kan hidhamu dha. Qo'annoon kunis faayidaa madaallii raawwii hojii abbootii seeraa kallattii kanaan ilaale. Kallattii kanaan yoo ilaalu,

madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa walmadaalchisuu keessatti meeshaa guddaa tokko ta'ee mul'ata.

Kun karaa adda addaa ibsamuu danda'a. Akkuma qo'annoo kana, keessatti ibsuuf yaalle, bu'aa maadallii raawwii hojii tokko irratti hundaa'uun murtiiwwan adda addaa dabarsuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, abbaan seeraa tokko dhaddacha kam irratti (yakka, siivilii, hojjetaa fi hojjechiisaa) ramadamee yoo hojjete ykn ammo mana murtii sadarkaa kamiirra yoo hojjete (mana murtii ol iyyata dhagahu moo mana murtii sadarkaa duraan dhimma ilaalu) bu'a qabeessa ta'a kan jedhu seecca'anii adda baasanii beekuuf ni dandeessisa. Haaluma walfakkaatuun, bu'aa madaallii irraa ka'uun tarkaanfiiwwan fooyyaa'insaa kan akka leenjii kennuu fudhachuun ni danda'ama. Kun immoo deebi'ee fooyyaa'insa waliigalaa argamsiisuuf gahee ol'aanaa qaba.

Kallattii naamusaan yoo ilaalles, dirqama naamusa ogummaa abbaa seerummaa bahachuu dhabuun itti gaafatamummaa kan hordofsiisu ta'uu isaa fi kana hojiirra oolchuufis dambiin naamusaa ba'ee itti hojjetamaa kan jiru ta'uun isaa beekamaa dha. Haata'u malee hojiirra oolmaa danbichaan walqabatee waantota tokko tokko qabatame godhanii dhiheessuun nama rakkisuu waan danda'uuf, itti gaafatamummaa mirkaneessuu irratti hir'inni mul'achuu danda'a. Madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa yoo jiraate, qaawwota akkasii kana duuchuu keessatti gahee inni qabu salphaa miti. Sababni isaa abbaan seeraa tokko gocha naamusa ogummaa isaa irraa maqu yoo hojjete gochi kun ragaan deggeruun rakkisaa akka ta'u beekuun oomaatti lakkaa'uu dhiisuu danda'a ta'a., Madaalliin raawwii hojii yoo jiraate, kanaan miidhamuu nan danda'a jedhee sodaachuu waan danda'uuf, naamusa ogummaa isaa kabajuuf of eeggannoo cimaa gochuu danda'a. Kanas taanaan, itti gaafatamummaa abbootii seeraa mirkaneessuu keessatti gahee hin tuffatamne kan qabu dha.

Kun hundi kan agarsiisu, madaalliin raawwii hojii abbootii seeraa bilisummaa fi itti gaafatamummaan abbootii seeraa walmadaalawaa ta'e akka jiraatu gochuu keessatti gahee inni qabu ol'aanaa ta'uu isaati. Bilisummaa fi itti gaafatamummaan abbootii seeraa dhugoome jechuun ammoo kenninsi tajaajila

haqaa abbootii seeraan kennamu akka barbaadamutti hojiirra oole jechuu dha. Kun ta'e jechuun ammoo karaa biraatiin ergamnii fi mul'atni mana murtii galma gahe jechuu ta'a. sirni kun faayidaa hangana gahu argamsiisuu keessatti gahee ol'aanaa yoo qabaatus, hanga yoonaatti manneen murtii oromiyaa keessatti diriiree itti hojjetamaa hin jiru.

Kanaafuu, manneen murtii oromiyaa madaallii raawwii hojii abbootii seeraa hojiirra akka oolchan qo'annoon kun akka malee jajjabeessa

3. Kana gochuuf, dhimmootni gurguddoo xiyyeeffannoo argachuu qaban tokko tokko ni jiru. Isaan keessaa tokko, abbaan seeraa tokko ulaagaalee maaliin madaalamuu qaba kan jedhu dha. Sababni isaa sirna madaallii raawwii hojii gosa kamii keessatti ulaagaaleen madaallii ifa ta'anii kan hin teenye yoo ta'e, madaallii geggeessuun tasumaa kan yaadamu hin ta'u. Gara ulaagaalee madaallii raawwii hojii abbootii seeraatti yommuu dhufnu, ulaagaaleen kunniin bakkaa bakkatti garaagarummaa kan qabanidha. Haata'u malee hunda isaanii waanti walfakkeessu tokko hojii abbaa seerummaatti kan hidhaman ta'uu isaaniiti. Kun immoo kan ibsamu hundi isaanii waa'ee bilisummaa fi itti gaafatamummaa, fi duudhaalee naamusa ogummaa abbootii seeraatti rarra'uu isaaniitiin ta'a. Garaagarummaa ulaagaalee madaalliif waanti ka'umsa ta'uu danda'u kaayyoo madaalliin sun geggeeffameefidha. Madaalliin raawwii hojii kaayyoowwan garaagaraaf geggeeffamu danda'a. Yeroo kana ulaagaaleen madaalliis hanga ta'e garaagarummaa qabaachuu danda'u. Itti dabalees, aadaa fi haalli qabatamaa manneen murtii biyya tokkoo manneen murtii biyya biraa waliin garaagarummaa qabaachuun isaa kan oolu miti. Kunis garaagarummaa ulaagaalee madaallii raawwii hojii abbootii seeraaf sababa biraa ta'uu danda'a. Ibsi hayyoota adda addaan kennamuu fi muuxannoowwan garaagaraa ilaalles kanuma agarsiisu. Manneen murtii Oromiyaas ulaagaalee abbootii seeraa isaanii ittiin madaalan haala qabatama jiru bifa tilmaama keessa galcheen qopheeffachuu qabu. Hundaa ol ammoo beekumsa seeraa fi naamusaan walqabsiisuun ulaagaaleen bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa walmadaalchisuu danda'an hammatamuu qabu

Kana qopheessuuf gaayidlaayeniin madaallii raawwii hojii abbaa seerummaa Waldaa Ogeessota Seeraa Ameerikaatiin qophaa'e akka ka'umsaatti fayyadamuun gaarii ta'a. Sababni isaa gaayidlaayeniin kun mootummaalee naannoo biyya Ameerikaa baay'eetiif ka'umsa ta'uun kan gargaare ta'uu isaarrayyuu dhimmoota gurgudoo madaallii raawwii hojii abbootii seeraa waliin ka'uu danda'an of keessatti hammatee kan jiru waan ta'eef, ka'umsa gaarii kan ta'u dha. Fakkeenyaaf, ulaagaalee madaallii akka armaan gadiitti bakka gurguddaa sadiitti qooduun sirna madaallii wixineessuun ni danda'ama.

1. Ulaagaalee gama galmee ilaaluutiin walqabatan,
2. Ulaagaalee gama itti gaafatamummaa bulchiinsaa bahachuutiin wlqabaan,
3. Ulaagaalee itti gaafatamummaa ogummaa adda addaan walqabatan,

Ulaagaaleen gurguddoo sadan kunniin hojii abbaa seeraa tokkoo ibsuu waan danda'aniif diriirsuun itti fayyadamuun ni danda'ama.

4. Dhimmi biraa madaallii raawwii hojii abbootii seeraa keessatti xiyyeeffannoo barbaadu mala madaallichi itti adeemsifamu dha. Mala madaallii yommuu jennu waantota adda addaa lama of keessatti qabachuu kan danda'u dha. Innis, eenyu madda odeeffannoo akka ta'u adda baasuu fi madda odeeffannoo kana irraa tooftaa attamiin akka guuramu murteessuu dha. Sirna madaallii raawwii hojii keessatti ulaagaalee madaallii adda baafaman irratti namni madaalamu sun maal akka fakkaatu beekuun kan danda'amu maddi odeeffannoon gahaa ta'e yoo jiraate dha. Maddi odeeffannoo kun jiraachuu qofa osoo hin taane, dhugummaa fi ragummaas qabaachuu qaba. Yoo akkas ta'e malee bu'aan madaallichaa shakkii keessatti kufa. Kana waan ta'eef, maddi odeeffannoo rogummaa qabu bifa baay'inaa fi qulqullina qabuun sakatta'uun barbachisaa dha. Kanaaf ammoo sirna madaallii raawwii hojii hunda-hammataa fi duguugaa ta'etti fayyadamuun barbaachisaa dha. Sirni kun sirna madaallii digirii 360 jedhama. Sirna kanaan namootni ogeeyyii seeraa ta'anii fi hin taane, mana murtii keessa hojjetanii fi ala

hojjetan akkaataa walitti dhufeenya hojii abbaa seeraa madaalamu sana waliin qabaniin madda odeeffannoo ta'u.

Haaluma kanaan, akkaataa adeemsa yeroo ammaa diriiree jiruun mana murtii keessatti pirezidaantonni, abbootiin adeemsaa, dursitoonni garee, ofiiseroonni seeraa fi raawwattoonni sadarkaa adda addaa irra jiran hundi, akkasumas mana murtii alaa immoo namootni yeroo baay'ee abbootii seeraa waliin qunnamtii hojii qaban kan akka abbootii alangaa, abukaattotaa, poolisootaa, walfalmitootaa, fi ragootaa madda odeeffannoo ta'u jechuu dha. Itti dabalees, dokimantoonni adda addaa waa'ee abbaa seeraa maddaalamu sanaa ibsan maddeewwan biraati.

Kana waan ta'eef, manneen murtii oromiyaas abbootii seeraa madaaluuf, odeeffannoo waayita guurratan, sirna madaallii digirii 360 kanatti fayyadamuun baay'isee filatama.

5. Sirna madaallii raawwii hojii abbootii seeraa madaaluu keessatti madda odeeffannoo murteessuu waliin waanti walqabatee ka'u mala kamiin odeeffannoon madda odeeffannoo kana irraa guuramuu qaba kan jedhu dha. Adeemsa madaallii raawwii hojii geggeessuu keessatti iciitii madda odeeffannoo eeguu fi eegsiisuun akka malee barbaadama. Malawwan odeeffannoon ittiin guuramu keessaa malli icitii kana eeguuf gargaaru ammoo mala gaaffii barreeffamaa fayyadamuu dha. Kanaaf, manneen murtii oromiyaa abbootii seeraa madaaluuf odeeffannoo yommuu guurratan mala kana fayyadamuun gaarii ta'a. Haata'u malee, malli gaaffii barreeffamaa bu'a qabeessa kan ta'u qabiyyee fi jechootni gaafficha keessatti qophaa'an nama gaafficha gaafatamu waliin haala rogummaa qabuun kan saxaxame yoo ta'e dha. Kun kan agarsiisu gareewwan adda addaa gaaffii deebisaniif gaaffiiwwan adda addaa qopheessuun barbaachisaa ta'u isaati.

   Kana waan ta'eef, madda odeeffannoo adda baasuufis ta'e, gaaffii afaanii qopheessuuf gargaarsii fi gorsi eksipertootaa akka malee barbaachisa. Manneen

murtii Oromiyaas kana beekuun waayita maddawwan odeeffannoo adda baasanis ta'e, gaaffii barreeffamaa qopheessan of eeggannoo guddaa gochuu qabu.

6. Gaaffiin barreeffamaa odeeffannoo guurrachuuf filatamaadha yommuu jennu garuu, isaa ala malli biraa hin jiru jechuu keenya akka hin taane hubatamuu qaba. Meeshaaleen odeeffannoo guuruuf gargaaran kan akka dowwii dhaddachaa, galmeewwan adda addaa beekamtii qabanii (official records), fi kkf fayyadamuun odeeffannoo walitti qabachuun ni danda'ama. Odeeffannoowwan mala adda addaan guuraman kana qaamni madaallicha geggeessuuf abbummaa fudhate sun xiinxaluun bu'aa madaallichaa kaa'a. kana gochuufis qaphxiiwwan tokko tokkoo ulaagaalee madaalliif kennaman tooftaalee adda addaatti fayyadamuun xiinxaluun ni danda'ama. Malawwan adda addaa hojii kanaaf fayyadan haala ciminaa fi dadhabina isaanii tilmaama keessa galcheen filachuun itti fayyadamuun ni danda'ama. Haaluma kanaan tooftaan madaallii diriiraa hojiirra oolchuuf salphaa waan ta'eef, filachuun itti hojjechuun gaarii ta'a.

7. Adeemsa madaallii raawwii hojiin walqabatee rakkoowwan hedduun mudachuu danda'u. Fakkeenyaaf, odeeffannoo dogoggoraa waliif kennuu, aangootti akka malee fayyadamuu, aaloo walbahuu, walsodaachisuuf kkf maqaa dhahuun ni danda'ama. Kun keessumaa namoota madaalliin raawwii hojii akka geeggeeffamuuf fedhii hin qabneen olola adeemsifamuun kan uumamu dha. Kun ammoo odeeffannoon sirrii hin taane akka kennamu waan godhuuf, bu'aa madaallii raawwii hojii tokkoo fudhatama dhabsiisa. Kun immoo deebi'ee kaayyoon madaallii raawwii hojii akka galma hin geenye godha. Rakkoowwan adeemsa madaallii raawwii hojiin walqabatnii ka'an kunniin madaallii raawwii hojii abbootii seeraa geggeessuu keessatti mul'achuuf carraan jiru bal'aa ta'uu kan danda'uu fi yoo mul'atan ammoo balaa guddaa qaqqabsiisuu kan danda'ni dha. Biyyoota baay'eetti madaallii raawwii hojii abbootii seeraa hojiirra oolchuurratti mormii fi rincicni bal'inaan kan mudateefis kanumaaf. Sababni isaa, odeeffannoon sirri hin taane kan funaanamu yoo ta'e, bu'aan madaallichaas

sirrii hin ta'u. kun immoo bilisummaa abbootii seeraa fi hojii abbaa seerummaa akka waliigalaatti balaa hin taane irra buusa.

Kanaafuu, rakkoowwan mudachuu danda'an kana xiqqeessuuf madaallii geggeessuun dura, hojiin hubannoo uumuu bal'inaan irratti hojjetamuu qaba. Abbootii seeraa fi hawaasa mana murtii madaallii raawwii hojii geeggeessuu keessaatti qooda fudhatan hundaaf, maalummaan, kaayyoon, faayidaan, ulaagaa fi malli madaallii ifa ta'uu qaba. Kunis bifa koonfiraansii, seeminaarii ykn walgahii adda addaa qopheessuutiin ta'uu danda'a.

8. Firiin madaallii raawwii hojii abbootii seeraa haala saayinsaawaa ta'een hojjetamee bira gahame tokko qixa sirrii ta'een itti fayyadamuun barbaachisaa dha. Kuusaa dhuunfaa abbaa seeraa madaalameenis walqabachuu qaba. Abbaa seeraa madaalameefi qaamota murtii kennuu danda'aniifis ifa gochuun barbaachisaa dha. Kana irraa ka'uun qaamni bulchiinsa mana murtii hojii barbaadameef, fakkeenyaaf, leenjii kennuu, ol guddisuu, gad buusuu fi kkf oolchuu danda'a.

9. Hojiin madaallii raawwii hojii abbootii seeraa bal'aa fi walxaxaa dha. Adeemsa wal irraa hin citne keessa kan darbudhas. Adeemsa kana haala bu'a qabeessa ta'een geggeessuuf qaamni tokko abbummaa fudhachuu qaba. Hojiin hubannoo uumuu barbaachisaa dha jennee olitti ibsines hojiirra oolchuun kan danda'amu qaamni abbummaa fudhatee hojicha hojjetu yoo jiraate dha. Haaluma walfakkaatuun, hojiiwwan bulchiinsaa xixiqqaa madaalliin walqabatan kan akka yeroo madaalliin itti geggeeffamu murteessuu abbummaa barbaada. Kanaafuu, gumiin bulchiinsa abbootii seeraa adeemsa madaallii raawwii hojii abbootii seeraa abbummaa fi ol'aantummaan hoogganuu qaba.

Kanaafuu, qaama kana humna namaa fi loojistikii adda addaan cimsuun gaarii ta'a.

Wabii

I. Kitaabilee, Barreeffamootaa fi Maddawwan Interneetii

- Peter Lorenzi, Managing for Performance, University of Kansas-Lawrence (1953).
- P.subba Rao & VSP Rao, Personnel (Human) Resource Management, Text, Cases and Games, Konark Publishers Pvt Ltd 92000).
- Seton Adams & Adelaide Griffin, Modern Personnel Management (A self-instruction Program: Cases and Applications (1987)
- Introduction to Performance Appraisal, http://www.performance-appraisal.com/intro.htm
- Judge Not That Ye Be Not Judged: Evaluating the Performance of Judges, http://www.allacademic.com//meta/p-m/a-apa-research citation 2/0/9/611
- 360_Degree Feedback-Multi-source Feedback, http://www.buzzle.com/articles/360-degree-feedback.htm
- R.wayne Mondy and Robert M.Noe, Personnel Management (1987).
- Gebru Zenebe, Judicial Independence in Ethiopia: Retrospect's and Prospects (1997), Ethiopian Civil Service College Library (unpublished).
- Mulu Sendek, Appointment and Evaluation of Judges in Ethiopia: With special Reference to Federal Judges in Addis Ababa 91987), Ethiopian Civil Service College Library (unpublished).
- Appraisal Methods, Rating Scales, http://www.performance_appraiosal.com/ratings.htm
- Appraisal Methods, Results Method (Management By Objective), http://www.performance_appraisal.com/results.htm
- Appraisal Methods, Essay Method, http://www.performace_appraisal.com/essay.htm.
- Behaviorally Anchored Rating Scales, Law and Legal Definition, http://definitions.uslegal.com/b/behaviorally_anchord_rating_scales

- Should Judges Face Appraisal? http://businedss.times.online.co.uk./tol/business/law/columnists/artices.2544364ece
- Cyrus Das & Chandra (editors), Judges and Judicial Accountability (2004).
- Professional Ethics, http://en.wikipedia.org/wike/professional.ethics.
- Makaashaa Abarraa fi Urgeessaa Ganamoo, Naamusa Ogummaa Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa, Afaan oromootti Alamaayyoo Taganee fi Dasaa Bulchaan kan jijjiirame(2002).
- Canadian Judicial Council Ottawa, Ontario, www.cjc_ccm.ge.ca, Mana Kitaabaa ILQSOtti "Hard Copy"n qophaa'ee kan jiru.
- Henry Cambel Black, Black's law Dictionary, (6th ed)
- Sanada Qajeeltoowwan Bu'uuraa Bilisummaa Abbaa Seerummaa. Mootummoota Gamtoomanii (1985 ALA),
- Jamaal Kadir, Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaa Walmadaale Manneen Murtii Oromiyaa Keessatti Dhugoomsuuf, Barruu "Haqaaf, MMWO Jildii 1, Lak.2, Adoolessa 2001.
- Judging Judges: Securing Judicial Independence By Use of Judicial
- Performance Evaluations, http://goliath.ecnext.com/com52/gi_0199_1553000/Judging-Judges-Securing-Judicial_Independence.htm.
- Kate Malleson, Judicial Training and Performance Appraisal: The Problem of Judicial Independence, The Modern Law Review, Vol. 60, No. 5, http://www.jstor.org/pss/096356.
- Richard J.Scott, Ethics to control Judicial Corruption (2000) American Bar Association Offers New Way to Judge the Judges, http://www.law.com/jsp/law/lawarticle friendly.jsp& id.
- Judicial Performance Evaluation: Overview, http://www.ncsconline.org/wc/courtopics/overview.asp?topic judper
- Guidelines for the Evaluation of Judicial Performance with Commentary, http://docs.google.com viewer? a=V&q=cache p18k_xw1 ufg]:www.abanet.org/jd/lawyers conf/pdf/jpec_final_commentary

- Hon, Sandra E. oxner, the Quality of Judges (the World Bank Legal Review)(2003).
- Mitu Gulati & David F.Levi & David E.Klein, Evaluating Judges and Judicial Institutions: Reorienting the perspective, Duke University Journal, Judicial Workshop Sympossum, 23 February 2010.
- The Concepts, Process and Methods of Performance Appraisal, St.Mary's University College (unpublished).

II. Seerota

- Heera Mootummaa Rippaabilika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa, Nagaarit Gaazzexaa Federaalaa (1987), Waggaa 1, Lak.1
- Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyyaa'ee Bahe, Labsii Lak. 46/1994, Magalata Oromiyaa (1994).
- Labsii Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebi'anii Hundeessuuf Bahe. Labsii Lak. 141/2000
- Labsii Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa Irra Deebi'anii Dhaabuuf Bahe, Labsii Lak 142/2000, Magalata Oromiyaa, Waggaa 16ffaa Lak.11
- Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Gumii Naannoo Oromiyaa.
- Danbii Naamusa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Gumii Naannoo Oromiyaa Lak. 2/2001.
- Danbii Sirna Qorannoo fi Falmii Hanqina Naamusa Hawaasa Manneen Murtii Oromiyaa Lak 3/2001.

III. Tarree Namoota Gaaffii Afaanii Deebisanii Fi Marii Garee Irratti Hirmaatanii

- Ob. Efireem Hayilee, A/seeraa, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Lixaa, Mudde 6,2002 ALI.

- Ob. Buzunaa Guutamaa, Pirezidaantii, Mana Murtii Aanaa Amboo, Mudde 7, 2002 ALI.
- Ob. Mitikkuu Sabbooqaa, A/seeraa, Mana Murtii Aanaa Amboo, Mudde 7, 2002 ALI.
- Ob Taayyee Nagaash, Pirezidaantii, Mana Murtii Aanaa Walmaraa, Mudde 7, 2002 ALI.
- Ob. Warquu Gabbisaa, I/G Garee Inispekshinii, MMWO, Mudde 5, 2002 ALI.
- Ob. Se'ifuu Waarituu, Miseensa Garee Inispekshinii, MMWO, Mudde 5, 2002 ALI.

  Ob. Jamaal Kadir, Miseensa Garee Inispekshinii, MMWO, Mudde 5, 2002 ALI.
- Ob Rattaa Baacaa, Pirezidaantii, Mana Murtii Aanaa Adaamaa, Sadaasa 23, 2002 ALI.
- Ob. Toleera Yaadeeraa, A/seeraa, Mana Murtii Aanaa Adaamaa, Sadaasa 23, 2002 A.L.I
- Ob. Aagaa Goobanaa, A/seeraa, Mana Murtii Aanaa Adaamaa, Sadaasa 23, 2002 ALI
- Ad. Lalisee Dassaaleny, Pirezidaantii, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Addaa Adaamaa, Sadaasa 23, 2002 ALI.
- Ob. Saamu'el Kabbaraa, Pirezidaantii, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa, Sadaasa 25, 2002 ALI.
- Ob. Magira Miidhagsoo, A/seeraa, Mana Murtii Aanaa Boosattii, Sadaasa 25, 2002 ALI
- Ob. Waaggaarii Dagaagoo, A/seeraa, Mana Murtii Aanaa Boosaat Sadaasa 25, 2002 A.L.I
- Ob. Mohaammad Jimaa, Pirezidaantii, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Lixaa, Mudde 6, 2001.A.L.I.
- Ob. Shuuraa Bakaraa, A/seeraa, Mana Murtii Ol'aanaa godina Shawaa Bahaa, Sadaasa 25, 2002 A.L.I
- Ob. Alamayyoo Fayyisaa, A/seeraa, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa, Sadaasa 25, 2002 A.L.I.

- Ob. Biruu Raggaasaa, A/seeraa, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa, Sadaasa 25, 2002 A.L.I.
- Ob., Baqqalaa Alamuu, A/seeraa, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa, Sadaasa, 25, 2002 A.L.I.
- Ob. Biraanuu Bayyanaa, A/seeraa, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa, Sadaasa, 25, 2002 A.L.I.
- Ob. Biraanuu Takiluu, A/seeraa, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa, Sadaasa, 25, 2002 A.L.I.
- Ob. Yuusuf Se'id, A/seeraa, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Shawaa Bahaa, Sadaasa, 25, 2002 A.L.I.
- Ob. Suleeymaan Amaan, A/seeraa, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Asallaa, Sadaasa 24, 2002 A.L.I.
- Ob. Awwal Ahimmad, A/seeraa, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Asallaa, Sadaasa 24, 2002 A.L.I.
- Ob. Taarikuu Addunyaa, A/seeraa, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Asallaa, Sadaasa 24, 2002 A.L.I.
- Ob. Huseen Usumaan, Pirezidaantii, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Asallaa, Sadaasa 23, 2002 ALI.
- Ob. Gizaawu Baqqalaa, Pirezidaantii, Mana Murtii,Aanaa Xiyyoo, Sadaasa 24, 2002 A.L.I.
- Ob. Mallasaa Hayilee, A/seeraa, Mana Murtii Aanaa Xiyyoo, Sadaasa 13, 2002 ALI.
- Ob. Kadir Abdoo, A/seeraa, Mana Murtii Aanaa Xiyyoo, Sadaasa 23, 2002 ALI.
- Ob. Humar Mohaammad, A/seeraa, Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Asallaa, Sadaasa 23, 2002 ALI
- Ob. Namoo Joogaa, Pirezidaantii, Mana Murtii Aanaa Heexosaa, Sadaasa 24, 2002 ALI.
- Ob. Kadir Abdulaaxif, A/seeraa, Mana Murtii Aanaa Heexosaa, Sadaasa 24, 2002 ALI.
- Ob. Fayyisaa Abbashuu, A/seeraa, Mana Murtii Aanaa Heexosaa, Sadaasa 24, 2002 ALI.

Miiltoo 2: Gaaffiiwwan Marii

1. Madaallii hojii abbootii seeraa mana murtii keenya keessatti diriirsuun hangam barbaachisaa akka ta'e irratti mari'adhaa,

2. Madaalliin hojii abbootii seeraa bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa wajjiin attamitti ilaaltu?

3. Hirinni dandeettii abbaa seeraa tarkaanfii hanga hojiirraa geggeessuu kan fudhachiisudha. Ulaagaaleen hir'ina dandeettii "safaruu" danda'an maalfaa akka ta'an irratti mari'adhaa.

4. Madaalliin hojii abbaa seeraa

    a) Akkaataa itti geggeeffamuu danda'u,

    b) Eenyuun geggeeffamuu akka qabu,

    c) Ulaagaalee maaliin geggeeffamuu,

    d) Mala akkamiin geggeeffamuu akka qabu irratti mari'adhaa,

Miiltoo 1: Gaaffiiwwan Afaanii

1. Madaalliin hojii abbootii seeraa fi naamusi abbaa seerummaa haala kamiin walitti hidhamuu danda'a?
2. Madaalliin hojii abbootii seeraa bilisummaa fi itti gaafatamummaa abbootii seeraa wajjiin attamitti ilaalama?
3. Qaamni madaallii abbootii seeraa madaaluuf itti gaafatamummaa fudhachuu qabu eenyu ta'uu qaba?

   Fkn:- - Gumii bulchiinsa abbootii seeraa,

   - Garee inispekshinii,
   - Qaama biraa seeraan hundaa'u,

4. Abbootii seeraa madaaluu keessatti qaamotni qooda fudhachuu qaban eenyuufaa ta'uu qabu?

   Fkn:- - Abbootii alangaa,

   - Abukaattoota,
   - Abbootii dhimmaa,
   - Hojjettoota mana murtii

5. Abbootiin seeraa ofiin of yoo madaalanmadaalliin hojii abbootii seeraa hangam bu'a qabeessa ta'a jettu?
6. Malawwan madaalliin hojii abbootii seeraa itti geggeeffamuu danda'u maalfaa ta'uu qaba?

   - Dhaddacha ilaaluu,
   - Gaaffii barreeffamaa raabsuu,
   - Mani garee geggeessuu,
   - Gaaffii afaanii geggeessuu,
   - Uddu duuba deebanii galmee ilaaluu,

7. Abbaan seeraa tokko ulaagaalee attamiin madaalamuu qaba jettu? Ulaagaa isa kamiif qabxiin guddaa utuu kennamee gaarii ta'a jettuu?
8. Dandeettiin seera hiikuu abbaa seeraa tokkoo attamiin ibsamuu danda'a?
9. Dhuma irratti, qaphxii ka'uu qabu garuu kan hin kaane yoo jiraate akka ka'u affeeruu

Lakk.	*Bakka Deemamu*	*Baay'ina Gaaffii Afaanii fi /Ykn Marii Garee Geggeeffamu*	*Guyyaa Itti Adeemsifamu*
1.	**Arsii Asallaa**	MM Ol'aanaa • 3 I (Mis.G) • 1 I (A/S) • 1 MG (A/S)	**22/03/2002-28/03/2002**
		MM Aanaa Xiyyoo • 1 I (Pir.) • 2 I (A/S)	
		MM Aanaa Itayyaa, • 1 I (Pir.) • 2 I (A/S)	
2.	**Shawaa Bahaa**	MM Ol'aanaa • 3 I (Mis.G) • 1 I (A/S) • 1 MG (A/S)	**29/03/2002-05/04/2002**
		MM Aanaa Adaamaa • 1 I (Pir.) • 2 I (A/S)	
		MM Aanaa Boosatti • 1 I (Pir.) • 2 I (A/S)	
3.	**Shawaa Lixaa**	MM Ol'aanaa • 3 I (Mis.G) • 1 I (A/S) • 1 MG (A/S)	**06/04/2002-12/04/2002**
		MM Aannaa Amboo • 1 I (Pir.) • 2 I (A/S)	
		MM Aanaa _____ • 1 I (Pir.) • 2 I (A/S)	
4.	**Wallagga Bahaa**	MM Ol'aanaa • 3 I (Mis.G) • 1 I (A/S) • 1 MG (A/S)	**13/04/2002-19/04/2002**
		MM Aanaa _____ • 1 I (Pir.) • 2 I (A/S)	
		MM Aanaa _____ • 1 I (Pir.) • 2 I (A/S)	
5.	**Finfinnee**	MM Waliigala Oromiyaa • 3 I (Mis.G) • 1 Gar. Inispek	**20/04/2002-21/04/2002**

Ibsa

- I = Interview
- Mis. G= Miseensota Gumii
- MG = Marii Garee
- Pir = Pirezidaantii
- A/S = Abbaa Seeraa

Miiltoo 3: Wixinee Cuunfaa Sirna Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Seeraa Agarsiisu

1. Ulaagaalee Madaallii Galmee Ilaaluun Walqabatan			
Ulaagaa	**Mala odeeffannoon itti guuramu**	**Namoota madaalan**	**Madda odeeffannoo**
1.1. Hojii Abbaa Seerummaa Irratti Ejjennoo Cimaa Qabaachuu fi Alloogummaa Hojjechuu			
1.1.1. Gochaawwan farra fayyaalummaa irraa fagaachuu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Fayyadamtoota, - Abbootii seeraa waliin hojjetan - Hoogganaa dhihoo.
1.1.2. Gartummaa dhuunfaa irraa bilisa ta'uu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Fayyadamtoota - Abbootii seeraa waliin hojjetan - Hojjettoota mana murtii biroo dhiheenyaan waliin hojjetan.
1.1.3. Maalummaa gareewwanii irratti osoo hin hundaa'iin seeraa fi ijoo dubbii qofa irratti hundaa'uun murtii kennuu danda'uu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Fayyadamtoota - Abbootii seeraa waliin hojjetan - Hojjettoota M/ Murtii biroo dhiheenyaan waliin hojjetan.
1.1.4. Murtii kennuun dura falmiiwwan bitaa fi mirgaan ka'an sirriitti xiinxaluu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Fayyadamtoota - Abbootii seeraa oliyyata dhagahan - Abbootii seeraa waliin hojjetan
1.1.5. Bitaa fi mirgi akka yaada isaanii ibsaniif carraa kennuu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Fayyadamtoota
1.1.6. Dhimmoota ciccimoo ta'an irratti dandeettii murtii dabarsuu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Pirezidaantii - Hoogganaa dhihoo - A/seeraa ol'yyata dhgahan

- Fayyadamtoota yommuu jennu adda dummaan abukaattota, abbootii alangaa, poolisoota, abboottii dhimmaa fi ragoota jechuu keenya

1.2. Beekumsaa fi Hubannoo Seeraa			
1.2.1. Seeroota bu'uuraa irratti	Gaaffii barreeffama	Ogeeyyii seeraa	- Hoogganaa dhihoo - Pirezidaantii - Fayyadamtoota - A/seeraa waliin hojjataniifi A/seeraa ol'iyyata dhagahan
	Dokimantii ilaaluu	Ogeeyyii Seeraa	- Galmeewwan murtaa'an muraasa
1.2.2. Seerota adeemsa falmii irratti	Gaaffii barreeffamaa	Ogeeyyii Seeraa	- Pirezidaantii - Hoogganaa dhihoo - Fayyadamtoota - Abbootii seeraa waliin hojjetanii fi oliyyata dhagahan
	Dokimantii ilaaluu	Ogeeyyii seeraa	- Galmeewwan murtaa'a muraasa
1.2.3. Seeroota ragaa irratti	Gaaffii barreeffamaa	Ogeeyyii Seeraa	- Pirezidaantii - Hoogganaa dhihoo - Fayyadamtoota - Abbootii seeraa waliin hojjetaanii fi ol'iyyataan dhagahan
	Dokimantii ilaaluu	Ogeeyyii seeraa	- Galmeewwan murtaa'an muraasa
1.2.4. Dhimma firii dubbii fi dhimma seeraa adda baasuu danda'uu	Gaaffii barreeffamaa	Ogeeyyii Seeraa	- Pirezidaantii - Hoogganaa dhihoo - Fayyadamtoota - Abbootii seeraa waliin hojjetaanii fi oliyyataan dhagahan
	Dokimantii ilaaluu	Ogeeyyii seeraa	Galmeewwan murtaa'an muraasa

1.2.5. Murtii fudhatama qabu “ilegally sound decision “kennuu danda’uu	Gaaffii barreeffamaa	Ogeeyyii Seeraa	- Pirezidaantii - Hoogganaa dhihoo - Fayyadamtoota - Abbootii seeraa waliin hojjetanii fi oliyyataan dhagahan
	Dokimantii ilaaluu	Ogeeyyii seeraa	Galmeewwan murtaa’an muraasaa
1.3. Dandeettii of Ibsuu fi Ibsa Nama Biraa Hubachuu (Communicative Skill)			
1.3.1. Afaaniin	Dowwii dhaddachaa	Miseensota mana murtii	- Haasaa abbaa seeraa madaalamuu
	Gaaffii barreeffamaa	Ogeeyyii Seeraa	- Hojjettoota mana murtii dhiheenyaan abbaa seeraa madaalamu sana waliin hojjetan - Fayyadamtoota
1.3.2. Barreeffamaan	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Fayyadamtoota - Abbootii seeraa waliin hojjetanii fi oliyyata dhagahan - Hoogganaa dhihoo - Hojjettoota mana murtii dhiheenyaan waliin hojjetan
	Dokimantii ilaaluu	Miseensota mana murtii	- Barreeffama abbaa seeraa sana ilaaluu
1.3.3. Mallattoon	Dowwii dhaddachaa	Miseensota mana murtii	- Abbaa seeraa madaalamu

	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Fayyadamtoota - Abbootii seeraa waliin hojjetan - Hojjettoota mana murtii dhiheenyaan waliin hojjetan
1.3.4. Abbootii seera biroo waliin haalii waliigalteen qajeelchuu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Abbootii seeraa mana murtichaa
1.4. Hojii Abbaa Seerummaa Irratti Ilaalcha Gaarii Qabaachuu (Judicial Temperament)			
1.4..1. Dhimmoota galmeen walqabatanii ka'an keessummeessuuf qophii, xiyyeeffannoo fi to'annoo gochuu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Pirezidaantii - Hoogganaa dhihoo - Abbootii seeraa waliin hojjetaan - Hojjettoota mana murtii walitti dhiheenyaan hojjetan
1.4.2. Haala kabajaa fi ulfina qabuun deddeebi'uu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Fayyadamtoota - Abbootii seeraa waliin hojjetan - Hojjettoota mana murtii biroo dhiheenyaan waliin hojjetan
1.4.3. Namoota gara laafinaan (courtesy) keessummeessuu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Faayadantoota - Abbootii seeraa - Hojjettoota mana murtii walitti dhiheenyaan abbaa seeraa sana waliin hojjetan

1.4.4. Obsa qabaachuu fi of to'achuu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Fayyadamtoota - Abbootii seeraa biroo waliin hojjetan - Hojjettoota biroo mana murtii sana haala itti dhiheenyaa qabuun hojjetan
1.4.5. Haala qabatama gareewwan walfalmanb ifa giddu-galeessa godhateen keessummeessuu danda'uu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Hojjettota mana murtii haala itti dhiheenya qabuun hojjetan - Fayyadamtoota - Abbootii seeraa biroo waliin hojjetan
2. Ulaagaalee Madaallii Itti Gaafatamummaa Bulchiinsaa Bahachuun Walqabata			
2.1. Umurii fi sadarkaa galmeewwan irraa jiran beekuu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Hoogganaa dhihoo
	Dokimantii ilaaluu	Miseensota mana murtii	- Ajandaa abbaa seeraa
2.2. Akkaataa gabatee yeroo mana murtiin qabame keessatti dafanii dhimmootaaf furmaata kennuu danda'uu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Pirezidaantii - Hoogganaa dhihoo - Abbootii seeraa biroo waliin hojjetan
2.3. Mala ADR tti fayyadamuun abbootiin dhimmaa akka dubbii isaanii fixatan affeeruu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Abbootii seeraa waliin hojjetan - Abbootii dhimmaa - Ragoota
2.4. Qajeelfamoota adda addaa manni murtii dabarsu hojiirra oolchuu danda'uu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Pirezidaantii - Hoogganaa dhihoo - Abbootii seeraa biro waliin hojjetan
2.5. Dhaddacha mana murtii haalaan to'achuu danda'uu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Fayyadamtoota - Hojjettoota mana murtii dhiheenyaan abbaa seeraa sana waliin hojjetan - Abbootii seeraa biroo waliin hojjetan
2.6. Humna namaa fi qabeenyaa mana murtii to'annoo isaa jala jiran bulchuu danda'uu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Pirezidaantii sadarkaa tokkoon gararraa jiru - Abbaa adeemsa hojii odiitii, faayinaansii fi raawwii mana murtichaa (auditors)

2.7. Haala bulchiinsaa mijeessuuf kan gargaaru teekinooloojiitti fayyadamuu danda'uu	Dokimantii ilaaluu	Miseensota mana murtii	- Galmee kuusaa dhuunfaa abbaa seeraa madaalamu sanaa
3. Ulaagaalee Madaallii Itti Gaafatamummaa Ogummaa Adda Addaan walqabatan			
3.1. Barnoota abbaa seerummaa fi barnoota seeraa fagoo qophaa'u hordofuu fi keessatti qooda fudhachuu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Pirezidaantii - Hoogganaa dhihoo - Abbootii seeraa biroo waliin hojjetan
3.2. Amantaa uummataa horachuuf tattaaffii manni murtii godhu keessatti qooda fudhannaa taasifamu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Pirezidaantii - Hoogganaa dhihoo - Abbootii seeraa biroo waliin hojjetan
3.3. Seerota haaraa bahan wajjiin yeroo yerootti of haaromsuu danda'uu	Gaaffii barreeffamaa	Miseensota mana murtii	- Abbootii seeraa waliin hojjetan - Hoogganaa dhihoo - Pirezidaantii - fayyadamtoota